


2011

# **Qabsoo Butame**



## **The Hijacked Revolution**

**Madin Siiraaj**

**Waxabajjii, 2011**

## Kitaabicha keessaa kan fudhatame

Obboo Lammaa Magarsaa pirezidaantummaa Mootummaa naannoo Oromiyaa jaalatanii osoo hin taane dirqamanii gad lakkisan. Pirezidaantummaa naannoo Oromiyaa irraa dhiibamuun isaanii seera ittiin bulmaata OPDO/ODP kan falleesse ta'uu irra darbee mirga bulchiinsa naannoo Oromiyaa kan irraa mulqedha. Pirezidaantiin naannoo tokkoo seeraa fi danbii ittiin bulmaataa hordofee karaa lama qofa pirezidaantummaa irraa bu'uu danda'a. Inni tokkoffaa fedhii isaatiin aangoo gad dhiisuun barbaada jedhee xalayaa caffee Oromiyaatti yoo galfate; karaan lammataa ammoo cafeen hojii isaa madaaluun/gamaggamuun pirezidaantichi itti gaafatamummaa isaa sirnaan hin bane yoo ta'ee fi murteen itti fufuu hin qabu jedhu cafeen yoo darbe qofa. Obboo Lammaa Magarsaa fedhii isaaniitiin aangoo gad dhiisuuf xalayaan cafeeef galchan hin jiru. Caffeen Oromiyaas walga'ee hojii isaanii madaalee dadhabbina hojii isaanii irratti agarsiisaniin murtee pirezidaantummaa irraa ka'uu qaba jedhu hin dabarsine. Ji'oota muraasa dura obbo Lammaan aangoo pirezidaantummaa naannoo Oromiyaa gad hin dhiisu jedhanii ololli hamaan irratti geggeeffamee hin milkoofneef.


Muummeen ministeerotaa Dr.Abiyyi Ahimadaktivistii obboo Jawaar Mohaammad biiroo isaanitti waamsisanii “kan booda dargaggoota gaaffii waa'ee siyaasaa of keessaa qabu akka gaafataniif akka hin kakaasne sin gorsa; Sheek Mohaammad Allaammuddii irraa maallaqa akka fudhatte itti qaqqabneerra. Maqaa uummataan maallaqa guurtee jirta.” Jedhaniiniiru.

Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa yeroo jijjiiramichaa san garee Lammaa/Team Lamma/ waan gargaaran fakkaataniitu kan garichatti makaman. Golgaan yoo irraa fuudhamu garuu ergamni isaanii garee Lammaa keessa galuun dadhabsiisanii erga diiganii booda muummee ministeerotaa ta'uu ture. Kanas dursanii Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraay waliin marii'atanii yoo ergama isaaniitti milkaa'an muummee ministeeraa akka ta'an Addi Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraay(ABUT)waadaa galaniifiiru. Carraa isaanii bal'ifachuuf jecha ABUT waliin waan wal lolan fakkeessanii uummata Oromootti dhiyaachuu yaalan. Dhuma irrattis ergamnii fi

abjuun muummicha ministeeraa ta'uu isaanii cimina garee Lammaatiin jalaa gatateera. Yaa'ii OPDO/ODP/ 9ffaa irratti sababa sooramaan kabajaan kan geggeeffaman namni kun amma Dr.Abiyyi Ahmadiin gorsaa addaa pirezidaantiin mootummaa naannoo Oromiyaa ta'uun muudamuun naannoo Oromiyaa harka lafa jalaatiin bulchaa jiru.

2011

# Dabsoo Butame



## The Hijacked Revolution

**Madin Siiraaj**

Waxabajjii, 2011

# Qabsoo Butame

Waxabajjii, 2011 E.C

Madin Siiraajiitiin

**The Hijacked Revolution**

# **Qabsoo Butame**

© Madin Siiraaj Waxabajjii 2011/2019

Mirgi barreessaa seeraan kan eegamedha.

**Maxxansa Iffaa**

Yaada keessan [mudhin\\_dinsho2012@gmail.com](mailto:mudhin_dinsho2012@gmail.com) irratti nuuf erga!



# Baafata

|                                                                                     |      |
|-------------------------------------------------------------------------------------|------|
| Yaadannoo .....                                                                     | VIII |
| Seensa .....                                                                        | IX   |
| QajeelchisootaMasaraa Mootummaa.....                                                | 1    |
| 1. Obboo Alamaayyoo Katamaa .....                                                   | 1    |
| 2. Obboo Birhaanuu Tsaggaayee .....                                                 | 2    |
| 3. Obboo Dammallaash G/Mikaa’el .....                                               | 6    |
| 4. Daaqonii Daani’eel Kibiraat .....                                                | 9    |
| 5. Dr.Birhaanuu Naggaa .....                                                        | 11   |
| 6. Obboo Andargaachoo Tsiggee.....                                                  | 15   |
| Siyaasa Waliin dhahaa Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa .....                             | 18   |
| Ijaarsa Caasaa Nageenyaa.....                                                       | 23   |
| Dhimma Dr.Abiyyi Ahmadii fi obboo Lammaa Magarsaa .....                             | 32   |
| Filannoo Dura Taa’aa ADWUI.....                                                     | 37   |
| Weerara Seeraa Alaa Lafa Laga Xaafuu Laga Dhaadhii Ilaalchisee .....                | 37   |
| Manneen Jireenyaa Waliinii Koyyee Faccee Abbaa Carraatiif Dabarsuu Ilaalchisee..... | 40   |
| Ejjennoowwan Sabboonummaa Oromoo .....                                              | 43   |
| Harka Summaa’aa Giiftii Duree .....                                                 | 44   |
| Obboo Lammaa Magarsaa Gara Federaalaa Kan Deeman Jaalatanii Moo Dirqamaniiti? ..... | 47   |
| Kiyyeessa Kiraa Sassaabdummaa Haaraa .....                                          | 52   |
| Kaameeraa Tikaan Adamsamaa Kan Jiru .....                                           | 61   |
| Raayyaa Feesbuukii .....                                                            | 65   |
| Dhimma hanqina sharafa biyya Alaa.....                                              | 67   |
| Balaa Buqqa’insa Lammiilee .....                                                    | 69   |
| Gaaffii Afaan Oromoon tajaajilamuu?.....                                            | 72   |
| Namichichaa fi Kitaabota Namichichaa .....                                          | 77   |
| Carraa Filannoo bara dhufuu .....                                                   | 79   |
| Shira Oromoo addaan qoqqooduu .....                                                 | 83   |
| Siyaasa Addaan Baasanii Misoomsuu.....                                              | 83   |
| Muudamtoota gaggeessitoota ODP dugda duuba .....                                    | 83   |
| Qoqqoodaminsa Amantaa Irratti Hundaa’e.....                                         | 87   |

|                                                                       |     |
|-----------------------------------------------------------------------|-----|
| Dhiibbaa Uumtota Addaan Baasanii Qabuu .....                          | 88  |
| Gootota Naannoon Adda Baasanii Ajaa'ibsiifachuu .....                 | 90  |
| Shira ABO Kolaasuu.....                                               | 92  |
| Qophii Simannaa ABO Fashaleessuu .....                                | 97  |
| Buqqa'insa Buraayyuu.....                                             | 99  |
| Qoqqooddota ABO Biroo akka Gargaartuutti Fayyadamuu.....              | 100 |
| ABOn Galaasa Dilboon hoogganamu biyya Galuu Hordofee .....            | 100 |
| Saamicha Baankiiwwanii.....                                           | 103 |
| Abbootii Qabeenyaa Saamuu fi Ajjeesuu .....                           | 104 |
| Hooggantoota Beenishaangul Gumuz Ajjeesuu .....                       | 104 |
| Qaamolee Hidhatan.....                                                | 106 |
| Ummattootni Oromoo fi Tigiraay Waliigaluu Qabu .....                  | 106 |
| Waraansa Fuula Ifaa Deeggarame .....                                  | 108 |
| Dhimmi Finfinnee Eessa Gahe?.....                                     | 112 |
| Qabsoon Uummata Oromoo Fi Itoophiyaa Itti Aanu Maal Ta'uu Qaba? ..... | 115 |
| Qabsoon Uummata Oromoo Eessaa ka'ee Garam Deemaa Jira? .....          | 119 |
| Qormaatota Qabsoo Bilisummaa Oromoo Kaleessawwanii.....               | 120 |
| Diinotni Qabsoo Bilisummaa Oromoo Eenyu Fa'i? .....                   | 123 |
| Qormaatota qabsoo bilisummaa oromoo har'aa .....                      | 124 |



# Yaadannoo

Yaadannoon isaa waggaa lama sadan darban qabsoo uummataa irratti qabsaa'oota bilisummaa uummata Itoophiyaaf jecha kan wareegaman lammilee jaalatoota biyyaa hundaaf naaf haa oolu.

**Hub:** - Lakkoofsi baraa kitaaba kana keessatti itti dhimma bahame akka kalaandarii Itoophiyaatti ta'uu quba qabaadhaa!

# Seensa

Jaarraa walakkaa darbaniif uummanni Itoophiyaa karaa adda addaan ijaaramuun dhimmoota gurguddaa sadi irratti mootummoota turan irratti gaaffii kaasaa turaniiru. Baroota 1960 keessa gaaffiin ka'aa ture lafti abbaa lafaa fi mirga hojjetanii fayyadamuu kan jedhu irratti kan fuulleffate yoo ta'u gaaffilee sana keessatti waa'een eenyummaa fi dimokiraasii mumul'atuu jalqabe. Mootichis gaaficha karaa bilchina qabuun keessumsiiisuu irra garee murtaa'e qabuu yaaluu fi gaaffii uummata bal'aa tuffachuun deebii barbaachisu kennuu dhiisuun biyyattin humnaan humna waraanaa jala akka galtu ta'e. Mirgi abbaa lafummaas hanga tokko kan deebi'e ta'us gaaffiin eenyummaa fi lammileen lafa isaaniirraa fayyadamoo ta'uu gaaffii bira darbee gara mormiitti ce'uun humnoota sabummaa fi ilaalcha siyaasaan ijaaramaniin bara 1983 mootummaan waraanaan yeroo kufu mootummaan ce'umsaa yeroo dhaabbatu lammileen gaaffiin isaanii akka deebi'uuf abdatanii turan. Yeroo ce'umsaa gad fageenyaa fi bal'inaan osoo irratti hin marii'atamiinii fi waliigaltee irra hin gahiin paartilee tokko tokko immoo dhiibanii baasuun carraan biyya kana geggeessuu ollaantummaa harka ADWUI(ABUT,OPDO,ANDM, SEPDM)tti kufuun mirkanaa'e. ADWUI keessatti ijaaramni hooggantoota dhaabbilee paartii gargaartuu jalqabumarraa warren booji'amanii walitti daddabarsaan wayyaaneef bulan ta'uu dabalatee bakka buuneerra uummata jedhan illee adda baasanii beekuu dhabuu irraa kan ka'e tapha tarsiimoo siyaasaa

wayyaaneen hooftu jala dhaabbachuu dadhabanii biyya kasaaraa guddaaf saaxilaniiru. As keessatti dhimmi irraanfatumuu hin qabne wayyaaneen ADWUI keessatti daba dhoksaa raawwate warra sirna keessatti raawwate malee uummata Tigiraaybakka kan hin bunee fi uummanni naannichaa akkuma uumata biyyattii kamiittuu miidhamoo ta'uu isaanii hubachuun barbaachisaadha. ADWUIIn gaaffii lammiileen biyyattii qabatanii ka'an kanneen akka wal-qixxummaa, fayyadamummaa fi eenyummaa waan deebise fakkeessuun uummata qoqqooduun sirna ukkaamsaa fi saamichaa diriirsuun mootummaa namoonni hundeessan muraasni gara gareetti guddachuun uummata saamsisaa turaniiru. kana kan hubate uummanni Itoophiyaa keessattuu waggootii digdamii saddeettan darban Oromiyaa irratti xiyyeeffachuun haala adda ta'een waan tarsiimoon godhamaa kan ture siyaasaa fi saamicha diinagdee kan hubatan Oromoo fi uummanni naannoo Oromiyaa daangaa hanga daangaatti socho'uun ADWUI gaaffii gaafachuu eegalan. Boodarra miidhamoo kan turan uummanni naannoo Amaaraas qabsichatti makamaniiru. Naannoo uummattoota Kibbaattis Sidaamaan, Walaayittaa fi kan biroos gaaffii naannoo mataa isaanii hundeeffachuu fi dhimma daangaa bulchiinsaa keessa keessa deemaa ture gara mormiitti ce'uu eegale. Ammas naannoo guddattootaa jedhamanii Adda Warraaqsa Bilisummaa Uummattoota Tigiraayiin naannoleen caasaa saamamanii fi achi qabaman kanneen akka Beenishaanglu, Gaambeellaa, Sumaalee fi Affaar kontiroobaandiif (Affaarrii fi Sumaalee) akkasumas maqaa inveestimantiitiin saamicha lafaaf (Beenishaangulii fi

Gaambeellaa) fayyadamuun shirri diinagdee godhamu jiraattota naannoleetti mufii uumeera. Walumaagalatti sababootni armaan olitti heeraman lammiileen mootummaa irratti mufii akka qabaatan waan godheef waggoottan digdamaa oliif Oromiyaa keessatti osoo addaan hin citiin qabsoon fedhii jijjiiramaa akka ka'anii fi paartiin biyya geggeessu akka of qoratu fi jijjiirraa hooggantootaa akka godhu dirqisiiseera. Jijjiiramichi erga dhufee maal maaltu godhame? Dhuguma jijjiiramichi gaaffii uummataa qabatee deema jiraa? Carraan federaalizimii hoo maal ta'a? muummichi ministeeraa daba raawwachaa jiran dirqamaniiti moo itti yaadaniitu? Shirri Caasaa nageenyaa, diinagdee fi siyaasaa keessaa kun garam deema jira? Gaaffiiwwan kanaa fi kana fakkaatan kitaaba kana keessa jiru. Kabajamoo muummichi ministeeraas kitaaba kana arganii akka dubbisanii fi ofii isaanii akka qoratan abdiin qaba. Yeroo dubbisa gaarii!

## **QajeelchisootaMasaraa Mootummaa**

Seenaa Itoophiyaa keessatti bara moototaa,piirezindaantotaas ta'e bara muummicha ministeerota sababa gorsaa jedhuun masaraa mootummaatti namoonni dhuunfaa deddeebi'an biyya keenyatti waan seenaa gaarii ta'es yaraa hojjettame keessatti gaheen isaanii guddaa ta'uun waan hin haalamne. Fakkeenyaaf bara Minilik geggeessitootni mana amantaa kiristaanaa fi abbootiin qabeenyaa shawaa milkaa'ina siyaasaa mootichaaf gahee guddaa bahaniiru. Bara Hayilasillaassees haala walfakkaatuun kan itti fufe yoo ta'u biyyoota dhihaa dabalachuun hayyoota haala addaan ilaalcha siyaasaaqaban kanneen ogummaa lolaa fi ilaalcha warraaksaa qaban mana mootummaa gorsaa turan. Bara ADWUI keessattuu baroota digdamman duraa mana mootummaas ta'e caasaan nageenyaa fi siyaasaa ulaagaa amanamummaan akka geggeeffamu godhameera. Booda bara Muummicha ministeeraa Mallas Zeenaawwii mana mootummaas ta'e hooggansi caasaa nageenyaa hundi malaa fi fooyya'insa kan dhabee ta'uu irra kan darbe kontirobaandistootni dhokatoon caasaa siyaasaa fi diinagdee kallattii barbaadanitti qajeelchuun humna horatanii turan. Har'a hoo masaraan mootummaa muummicha ministeeraa fi aangoon eenyu harka jira?

### **1. Obboo Alamaayyoo Katamaa**

Obboo Alamaayyoo Katamaa abbootii qabeenyaa sabboontotaa fi biyya isaanii jaalatan wayyaaneef dabarsanii kennuudhaan yeroo yartuu keessatti nama ana jedhame ta'uuf gahan. Qabeenya biyyaa saamuun abbaa qabeenyaa fi nama dhiibbaa uumu ta'uun kan gahe amala fakkeessummaa isaatii fi maxxantummaa abbootii aangootiin morkii tokko malee mo'atee daandii asfaaltii Jimmaa-Gaambeellaa hojjetee tajaajila waggaa tokko illee osoo hin guutiin caccabe.

Bakka dhaloota isaa Iluubbaabooriika'uun Teekinikaa fi Ogummaa Baddallee Dabaanaatti kan baratee fi naannoo Gaambeellaatti hojiiwwan ijaarsaa adda durummaan fudhataa turee boodarra Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraay wajjin walii galuun naannoo Affaarii fi Tigiraayitti ijaarsawwan daandilee fi manneenii gurguddoo fudhachuun hojii guddaa hojjechuun adda dureedha. Uummata Oromiyaaf jecha Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraay wajjin waan wal dhaban fakkeessuun maqaa cheekii sobaan seeraan gaafatamuuf jedhuun biyya gad dhiisanii waan baqataniif dhaabbanni isaanii kasaaraa guddaaf saaxilameera. Yeroo jijjiiramaa sana gogaa isaanii jijjiirrachuun qabsaa'aa fakkaachuun dhoksaan dhimma raawwachiisaa masaraa mootummaa ta'uun namoota muudaa fi arii'aa jiru. Abbaa seeraa olaanaa obboo Birhaanuu Tsaggaayee fi dura taa'aa nageenya biyya keessaa obboo Dammallaash G/Mikaa'el waliin ta'uun abbootii qabeenyaa doorsisuun hojii maallaqa walitti qabuu guddaa raawwataa jiru. Karaa seeraan alaa maallaqa sharafa alaa naanna'an qabuun maallaqa guddaa ukkaamsuun baankoota biyya alaaf dabarsu. maallaqni sharafa alaa karaa obboo Dammallaash G/Mikaa'eliin qabame dahoo obboo Birhaanuu Tsaggaayeetiin karaa obboo Alamaayyoo Katamaa baankota biyya alaatti kuufama ykn Ameerikaadhaa manneen ittiin bitamu. Gadi fageenyaan kitaaba kana keessatti gara fuulduraatti kan itti deebinu ta'a.

## **2. Obboo Birhaanuu Tsaggaayee**

Godina shawaa KibbaLixaatti dhalatee kan guddatee fi qabxii seensa dhaabbata barnoota olaano seensisu dhabee sartifikeettiin hojii jalqabee OPDO keessa seenuun dargaggoota Oromoo Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraayiif dabarsee kennuun dararaaf saaxiluun achii booda Yuunivarsiitii Sivil Saarvisii akka galaniif haalli mijateefii qormaata seensa argachuuf akka tulluu Daashin ganda

isaaniitti argamuu yaabbachuu ta'ee itti ulfaate. Hiriya isaani wajjin guddatan obboo Dajanee (abbaa alangaa mana murtii Oromiyaa fi boodarra icciitii na jalaa baasa jechuun itti yaadamee balaa konkolaataan lubbuun isaa akka darbu goosise.)maatirikii qorameefii Yuunivarsiitii Sivil Saarvisii akka galee carraa seera barachuu argatu erga mijeessseefii ture. Booda baha biyya keenyaatti ramadamanii hojii eegalan. Bahatti ramadamanii yeroo hojii hojjetaa turanitti abbootii qabeenyaa waliin wal ta'uun naannessa qarshii seeraan alaa fi daldala seeraan alaa irratti hirmaachuun maallaqa hedduu kuufachuun magaalaa Finfinnee keessatti viillaa(barteen bakka saarbet jedhamee waamamu qoorsilaaf kan kireeffame) fi abbaa gamoowwan riilisteetii(CMC fi Alamganaa) kan ta'ee fi soorressa ta'uu kan danda'an har'a dhaabbata seeraa fi haqaa olaantummaan geggeessuu fi qajeelchaa masaraa mootummaa ta'anii jiru. Akka ilaalcha isaaniitti qarshiin hundaa ol jedhanii Kan amananii fi carraan uummata bakka bu'anii Oromiyaas ta'e Itoophiyaa dantaa isaani miti. Aangoo abbaa alangummaa itti kennametti fayyadamuun abbootii qabeenyaa Tigiraayii fi Oromiyaa irratti xiyyeeffachuun irratti hojjetaa sodaachisuun maallaqa humnaa olii sassaabuun Waashingiten Diizii(Ameerikaa) abbaa manneen mirree ta'ee jira.

Yaa'ii OPDO Jimmaa irrattis aaddee Adaanech Abeebbe wajjin tarsiimoo saamichaa guddaa diriirsuun Oromiyaa hanga federaalaatti namoota fedhan filachiisuu fi hambisuu,yoo barbaadan ammo namoota irratti qindeessuun maqa balleessii irratti hoofsisuun qaana'anii waltajjii dhiisanii akka deeman gochuun itti milkaa'aniiru. Shira isaanitiinis aaddee Xaayibaa Huseenii fi Obboo Umar Huseen koree hojii raawwachiistuu keessaa akka bahan; obboo Mootummaa Maqaasaa,aaddee Dammituu fi obboo Kaffaaloo koree jiddu galeessaa OPDO/ODP/ keessaa akka bahan; obboo Abbabaan ammo koree odiitii keessaa akka bahan godhaniitu. Abbootiin qabeenyaa olaanoon akka rukutaman ergamni kennameefii ulee aangoo isaaniitiin gabbarsuu itti



murtaa'e kafalanii kan oolan abbaa qabeenyaa Bakka Bashannana Soodare fi Yuunivarsiitii Riifti Vaalii obboo Dinguu Dayyaas, abbaa qabeenyaa hoteela Ilillii obboo Gamshuu Bayyanaa fi obboo Alam Tafarraa keessatti argamu. Akkasuma immoo akka ol hin kaanetti kan rukutaman abbaa qabeenyaa Kolleejjii Liidstaar ,LTV fi Mo'aa TV Dr. Gammachiis Dastaa yoo ta'an itti aansuun xiyyeeffannoo keessa kan galfatan abbaa kilabii Kaantirii Dr.Massalaa Hayilee fi ergitoota bunaa birooti. Aaddee Caaltuu Saanii (daarektara olaanaa abbaa taayitaa galiwwan Oromiyaa) fi Dr.Milkeessa Miidhagsaa(hoogganaa biiruu bulchiinsa lafa Oromiyaa) sadarkaa naannootti dhimmicha raawwachiisuuf ergamni kennameeraaf. Obboo Birhaanuun dubartoota qabsaa'ota OPDO keessa turan wajjin kan sagaagalanii fi dubartoota haaraa galanis yaalanii milkaa'eeffira. Kan hin milkoofneefis aangoo irraa buusuun ariisisaniiru. Kanas akka jabeenya isaaniitti yeroo argan odeessuun kanneen biroo jilbeeffachiisuuf itti dhimma bahaniiru. Obboo Birhaanuu Tsaggaayee walitti dhufeenya faayidaan obboo Aaddisuu Qabbaneessaa akka komishinara dhimma baqattootaa ta'an kaadhimuun filachiisaniiru. Dhimmi filatamuu fi filatamummaa namicha kanaa kan jalqabu caasaa haqaa keessatti. Biyya keenyatti haqaa jallisuu fi lammiileen haqa dhabuun akka rakkatan gochuun namni kun ogeesa seeraa walitti dhufeenya dheeraaqabaachuun lammiilee hiyyeessa miidhuun qabeenya horachuu danda'edha. gara taayitaa biiruu dhimma baqattoota dhufuu kan danda'es dura yeroo dhaabbatichi biiruu nageenyaa fi odeeffannoo biyyaalessaa jalatti bulaa ture baajata guddaa kan qabuu fi baqattootaaf jecha gargaarsi guddaa alarraa biiruu godhamuufidha.Maqa baqattoota Sudaan Kibbaa Itoophiyaa naannoo Gaambeellaa jiran kan naannoo miliyoonaatti siqaniin biirichaaf gargaarsa guddaatu godhamaa jira. Obboo Aaddisuu Qabbaneessaa waggoottan sadan darban dura mana murtii olaanaa godina shawaa Kibba bahaatti pirezidaantii yeroo turan aaddee Aster Maammoo wajjin

ta'uun qeerroo naannoo sanatti qabsoo irratti hirmaatan murtee hidhaa waggaa 18-20 akka itti murtaa'u kan godhan dhalattootuma naannoo sanaa turan. Hojii isaa kanatti fayyadamee karaa aaddee Asteer Maammoo pirezidaantii waliigalaa mana murtii naannoo ta'uun muudamuuf qaqqabe. Dabalataanis obboo Aaddisuu Qabbaneessaa daarektara olaanaa biiroo nageenyaa fi odeeffannoo duraa fi isa amma adamsamaa jiru obboo Geetaachoo Asaffaa wajjin dubbachuun Dr. Abiyyi Ahmad, obboo Lammaa Magarsaa fi aangawootni mootummaa naannoo Oromiyaa 300 ta'an biroo akka hidhaman ajaja hidhaa itti baasee ture. Sana booda obboo Lammaa Magarsaa pirezidaantii mootummaa naannoo Oromiyaa ta'uun yeroo filataman obboo Aaddisuu Qabbaneessaa pirezidaantummaa mana murtii olaanaa naannoo Oromiyaa irraa yeroo kaasan obbo Birhaanuu Tsaggaayee ka'uu hin qabu jechuun falmaafii ture. Namichi komishinara dhimma baqattootaa haaraan Kun ajaja obboo Birhaanuu Tsaggaayeetiin walga'ii mirgoota dhala namummaa Jenevaatti geggeeffamu hirmaachuuf deemeera. Sana dura warreen mirga dhala namaa dhiitan waliin shirkuun lammiileen keenya akka dhiitaman, qaamni isaanii akka hir'atu, akka du'anii fi qabeenyi isaanii akka irraa fudhatamu gochaa fi gochisiisaa Kan turan garee namoota muraasaa wajjin ture. Har'as yeroo jijjiiramaatti dhaabbilee haqaa olaantummaan geggeessaa fi dinqeessaa jiru.

Dhaabbata haqaa haaraa geggeessaa Kan jiru Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraay waliin walta'uun abbaa yeroo duraa Kan ture haqa jallisaa namoota turan qofaa osoo hin taane qabeenya biyyaa fi uummataa saamuun gamaisaatiin gahee leencaa kan qabudha. Dhaabbata haqaa har'a olaantummaan geggeessaa Kan jiru obboo Birhaanuu Tsaggaayee akkuma durii har'as waajjira mootummaa keessatti aangoon fooyya'aan kennameefii haqa qarshiin jijjiiraa mana bareedaa biyya alaatii bichisiisaa jira. Abbaa muudama aangoo hedduu

namichi abbaan dabaree Kun Aameekaa Kanaadaadhaa biyyoota dhiyaatti namni soreessa ana jedhe mana keessa jiraatu karaa obboo Dinquu Dayyaasii fi obboo Saamu'eel Taaffasaa bichisiisuu irratti argamu. Bittaaan manneenii Karaa abbaa qabeenyaa Baalanshaay Riilisteetii fi appaartimentii Maryoot obboo Saamu'el Taaffasaatiin akka raawwatamu obboo Dinquu Dayyaas hin beekan. Galii gibiraa baayyee waliin dhahuun Kan himatamuuf ture obboo Saamu'eel Tafarraa akka oolmaa fi dirqamaatti abbaa alangaa waliigalaa obboo Birhaanuu Tsaggaayee fi kantiibaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee itti aanaa kantiibaa Injinar Taakkalaa Uumaaf Ameerikaa fi Kanaadaadhaa manneen jireenyaa biteeraaf. Har'a har'a naannolee biyya keenyaa hundarraa hanga jechuun danda'amutti lammiileen qe'ee isaaniirraa yeroo buqqa'anii fi arii'ataman geggeessitootni gad aanoon ifaan ifatti yeroo gochichatti hirmaatan Obboo Birhaanuun ammo haqa jallisuun faayidaa dhuunfaa isaaniitiif oolchachaa jiru. Namni dhaabbata haqaa olaanaa abbaa alangaa kun muummicha ministeeraa illee gaafachiisuu kan danda'u seera baasuun gargaaruu osoo qabuu dubartoota wajjin bashannanu qabatee Dubaayii hanga Waashingiteen Diisii sababni deddeebi'uuf gaaffii guddaa kaasa. Maarree egaa haqni uummanni eegaa ture dhufaa jiraa? Filannoon itti aanu hoo maal ta'uu danda'a? yeroon ni deebisa.

### **3. Obboo Dammallaash G/Mikaa'el**

Obboo Dammallaash G/Mikaa'el biiroo nageenyaa fi odeeffannoo biyya keessaa hoogganaa olaanaa dhimma nageenyaa ta'uun tajaajilaa jiru. Namni caasaa nageenyaa geggeessaa jiru kun dhalatee kan guddate godina shawaa Lixaa magaalaa Ejereetti yoo ta'u abbaan isa dhalchee fi haati isaa kan wal baran mana Baraanbaraas Baqqalaa Kolboottidha. Abbaan isaanii mana Baraanbaraasitti garba Kan turan yoo ta'u haati isaanii ammo achuma mana Baraanbaraasitti qacaramanii hojjetaa yeroo turanitti obboo Dammallaashii fi dubaroota lama dahaniifiiru. Abbaan

hoogganaa dhimma nageenyaa har'aa obboo G/Mikaa'el loltuu Hayilasillaassee ta'anii loltuu poolisii mootummichaa ta'anii tajaajilaa turan illee ijjoolllee isaanii duudhaa naannichaatiin guddisuuf carraa hin arganne. Dargiin kufee Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraay(ABUT) aangoo biyyattii to'achuu hordofee gara Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraayiitti kan siqan namni ammaa fi dura biiroo nageenyaa fi odeeffannoo hojjetaa turan kun warra wajjin hojjetan akka saba Tigiree ta'an hubachiisuun waggaa digdamii torba hunda hojjetaa turaniiru. Warri isaanii sabaan Tigiree ta'uu baatanillee taayitaa olaanaa fi amanamummaa argachuuf itti fayyadamaniiru. Kana hordofeeergamni Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraayiin isaaniitti kenname jalqaba gara naannoo dhiha Oromiyaa deemuun sochii siyaasaa akka basaasan ture. Obboo Dammallaash gara Wallaga Bahaa fi Wallagga Dhiyaa deemuun achi jiraataa yeroo turanitti dargaggoota lakkoofsaan hedduu , barattoota,abbootii qabeenyaa fi hayyoota hiisasaa fi ficcisiisaa ergama isaaniitti kenname galmaan gahuu isaaniif Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraay irraa amanamummaa argachuu danda'aniiru. Turtii isaanii kutaa biyyattii dhiyaatiin jiraattota naannoo irratti yakki isaan hojjetan itti aansee tuffii fi garajabeessummaa hamaaf jalqabbii ta'eera.

Qabsoo qeerroo Oromoo keessatti maqaan isaanii kan ka'an kanneen akka Injinar Tasfaahuun Camadaa, obboo Kafaaloo fi dargaggootni hedduun biroo obboo Tasfaayee Urgee wajjin ta'uun hidhaa fi gadadoof saaxilamaniiru. Yeroo sana obboo Dammallaash G/Mikaa'el komishinara poolisii naannoo Oromiyaa kan turan yoo ta'u obboo Tasfaayee Urgee ammoo hoogganaa biiroo nageenyaa naannoo Oromiyaa turan. Turtii mana hidhaa keessatti Injinara Tasfaahuun Camadaa yakka suukanneessa dubbachuuf namatti ulfaatuun dararaa turanii dhuma irratti lubbuun isaa manuma hidhaatti darbeera. Obboo

Kaffaaloo ammoo haala sukanneessaan miilli isaanii lamaan irraa citee erga mana hidhaatii bahanii sabquunnamtii hawaasaa adda addaa irrattidhiyaatanii dhiittaa mirga dhala namummaa fi yakka isaan irratti hojjetame tokko tokkoon yeroo himatan miira keessa gallee imimmaan keenya to'achuu dadhabnee nama ta'uu keenya illee jibbaa hordofneerra.

Namootni caasaa nageenyaa mootummaa naannoo Oromiyaa geggeessaa turan kun lameen uummata isaan guddisee barsiise deebisanii maqaa nagaa kabachiisuu fi nageenya jedhuun yakka suukanneessaa ta'e raawwachaa turaniiru. Walitti dhufeenya obboo Dammallaash G/Mikaa'elii fi obboo Tasfaayee Urgee hojiin ala walitti hidhamsa faayidaa fi caasaa nageenyaa qindeessuu mataduree jedhu jalatti tuquu yaaleera. Biiron tajaajiala odeeffannoo fi nageenyaa biyyaalessaa Itoophiyaa keessatti du'aatii, ukkaamsuu fi dararoota raawwatamaniif adda durummaan raawwachiisaa turuu isaanii kan amanan muummeen ministiraa Dr. Abiyyi Ahimadbakka hooggansa biiroo nageenyaa duraa obboo Geetaachoo Asaffaa Jeneraal Adam Mohaammad daarektara olaanaa godhanii yeroo muudan haasaa paarmaalaaf godhaniin raayyaan ittisa biyyaa fi nageenyaa paartii siyaasaa biyya bulchuun adda kan hin baanee fi mootummaaf looguun hojjetaa akka turan ibsuun adeemsi kun akka jijjiiramu waadaa galanii turan. Haata'u malee Dr. Abiyyi Ahmad gara muummee ministiraatti erga dhufanii booda hoogganaa dhimmoota nageenyaa biyya keessaa fi odeeffannoo biyyaalessaa ta'uun isaaniin kan muudaman obboo Dammallaash G/Mikaa'el har'as akkuma durii isaanii dargaggoota, hayyootaa fi abbootii qabeenyaa adamsuu irraa of hin qusanne.

Miseensota poolisii federaalaa fi raayyaa ittisa biyyaa filuun waraana ABO fakkaatanii naannoo Oromiyaa dhihaa fi Gujii qubsisuuni lubbuu qulqullootaa ajjeesisaa dhiittaa mirga dhala namummaa raawwachiisaa kan argaman namni kun har'a hoogganaa nageenyaa biyya keessaa

obboo Dammallaash G/Mikaa'elidha. Sirumayyuu aangoo Jeneraal Adam Mohaammed dhuunfachuun jeneraalichaafis ajajamuu diduun kabajas dhorkachuun namni hoogganaa nageenya biyya keessaa kun of qofaa hoogganaa biiraa nageenyaa fi odeeffannoo gochuun aangoo isaanii seera ala itti fayyadamaa namoota dhuunfaa miidhuuf kiraa sassaabdummaa dheedheeroo fi gurguddaa diriirsuu irratti qabamanii jiru. Har'a har'a biyya keenyatti keessattuu magaalaa guddoo biyya keenyaatti gocha yakkaa ittisuu fi dhaabuun gahee isaanii ta'uyyuu,hoogganaan dhimmoota nageenya biyya keessaa obboo Dammallaash garuu ittigaafatamummaa isaanii cinatti dhiisuun hojiin isaanii guddaa ajaja giiftii duree aaddee Zinnaash Taayyaachoo fi obboo Alamaayyoo Katamaa raawwachuu taasisaniiru. Obboo Dammallaash G/Mikaa'el muummee ministiraa Dr.Abiyyi Ahmad irraa amanamummaa kan argatan, giiftii duree aaddee Zinnaash Taayyaachoof waan ajajamanii fi obboo Birhaanuu Tsaggaayee fi Obboo Alamaayyoo Katamaa wajjin walitti dhufeenya faayidaa waan uumaniif qajeelchisoota mana mootummaa keessaa tokko ta'uu danda'aniiru.

#### **4. Daaqonii Daani'eel Kibiraat**

Daaqonii Daani'eel Kibiraat kan beekkamu kitaabota isaa hedduu irratti dhuudhaalee hawaasummaa fi siyaasaa inni calaqqisiisuuni. Kitaabota isaa keessatti baroota mootolii gonfoo olkaasuun sirna bulchiinsa federaalizimii ammoo ceepha'uun bal'inaan tuttuquu yaaleera. Kanaanis warren sirna mootolii deebisuuf yaalan irraa dinqisiifannaa qofa osoo hin taane beekamtii fi kabaja argachuu danda'eera.



Daaqonii Daani'eel Kibiraat akkuma Dr.Abiyyi Ahmad gara muummee ministiraa dhufaniin qarshii miliyoona soddoma (30,000,000) gumii qulqullootaa mana amantaa kiristaanaa Ortodoksii irraa walitti qabuun kennuu isaatiin hangam dhiibbaa uumuu akka danda'uu fi dandeettii akka qabu muummicha ministeeraaf ragaa baheera. Kanaanis yaada muummicha ministeeraa hatuu waan danda'eef gorsaa ta'ee filamuu danda'eera. Deemsa biyya alaa isaa jalqabaa gara Ameerikaa Kaabaa Dr.Abiyyi Ahimadwajjin godhe kan muummeen ministiraa lammiilee Itoophiyaa jiraattotaa fi dhalattoota naannoo Waashingiteen Diisii waliin godhan irratti sagantaa yeroo geggeessu mormiin nama qaanessu isa quunnamee ture.

Yeroo tokko muummichi ministeeraa gara biyya Faransaay yeroo deemanitti miseensotni dhaabbatawalquunnamtii saala wal fakkaataa /Homo-Sexual/ Itoophiyaa daawwachuu akka barbaadan ibsaniifii Dr.Abiyyi Ahmadiis heyyameefii ture. Icciiitii kana kan beeku koodee fi gorsaa muummicha ministeeraa daaqonii Daani'eel Kibiraat qofa ture. Innis icciiitii kana dabarsee dhaabbilee mana amantaa Ortodoksiif

kennuun dhaabotni kun mormuun miseensotni walquunnamtii saala wal fakkaataa/Homo-Sexual/ kun akka hafan ta'eera.Daaqonii Daani'eel Kibiraat seenaa Itoophiyaa ilaalchisee muummicha ministeeraa gorsuu irratti argamu. Fakkeenyaaf daaqonii Daani'eel Kibiraat pirezidaantiin naannoo Oromiyaa ammaa obboo Shimallis Abdiisaa seenaa Itoophiyaa sirriitti akka beekan Dr.Abiyyi Ahmad gurra buusee ture.


## **5. Dr.Birhaanuu Naggaa**

Dr.Birhaanuu Naggaa fageenya xiqqoo Finfinnee irraa fagaattee kan argamtu magaalaa Bishooftuutti bara 1950 dhalatan. Umriin isaanii 17 yoo guutu Yuunivarsiitii Finfinnee seenanii barnoota sadarkaa olaano barachuu eegalan. Turtii isaanii yuunivarsiitii waggaa jalqabaatiin yeroo sana barattoota turan wajjin ta'uun warraaqsa dimokiraasii fi mirgi dhala namummaa haa kabajamu gaaffii jedhuun ijjoolllee hangafa qabsoo warraaqsa wajjin qabsoo jalqaban. Qabsaa'aa IYAPA ta'anii osoo jiranii paarticha ifatti qeeqaniiru himannaa jedhuun ji'ootaaf hidhamanii boodarra gara Sudaan deeman; sana booda waggaa lama turanii koolu-galtummaa gara biyya argatanii Ameerikaa deeman. Bara 1983 ADWUIn Itoophiyaa yeroo to'atu ADWUI wajjin waliigalee hojjechuuf nama biyya galedha. Dr.Birhaanuu Naggaa barsiisummaa yuunivarsiitiitti dabalataan daldala irratti hirmaachuun warshaa xaa'oo ,hoteelotaa fi dhaabbilee daldalaa biroo qabu.

Filannoo bara 1997 irratti Dr.Birhaanuu Naggaa hirmaannaa olaanaa paartiin isaanii gamtaa tokkummaa fi dimokiraasii godheen teessoo mana maree Bulchiinsa magaalaa Finfinnee 138 keessaa teessoo 137 argachuu danda'aniiru. Bu'aa filannoo kanatti aansee Dr.Birhaanuu Naggaa magaalaa Finfinnee kantiibummaan akka bulchaniif paartiin isaanii muudamee ture. Haata'u malee firii filannoo hin fudhannu jechuun jeequmsa ka'een Dr.Birhaanuu akka hidhamaniif sababa ta'eera. Dr.Birhaanuun kitaaba isaanii “የነጻነትጎህሲቀድ” jedhu mana amala



sirreessaa Qaallittii yeroo turan barreessan. Kitaabichi bara 1998Eakka lakkoofsa habashaatti biyya Ugaandaa magaalaa Kaambaalaatti maxxanfame. Ji'oota 21 kan ta'u hidhaa irra erga turanii booda bara 1999 gara Ameerikaa deebi'aniiru. Guraandhala 16/2001 ADWUIn fonqolcha Ginboot-7 geggeessuuf ture fashaleesseera jechuun beeksise. Kanumaan walqabatee namootni 35 hidhaaf saaxilaman. Baruma sana manni murtii olaanaa Dr. Birhaanuun bakka hin jirretti murtii du'aa itti murteesse. Isaan dabalatee namoota 4 irratti bakka namootni hin argamnetti murtiin du'aa kan murtaa'e yoo ta'u namoonni 33 ammoo hidhaa umrii guutuuf saaxilaman.



Namichi finxaaleyyii sirna tokkee kun Adooleessa 2007 gara Eektiraa deemuun paartii Qabsaa'ota Bilisummaaf /የኢየሱያን/ jedhamu ifaan ifatti makamaniiru. Yeroon gahee namichi gamni kun paartii siyaasaa biroo dabalatee turtii yeroo dheeraa booda phaagumee 4/2010 E.C gara biyyaa deebi'eera. Dr. Birhaanuun kabaja akka malee barbaadu. Kabaja argachuuf ammoo aangoo qabachuu akka karaa filannoo hin qabneetti filataniiru. Aangoo akka malee kan barbaadu hayyuun Ikoonomiksii

kun mootummaa ADWUI keessatti shira aangoo qabachuu si'a sadi yaalee jalaa fashalaa'eera. isaanis kanneen itti aananii jiranidha.

Dr.Birhaanuu Naggaa bara 1993E.C yeroo Addi Warraaqsa Ummattoota Tigraay qoqqoodamuu dhaga'u Finfinnee to'achuuf yaadee; warraaqsa barattoota yuunivarsiitii Finfinnee(AAU) fakkeessuun duuba taa'ee geggeesseera. Kanaanis walqabatee barattootni mooraa kiiloo afur, kiiloo shan, kiiloo ja'aa fi EFB barattoota eebbifamoo malee waggaa tokko tokko barumsa isaanii irraa akka adabaman ta'eera.Magaalaa Finfinneettis saamichi hedduun akka raawwatamu ta'eera. Barattootaa garuu shiricha karaa Dr.Birhaanuu Naggaa akka qindaa'e kan galeef yeroon erga darbee booda.

Bara 1997E.C filannoo bara 1997f paartii Qiniijiiti dhaabuun,obboo Lidatuu Ayyaalee,obboo Badiruu Huseenii fi kanneen kana fakkaatan uummata Finfinnee amansiisanii dargaggootni hedduun isaan amanuun paartii isaanii filateera. Magaalaa Finfinnee qofa irratti darbuun garaa kan isaan hin geenye Dr.Birhaanuu Naggaa dargaggootatti tiirummaan akka dhaga'amu godhanii jeequmsa kaasisan. Obboo Lidatuu Ayyaalo maaliif dargaggoota ficcisiisna jedhanii didanii Paarlaamaa waan seenaniif maqaa Gantuu/ከህደቱ/ itti moggaasanii akka jibbaman irratti duulameera. Dargaggootni Finfinnee hedduus akka du'anii fi hidhaman sababa ta'e. Addi Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraayis Dr.Birhaanuu fa'aa hidhe,shirichis fashalaa'e. boodarras mootummaa dhiifama gaafatee erga bahee booda qabsoo hidhannoo akka filannootti fudhachuun qabsaa'uu eegale.

Inni sadaffaa bara 2010/2011 kan raawwatedha. Dr.Abiyyi Ahimadwaamicha nuuf dhiyeessan fudhannee akka Arbanyooch Ginboot-7tti qabsoo nagaa geggeessuuf dhufneerra jedhanii Finfinnee galan. Finfinnee seenanii turban tokko osoo hin turiin muuxannoo IYAPA irraa horatan kan tooftaa qabsoo magaalaa geggeessuuf

dargaggoota kakaasuun jeequmsa kaasisuun humna Dr.Abiyyi laaffisuun dahoo mootummaa ce'umsaan aangoo qabachuuf shiran. Dr.Birhaanuun shira fonqolcha mootummaa Dr.Abiyyi raawwateen jeneraalota Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigraay dallananii fi geggeessitoota OPDO duraa obboo Lammaa Magarsaatti dallanan akka irratti hirmaatan godheera. Yeoo jalqabanis dargaggoota Shaggar qarshiin bituun jalqabbii walitti bu'insaa deeggartoota Adda Bilisummaa Oromoo akka gufachiisan godhame. Itti aansees walitti bu'insa qeerroo fi dargaggoota Shaggar akka hulaatti fayyadamuun dargaggoota Shaggar qarshiin bituu fi meeshaa lolaa hidhachiisuun uummattootni Gaamoo Buraayyuu jiraatan akka buqqa'an taasisan. Akvistoota qopheessan Taammany Bayyanaan (maallaqa guuruun filatame),dura bu'umsaa fi kakaasuun Teedii Afiroo (Guraagee fakkaachuun filame) fi miidiyaan ISAT/ESAT/ ammoo(farra federaalizimii ta'uusaan filame) ta'uun akka afarsan taasisan. Daandilee Finfinneettis hiriirri guddaa mootummaa Dr.Abiyyi balaaleffatu deemsifame. Baaleenis ta'u Booleen aangoo argadhu malee kan jedhan Dr.Birhaanu Nagga haalayeroof hin beekanmee fi ifa hin taaneenbutamanii akka nama bishaan waraabuu masaraa mootummaatti deddeebi'uu jalqaban. Osoo hin turiinis siyaasa lamummaa Dr.Abiyyi dhaadhessan tarkaanfachiisuuf waan fakkaatu IZEMA(Lamummaan Itoophiyaa Haqa Jaarmiyaaf) kan jedhu kaardii fudhatanii as bahan. Kaardii kanaanis paartota farra federaalizimii sabootaa jaha walitti guuran. Obboo Lidatuu Ayyaaloos dhiitichoon qabsoo dirree paartii isaanii keessaa dallaa alatti baasuun gataniiru. Har'a har'a dhoksaan tarree gorsaa muummicha ministeeraa fi qajeelchaa masara mootummaa keessatti luka tokko galfataniiru. IZEMA paartii muummichi ministeeraa hawwan bakka bu'a ta'innaa? Hawwii ta'ee hafa laata? Dr.Birhaanuunis deddeebi'uu itti fufaniiru. Kan biraa dhugaan beekamuu qabu mormuun kan beekaman gaazexeessitoota ISAT(ESAT) kan ariisise Dr.Birhaanuun ajaja

muummicha ministeeraa irraa fudhateen ta'uu isaati. Maallaqa mootummaan appaartaamaan kireeffameefii muummicha ministeeraa faarsaa kan oolan kan akka gaazexeessaa Sisaay Ageenaa maaliif ESAT irraa hin arii'atamne kan jedhu ibsuu hin barbaachisu.

## **6. Obboo Andargaachoo Tsiggee**

Obboo Andargaachoo Tsiggee Gondaritti dhalatanii Finfinneetti kan guddatan yoo ta'u umrii isaanii dheeraa siyaasa Itoophiyaatti hirmaachuun dabarsaniiru. Lamummaa Ingilizii kan qaban yoo ta'u obboo Andargaachoo Tsiggee si'a tokko abbaa taayitaa mootummaa biyya bulchuu ta'uun si'a biraa ammo paartii mormitootaa geggeessuun biyya keenya Itoophiyaa irraa muuxannoo gadi fagoo argachuu danda'aniiru.



Obboo Andargaachoo Tsiggee yeroo dheeraadhaaf geggeessitoota ADWUI olaanoo keessaa tokko ta'uun geggeessummaa bakka adda addaa irratti ramadamuun tajaajilaniiru. ADWUI faana walii galuu dadhabuun gara biyya Ingiliz deemuun koolugaltummaa siyaasaa gaafachuun achiin booda lammummaan biyyichaa kennameefii achi jiraachuu eegalan. Achii boodas obboo Andargaachoo Tsiggee garee hidhattoota Arbanyooch Ginbaar jedhamutti makamaniiru.

Obboo Andargaachoo Tsiggee biyya Ingiliz taa'anii addicha/Arbanyooch Ginbaar/ yeroo geggeessaa jiranitti miseensota Arbanyooch Ginboot-7 Eertiraa jiran dubbisuuf gara sana osoo deemaa jiranii mootummaa biyya Yamaniin buufata xiyyaaraa Sana'aatti qabamanii mootummaa Itoophiyaaf dabarsamanii kennaman. Biyya Yamaniin mootummaa Itoophiyaaf dabarsamanii erga kennamanii booda yakka biyya ganuun himanni itti banamee hidhaan umriin guutuu itti murtaa'ee waggoota muraasaaf mana amala sirreessaa Qaallittii turan. Osoo hidhaa irra jiranii ADWUI keessatti ce'umsi siyaasaa waan godhameef mummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad gara aangoo muummicha ministeeraatti dhufuu hordofee bilisaan gad dhiifamuu danda'aniiru. Hidhaa irraa erga hiikamanii masaraa mootummaatti deddeebi'uu kan amaleeffatan obboo Andargaachoo Tsiggee paartiin isaanii duraa waan dhaameef/badeef lamummaan isaanis filannoo irratti hirmaachuu waan dhorkuuf kallattiin mormituu mootummaa ykn deeggaraa ta'uu irraa of qusatan. Haata'u malee obboo Andargaachoo Tsiggee gorsaa siyaasaa muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad ta'uu kan danda'an yeroo turtii umrii isaanii siyaasa keessatti dabarsanii fi yeroo ammaatti dandeettii dhiibbaa uumuu isaanii guddisuun qajeelchaa masaraa mootummaa ta'uu danda'aniiru. Yeroo ammaatti heerri mootummaa jijjiiramee federaalizimiin saba irratti hundaa'e jigee sirna tokkee ijaaruu irratti muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad gorsaa kan jiruu fi dhiibbaa uumaa kan jiru qajeelchitoota masaraa

mootummaa keessaa hiriya dhihoo Dr.Birhaanuu Naggaa keessaa tokko obboo Andargaachoo Tsiggeeti.

Artistii Dabbabaa Seefuu fi Dr. Daanyaachoo Asaffaa warren masaraa mootummaatti deddeebi'an waan ta'aniif filannoon dhufu kan deemsifamu yoo ta'e ADWUIf kaka'umsa filannoo ni godhu jedhamee eegama. Seenaa Itoophiyaa ilaalchisee qorannoo guddaa kan godhan piroofeesar Masfin W/Maari'am seenaawwan biyya keenyaa ilaalchisee muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad gorsuu irratti argamu.

Maqaan isaanii kan armaan olitti tuqamanii fi kanneen biroo masaraa mootummaa Arat kiiloo(isaan masaraa mootummaa Minilik jedhu) qajeelchaa jiran wanti isaan irratti walii galan fedhiin tokko jira. Sirna federaalizimii amma jiru gara teessuma lafaan daangessuu yaada keessa galchee fi sirna pirezidaantummaatti jijjiiruudha. Kiraa sassaabdummaa ijaaruu dabalatee muummichi ministeeraas akka hojii irra oolchuuf halkanii fi guyyaa harkisaa jiru. Muummichi ministeeraas kana durumaanuu fedhii isaanii waan ta'eef harkisa namaa jechuu dhiisuu dandeenya. Irra caala akkamitti heera mootummaa jijjiiranii biyyi isaan barbaadan ijaaramti kan jedhu irratti waliin yaalii geggeessaa jiru.

## **Siyaasa Waliin dhahaa Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa**

Naannoo Baaleetti dhalatanii kan guddatan obboo Abbaa Duulaa Gammadaa ijoollummaa isaaniitti loltuu mootummaa Dargiitti kan makaman yoo ta'u dhuma irratti garuu lola Dargii fi Adda Warraaqsa Bilisummaa Ummattoota Tigiraay jidduutti geggeeffame irratti booji'amu danda'aniiru. Itti dabalees sabootni biyya keenyaa gurmaa'uun paartii siyaasaa fi dhaabbilee ijaaruun sirna abbaa hirree mootummaa Dargii ofirraa darbuuf bara qabsaa'an sana, Kaaba biyya keenyaatti booji'amuun ABUT wajjin kan wal baran namni kun loltuu waraana Dargii kan ture deebisee uummata isaa akka waraanuuf booji'amtoota biroo wajjin OPDO akka hundeessan godhaman.

Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa Harargee Baddannoo bakka jedhamutti waraanni ABO dhalattoota saba Amaaraa irratti yakka sanyii duguuggaa raawwateera fiilmii dookumantarii jedhu kan qopheesse inni shiraa filamaa ABUT dha. Waraanni ABO akka waan sanyii duguuggaa saba Amaaraa irratti raawwatee fakkeeffamee dokumantariin barreessummaa fi daarektarummaa Abbaa Duulaan hojjetame kaayyoon isaa lama ture. Inni tokkoffaa OPDOon olitti uummata biratti fudhatamummaa olaanaa kan qabu ABO maqaa balleessuu fi yakkamaa taasisuuf yaadameeti. Kan lammataa ammoo sababa shira hojjetame kanaaf sabni Amaaraa fi Oromoo walii galee tokkummaan akka ABUT irratti hin fincille balaa irra ittisuuf yaadameetu.

Obboo Abbaa Duulaa fiilmii dokumantarii kanatti fayyadamee kaabinee OPDO leenjisa ture. Hojjetootni mootummaas dirqamaan fiilmii dokumatarii sana bitanii akka ilaalan taasifameera. Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa fiilmii dookumantarii qabiyyee walfakkaatu waraanni ABO Arbaguuguutti dhalattoota Amaaraa fixeera jedhu qindeesseera. Dabalaataanis sabootni biroo Oromoo irratti akka qindaa'an kakaasuu fi taasisuuf yaadee ture.

Raayyaa Ittisa biyyaa keessa osoo jiruu faayidaa ABUTf jecha shira kanaa fi kana fakkaatan waan raawwatee amanamummaa isaa agarsiiseef yeroo yartuu keessatti sadarkaa meejar jeneraalummaa argachuu danda'eera.

Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa raayyaa ittisa biyyaa irraa bulchaa OPDO fi mootummaa naannoo Oromiyaa ta'anii baroota hojjetanitti kaabinoota guutuu guutuutti abbaanis ta'e haadhaan Oromoo ta'an maqaa ABO jedhu itti maxxansuun akka hojii irraa arii'aman godheera. Bakka isaaniis faallaa kanaa faayidaa Oromoof dantaa kan hin qabnee fi sabaan Oromoo kan hin taane garuu Afaan Oromoo namoota danda'aniin bakka buufamaniiru. Baroota Abbaa Duulaan hoogganaa OPDO fi pirezidaantii mootummaa naannoo Oromiyaa ta'ee bulche keessatti kaabinee OPDO ta'uun tajaajiluuf ulaagaan murteessaan dhiigaan Oromoo qulqulluu ta'uu dhabuu fi sabboonaa ta'uu dhiisuu ture. Ulaagaa sanaatiin dargaggootni inni yeroo sana filate ammas haalli walfakkaatu waan uumameef koree jiddu galeessaa fi hojii raawwachiistuu OPDO/ODP dhuunfachaa jiru. Har'as akkuma durii bara Abbaa Duulaa hoogganaa OPDO ture sanii bara Dr.Abiyyi Ahmadis dhiigaan Oromoo qulqulluu fi sabboonaa jedhamanii kan itti amanan itti gaafatamummaa olaanaa OPDO(ODP) irraa dhiibamaa jiru.

Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa pirezidaantii mootummaa naannoo Oromiyaa ta'ee geggeessuuf yeroo dhufetti,'saba Oromoo wajjin araaramuu fi kiisuufan dhufe' jedhee ilkaaniin kolfaa siyaasa Oromoo waan ceesisu fakkaatee eenyummaa Oromoo dadhabsiisuu irratti hojjeteera. Namichi fakkeessituun hojii raawwachiistuu ABUT kun OPDO fi ABUT biratti kan ittiin beekamu 'Saba Oromoof misooma malee eenyummaan hin barbaachisu' ejjennoo jedhuuni. Maqaa misooma jedhuunis hanga ammaatti qabeenya uummataa fi mootummaa kan ittiin saamu sirna kiraa sassaabdummaa diriirsuu danda'eera.



Waggaa tokko dura gareen Lammaa sirna abbaa hirree ABUT ofirraa buusuuf gara hojiitti yeroo galan Abbaa Duulaan Afa-yaa'ii bakka buutota uummataa turan. Sana boodas sababa hin beekamneen bakka itti gaafatamummaa sana gad dhiisanii gara Oromiyaa deemuuf jecha xalayaa hojii gad dhiisuu galfatanii ture. Itti aansees gara Oromiyaa deemuun maaliif barbaachise jedhamanii gaafatamanii ,’uummanni koo buqqa’ee osoo jiruu federaala irraa maalan hojjedha,yeroo qormaataa kanatti gara naannootti deemee uummata koo tajaajiluun barbaada’ jechuun deebii madaala hin kaasne kennuu isaanii waan beeknudha. Kaayyoon isaa jalqabaa ABUT wajjin waan walitti dallanan fakkaatee uummata Oromoo biraa fudhatamummaa argachuu ture.

Obboo Abbaa Duulaa Gammadaan deemsa jijjiiramichaa keessatti garee Lammaa waan gargaaru fakkaatee miseensota garichaatti dabalame. Haata’u malee golgaan yoo irraa fuudhamu dhoksaan isaa waan biraati. Ergamni Abbaa Duulaa inni jalqabaa garee Lammaa keessa galuun dadhabsiisuun bittimsee muummicha ministeeraa ta’uu ture. Kanas dursee ABUT waliin kan marii’ate Abbaa Duulaan,ergama isaa yoo raawwate muummicha ministeeraa akka ta’u ABUT waadaa galaniifii ture. Carraa isaa bal’ifachuuf jecha ABUTtitti waan dallane fakkaatee uummata Oromootti makamuu kan yaale. Dhuma irratti garuu abjuun muummicha ministeeraa ta’uu cimina garee Lammaatiin jalaa gatateera.

Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa qabsoo uummata Oromoo fi siyaasaa isaaniif tuffii guddaa akka qabu yeroo baay’ee agarsiiseera. Yeroo dhihoo ji’a tokko dura kaabinoota OPDO(ODP) godinootaa fi bulchiinsa magaalotaa irraa walitti babba’aniif magaalaa Adaamaa fi Jimmaatti obboo Leencoo Lataa fi Obboo Leencoo Baatii wajjin ta’uun leenjii kennaafii yeroo turanitti kaabinoonni OPDO irra ABOn eenyummaa uummata Oromoo irratti gahee guddaa taphateera yaada jedhu kaasanii,kanaan kan mufate obboo Abbaa Duulaan Leencoo lamaan of

cinaa kaa'ee “Nutu akka ABO gargaarsa qamadii moqaadishootiin hin ijaaramne” jechuun deebii kenneera. Kun seenaa qabsoo uummata Oromoo xureessuuti.

Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa yakka ajjeechaa fi dhiittaa mirga dhala namummaa waggoottan 27 darban raawwataman hanga muummichi ministeeraa duraa Mallas Zeenaawwii beekan beeku. Muummichi ministeeraa duraa Mallas Zeenaawwii geggeessitoota OPDO hundarra caalchisee kan amanu Obboo Abbaa Duulaa qofa. Ajjeechaa Daraaraa Kafanii fi loltuuwwan Oromoo bebbeekkamoo artisti Eebbisaa Adunyaa dabalatee opireeshinii ajjeechaa kan geggeesse Abbaa Duulaa Gammadaati. Qabsaa'ota OPDO durii kanneen akka obboo Hasan Alii fi aaddee Almaaz Makoon kan ariisise mataa isaa Abbaa Duulaati. Duula dahoo ABO qulqulleessuu jedhuun Wallaggaa, Harargee, Amboo, Jimmaa fi naannoo Oromiyaa birootti namoota ciccimoo hedduu daldaltoota, hayyootaa fi artistoota dabalatee ajjeesiseera. Raayyaa ittisa biyyaa keessattis baroota hooggansummaan tajaajiletti maqaa oftuultummaa fi ABO jedhuun loltoota Amaaraa fi Oromoo ta'an irratti yakka raawwateera. Egaa Abbaa Duulaan yakka kana hunda raawwatanii osoo jiraanii silaa akkuma obboo Barakat Simoon himatamanii mana hidhaa galuu osoo qabanii magaalaa Fiicheetti siidaa yaadannoo Jeneraal Taaddasaa Birruuf ijaarame irratti muummee ministiraa Dr. Abiyyi Ahmadiin jagna jedhamaniiru faarfamaniiru. Dhaabbata misooma Oromiyaa walitti qabaa ta'ee geggeessa kan jiru namichi farra qabsoo Oromookun har'as maallaqa uummataa maqaa misooma jedhuun saamuu itti fufeera.

Uummatootni keenya sirna saamichaa fi ukkaamsaa wayyaanee yeroo dhumaaf ofirraa darbachuun gatuun xiiqiin qabsoo yeroo geggeessaa turanitti, namichi abbaan shiraa kun ABUTn waan fayyaduu fi qabsoo uummata of duuba deebisu mala tokko malee ture. Innis biyya alaa

taa'anii aktivistoota qabsoo dargaggoota Oromoo geggeessan bakka isaan jiran deemanii argachuun humna qarshiin waliigaluu ture. Akka karoorichaattis waggaa sadan darban qabsoo qeerroo adda durummaan kan geggeessaa fi qindeessaa ture Jawaar Mohaammad waan ta'eef bakka inni jiru Minisootaa deemanii erga dubbisanii booda innimmoo dargaggootaan isin jajjabeessina jedhee odeeffannoo qeerroo erga irraa guuree booda qabsoo uummataa gatachiisuuf jecha gara biyyaa deebi'ee namoota isa wajjin walitti dhufeenya qaban akka hiisisuu fi ajjeesisu ture. Yeroo sanaa kaasee Jawaar Mohaammad kiyyoo isaa keessa galfachuu kan eegale namni buleessi siyaasaa uummata Oromoo ficcisiise kun ji'oota dura irra deebiin dargaggeessa dhiibbaa uumu kana jilbeeffachiisuuf jecha Hong Kong hordofee dhaquun walitti hidhamsa soddummaa ofii qopheessee fi firummaa isaanii irratti waliigaluu yaaleera. Namichichi qabsoo fi eenyummaa uummata Oromoo of duuba deebisuuf dhagaan hin garagalchinee fi boolli hin qotne hin jiru. Yeroo riifoormii sana Abbaa Duulaa Gammadaa fi koodee isaanii addaa aaddee Asteer Maammoo karaa muummicha ministeeraa Dr. Abiyyi Ahmad gara bakkoota hooggantummaa OPDO/ODP/ akka deebi'an taasifameera. Yeroo maastar pilaanii Finfinnee sana qeerroon Oromoo daangaa hanga daangaatti tokkummaan yeroo bahee mormu hooggantootni OPDO duraa yeroo sana poolisii fi raayyaa ittisaatti ajaja kennanii ficcisiisan kan akka itti gaafatamaa dhaaba OPDO obboo Bakar Shaalee fi muudamtootni biroo aangoo deebi'uuf qophiirra jiru.

Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa har'as muummicha ministeeraa Dr. Abiyyi Ahmadiin itti aanaa pirezidaantii mootummaa naannoo Oromiyaa obboo Shimallis Abdiisaaf gorsaa addaa ta'anii ramadamaniiru. Taayitaa kennuu fi taayitaa irraa buusuun fedhii fi ajaja isaatiin ta'aa jira. Kenninsa taayitaa kanaanis pirezidaantiin mootummaa naannoo Oromiyaa osoo jiruu caasaa kiraa sassaabduummaa kaabinee duraatti lubbuu horaa jira. Obboo Abbaa Duulaa Gammadaa Caamsaa

8,2010 yaa'ii 9ffaa ODP magaalaa Jimmaatti deemsifame irratti qabsaa'ota hiriyoota isaa biroo waliin kabajaan soorama erga bahee booda deebi'ee harka lafa jalaan Oromiyaa bulchuu irratti argama.

## **Ijaarsa Caasaa Nageenyaa**

Ciminni nageenyaa fi nagaa eegsisuu biyyaa kan ittiin madaalamu cimina caasaa nageenyaa muuxannoo fi beekumsa jiddu galeeffatee caaseffameeni. Ijaarsi Caasaa nageenyaa mootummaa kan caaseffamu saayinsii mataa isaa qaba. Ijaarsi caasaa nageenyaa biyya tokkoo birmadummaa fi nageenya akkasumas guddina biyyaaf gahee guddaa taphata. Qorattootni caasaa nagaa fi nageenyaa(peace and security) mootummoonni caasaa nagaa fi nageenyaa loogii siyaasaa fi walitti hidhamsa faayidaa irraa karaa bilisa ta'een ijaaruu qabu jedhanii gorsu. Itti dabalaniis ijaarsi caasaa nageenyaa loogii siyaasaa fi faayidaa irraa hin qulqulloofne itti fayyadama abbootii siyaasaa fi yakkamtootaaf ta'uun biyya balaa irra buusuu akka danda'u ibsuun dhimmoota dabalataa kanaan walqabatan tarreessu. Caasaa nageenyaa kan jedhamu sadarkaa adda addaatiin kan jiran raayyaa ittisaa, poolisii, dhaabbilee nageenyaa fi odeeffannoo fi kanneen biroo ergama walfakkaataa qaban dabalata. Biyya keenyattis raayyaa ittisa biyyaa Itoophiyaa, komishinii poolisii federaalaa, komishinii poolisii magaalaa Finfinnee, komishinoota poolisii naannolee, biroo caasaa nageenyaa naannolee, biroo odeeffannoo fi nageenyaa fi dhaabbileen biroo walfakkaatan caasaa nageenyaa jalatti walitti qabamu. Waggaa tokko dura akka har'aa ABUT dhiibamtee osoo hin baqatiin dura ijaarsa caasaa nageenyaa ture hundi keenya iyyuu dhugaa beeknudha. Yeroo sana ijaarsi caasaa nageenyaa fi caaseffamni ture siyaasa ADWUI fi faayidaa abbootii taayitaa ADWUI haala guutuu danda'uun ijaaramuu irra taree loogii faayidaa siyaasaa ABUT fi fedhii abbootii taayitaa ABUT kan dursu ture. Muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad dura caasaan nageenyaa ture

olaantummaa ABUTn geggeeffamuutti dabalataan sochiin caasaa nageenyaa tokko tokkoon siyaasa ABUT fi faayidaaf fedhii isaanii karaa kabachiisuu danda'uun hojjetaa jiraachuu hordoffiin irratti godhamaa ture. Caasaan nageenyaa waggaa tokko dura ture kun dargaggoota abdii biyyaa meeqa akka karaatti hanbisee, umrii fi lubbuu lammiilee meeqaa akka gabaabsee, abbootii fi haadholii meeqa akka boossisee, qabeenya dafqaan buloota meeqaa akka irraa fudhate uummanni Itoophiyaa hundi ragaadha. Manni hidhaa ykn manni amala sirreessaa Afaan Oromoo kan ta'e bara hooggansa caasaa nageenyaa ABUT dha. Caasaan nagaa fi nageenyaa lammiilee qulqulluu irratti ajjeechaa raawwachaa kan ture raayyaa ittisaa, abbaa alangaa, manneen murtii, poolisii federaalaa, poolisoota naannolee fi biiroo odeeffannoo fi nageenyaa dabalatee walta'insani. Qaamoleen nagaa fi nageenyaa kunniin hojii isaanii gamtaan hojjetaa turan. Ofii isaanii kabachiistota nagaa fi nageenyaa ta'anii osoo jiranii lammiilee qulqulluu irratti yakka raawwataa kan turan gamtaadhaani. Ajjeessaa, gudeedaa, reebaa, saamaa fi murtee murteessaa Kan turan walumaani. Manneen amala sirreessaa Qaallittiitti, Qilinxootti, Maakalaawwiitti, Ziwaayittii fi manneen hidhaa dhoksaatti lammiilee kuma dhibbootaan lakkaa'aman qaamaa fi lubbuu jarajabummaa fi haala suukanneessaa ta'een dhiphisaa kan turan qaamotuma caasaa nageenyaa mootummaa kanadha. Bakka mana amantaa kabajame illee seenuun Masgiida keessatti amantoota irratti boombii dhoosaa kan turan qaamuma nageenyaa kanadha. Kabajamtoota abbootii amantaa ortodoksii ukkaamsuun mana hidhaatti dararaa kan turan isaanuma turan. Miseensotaa fi geggeessitoota amantaa waaqeffannaa fi pirotestaantii ABO dha isin jechuun nagaa dhorkatanii dhiphisaa kan turan lubbuu balleessitoota qaamolee caasaa nageenyaa adda addaa irraa walitti babba'an turan. Bineensummaan isaanii meeqatu himamee danda'ama.

As keessatti beekamuu kan qabu gocha suukanneessaa garajabeessummaan guutame kana hammam illee ABUT olaantummaan geggeessaa haa turtu malee raawwachiistotni biroo garuu OPDO,ANDM,SEPDM fi kutaa hawaasaa garaagaraa irraa kan walitti babba'an garuu ammo namoota dhuunfaa faayidaan walitti hidhinsa qaban turan. ABUT OromooOromoon, Amaaraa Amaaraan,Sumaalee Sumaaleen ajjeesisaa tureera. Fakkeenyaaf bahaa Amboo abbaa artistii Abbabach Daraaraa obboo Daraaraa Kafanii fi artistii jaalatamaa Eebbisaa Adunyaa akka ajjeefaman murtoo kan irratti dabarse obboo Abbaa Duulaa Gammadaa ture.Falmaa mirga namummaa kan ture itti aanaa pirezidaantii mootummaa naannoo Sumaalee ammaa obboo Musxafaa obboleessi isaanii kan itti du'ee fi obbolloonni isaa dubaraa kan gudeedaman pirezidaantii naannoo Sumaalee duraa obboo Mohaammad Umar(Abdii Illee) dhaani.

Ammahoo? Xiyyeeffannaan kiyya jalqabaa mootummaan ammaa jiru ijaarsi caasaa humna nageenyaa, caaseffamnii fi qabinsi isaa maal fakkaata kan jedhu ibsuudha. Waggaa tokko dura OPDO fi ANDMgamtaa Team Lemma fi OROMARA filoosoofii taphaa jedhuun ABUT dhiibanii Dr.Abiyyi Ahmadiin muummicha ministeeraan erga gahanii booda humni nageenyaa dura ture diigamee haaraan akka ijaarame uummanni ni hubata.Dogoggorri egaa iddoo kanatti. Dura armaan olitti kanan tuqe lakkoofsi isaanii kan hin beekamne yakkitootni biroon miseensa humna nageenyaa keessatti yakka raawwataa turan hin arii'atamne. Kanaafuu caasaan nageenyaa mootummaa Dr.Abiyyi Ahmad gonkumaa haaraadha jechuun hin danda'amu. Tokko tokko qofti yeroo hidhaman taajjabneerra.

Gaaffiin maalii fi akkamitti muraasni qofti adda bahanii hidhamaniidha? Durumayyuu miseensota caasaa nageenyaa waliin bukeessaa kan turan akkamitti muudaman? Deebiin isaa ulfaataa miti. Amma namootni

Dr.Abiyyiin caasaa nageenyaa irratti muudaman dursanii akka ABUT dadhabdee fi akka hin deebine baranii kanneen biroo saaxiluun namicha cina kan dhaabbatanidha. Obboo Tasfaayee Urgee (hiriira deeggarsaa waxabajjii 16 muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmadiif Dirree Masqalaatti waamame irratti adda durummaan dho'insa boombii kan qindeessee fi biroo odeeffannoo biyyoolessaa fi nageenyaatti daarekteera farra shororkeessummaa ture) fi obboo Yaared Zarihuun (komishinara komishinii poolisii federaalaa fi biroo odeeffannoo biyyaalessaa fi nageenyaatti itti aanaa daarektaraa ture) fa'aa dursee kan saaxile ofii isaaniis walumaan ajjeesaa fi hidhaa kan turan hojjettoota waajira tokkoo fi hiriya isaani dhihoo turan.

Amma hooggantummaan biroo odeeffannoo biyyaalessaa fi nageenyaa kan geggeessaa jiru obboo Dammallaash G/Mikaa'el jedhamu. Jeneraal Adam Mohammad maqumaaf achi taa'an. Obboo Dammallaash G/Mikaa'el itti aanaa daarektara biroo odeeffannoo biyyaalessaa fi nageenyaa akkasumas hoogganaa dhimma nageenya biyya keessaati. Obboo Dammallaash taayitaa kanaaf kan gahan hiriyoota mana baandaa isaani dabarsanii kennuuni. Obboo Dammallaash G/Mikaa'el, obboo Tasfaayee Urgee fi obboo Yaared Zarihuun hiriyummaarra darbee walitti dhufeenya faayidaa irratti hundaa'e illee qabu. Iccitii walii isaaniis ni beeku. Tokko aangoo isaa fayyadamee qabeenya saame eessa akka kaa'e ni beeku. Waliinis hatanii hirachaa bahan.

Obboo Tasfaayee Urgee fi Obboo Yaared Zarihuun lamaan isaaniyyuu yeroo fuudhan miinzeen tokkoffaa isaan lachuu caasaa nageenyaa biyyaa ammaa obboo Dammallaash G/Mikaa'el ture. Amma garuu isaan hidhamtoota inni ammoo hiisisaa ta'ee itti fufeera.

Kun biiroon odeeffannoo biyyaalessaa fi nageenyaa waajira bara bulchiinsa ABUT wajjin walfakkeenya qabaachuu kan agarsiisudha. Hiisistoota duuba turanitu fuulduratti darbe malee waajira sana keessa

namni haaraan hin jiru. Amma gara fuulduraatti kan dhufan darartootni duraa fi ammaa kun amanamummaa siyaasaa fi tajaajila kiyya naaf eegu jedhee muummeen ministiraa Dr.Abiyyi Ahmad waan itti amaneef qofa. Waajirri ammaa biiroo odeeffanno biyyaalessaa fi nageenyaa waan hundaanuu kan bara ABUT wajjin walfakkaataadha. Adda addummaan isaa kan ammaa adda durummaan kan ajaju OPDO ta'uu isaati. OPDOdhas jechuuf nama hin dandeessisu,muummicha ministeeraatu geggeessa kan jedhu ibsa sirrii ta'a.

Walumaa galatti muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad ijaarsa caasaa nageenyaa qofaa isaa adeemsiseera. Ijaarsa caasaa nageenyaa ammaa kan bara ABUT irraa wanti adda godhu akka kan ABUT paartiin ijaaramuu osoo hin taane akka bara moototaa nama dhuunfaa tokkoon jechuunis muummicha ministeeraan ijaaramuu isaati. Muummichi ministeeraa caasaa nageenyaa kana yeroo ijaaran ofii isaanii akka nama dhuunfaatti waan barbaadan tarkaanfachiisuu akka danda'anitti fedhii siyaasaa dhoksaa isaanii bu'uura godhachuudhaani. Fedhiin siyaasa dhoksaa isaanii kan maddu waan itti amananii fi tarkaanfachiisan adeemsa siyaasa minilik lammaffaa irraati.

Waggaa tokkoo asitti naannoo caasaa nageenyaatti abbootiin dabaree muudaman raawwachiistummaan hojii madaalamee osoo hin taane walitti dhufeenya faayidaa obboo Dammallaash G/Mikaa'el waliin qabaniin filatamaniitu. Fakkeenyaaf komishinara komishinii poolishii bulchiinsa magaalaa Dirree Dawaa,komishinara itti aanaa komishinii poolisii federaalaa, komishinara komishinii poolisii Oromiyaa, itti aanaa komishinara komishinii poolisii magaalaa Finfinnee fi hoogganaa mana amala sirreessaa Qaallittii bakkoota irratti muudaman dandeettiin kanneen biroo caalanii osoo hin taane muuxannoo ergamtummaa isaanii Obboo Dammallaash G/Mikaa'elitti agarsiisaniif filamuu isaaniif sababa ta'eera.



Ijaarsi caasaa nageenyaa dadhabaa ta'uun isaa kan beekame waxabajjii 16,2010 gaafa deeggarsa muummicha ministeeraaf hiriira bahame irratti haala salphaan boombiin lubbuu qulqullootaa irrattiguyyaa darbatame sanadha. Nagaa eegsisuun hojii isaa jalqabaa ta'uu mootummaan hubate hiriira deeggarsaaf bahame dhiisii mormuuf illee hiriira bahame balaa irraa eeguuf itti gaafatamummaa fudhata. Qaamni nageenya biyyaa eegsisu osoo jiraatee guyyaa walakkaatti hooggantootni olaanaa mootummaa naannoo Amaaraa Dr. Ambaachoo Mokonnin,hoogganaa ijaarsa siyaasaa mootummaa naannoo Amaaraa obboo Izaz Waasee, hoogganaa waliigalaa raayyaa ittisa biyyaa Itoophiyaa Itaamaazhoor jeneraal Sa'aaraa Mokonnin, fi meejar jeneraal Gazza'aa Abarraa adda adda isaanii jedhamanii hin du'an ture. Biyyi olla keenyaa Sumaaliyaa mootummaa hin qabne illee sadarkaa akkasitti geggeessitootni yeroo ajjeeffaman hin mul'atu. Itaamaazhoor raayyaa ittisa biyyaa biyya tokkoo jechuun biyyi sun illee rakkoo siyaasaa hamaa keessa galtu illee dhumaatii irraa biyya oolcha jedhamee abdiin kan irratti gatamu qaama olaanaadha. Ilaalaa egaa ijaarsi caasaa nageenyaa muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad biyyaa fi lammiilee balaa fi diina irraa oolchuu dhiisii biyyattiitti qaama aangoo olaanaa dhuunfate illee du'a irraa oolchuu hin dandeenye. Lammiileen Itoophiyaa hunduu jireenya sodaa fi yaaddoon guutame jiraachuu erga eegalanii waggootni lakkaa'amaniiru.

Lammiileen Itoophiyaa keessa jiraatan qe'ee isaanii irraa yoom akka buqqifaman,yeroo akkamittii fi haala akkamiin ajjeefamuu akka danda'an hin beekan. Mootummaan balaa irraa isaan oolchuu akka hin dandeenye irra deddeebiin milkaneessee fiira. Guyyaa guyyaatti bakkaa fi yeroo itti hin yaadnetti saamamuu, gudeedamuu fi ajjeefamuun lammiileen biyya keenyaa mootummaan saamtota,gudeeddotaa fi lubbuu ajjeestota irraa isaan buusuu akka hin dandeenye erga hubatanii turaniiru.



Du'aatii Dr.Ambaachoo Mokonnin, Itaamaajor jeneraal Sara'aa Mokonnii fi kanneen biroo kana hordofee ammoo namoota hangamtu sodaan guutamaa fi guutummaa guutuutti mootummaa irraa amantaa dhabaa kan jedhu tilmaamuun salphaadha. Har'a har'a lammiilee Itoophiyaaf nageenya isaanii qaamni eegsisuuf waan hin jirreef mootummaan jira jedhanii fudhachuuf nama rakkisa.

Hooggantootni olaanoon biyyattii shanan guyyaa walakkaatti rasaasaan adda rukutamanii yeroo du'an nageenya eegsisaan biyya keessaa eessa ture? Bahar Daaritti hooggantoota olaanoo mootummaa naannoo Amaaraa irratti du'aatiin raawwatame guyyaa keessaa naannoo sa'aatii kudhan yoo ta'u jeneraal Sara'aa Mokonninii fi hiriyaan isaa kan ajjeefaman galgala naannoo sa'aatii sadiiti. Jeneraal Sara'aa fi hiriyaan isaanii Finfinneetti kan ajjeefaman Dr.Ambaachoo Mokonninii fi koodeewwan isaanii ajjeefamanii turtii sa'aatii shanii booda. Faayidaa dhuunfaaf jecha abbootii qabeenyaa fi abbootii taayitaa mootummaa tokko tokko bilbila isaanii butuu fi Kan kana fakkaataniin qabamanii

biiron odeeffannoo fi nageenyaa shakkamtoota jeneraal Sara'aa fa'aa ajjeesan illee to'achuu hin dandeenye. Jarri kun birmadummaa fi kabaja biyyaa balaa irra yakka buusu yeroo raawwatan muudamtootni odeeffannoo biyyaalessaa fi nageenyaa Hyatt Regency Hotel fi Appaartimantii Maryootii bashannanaa turan. Yakki baay'atee lammiileen bahanii galuu yeroo sodaatan, irra deddeebiin qonsiilota alaa irratti yakki raawwatamaa, walitti bu'insi lammiilee fi buqqaatiin mallattoo biyyaa yeroo ta'e kanatti yeroon bashannanan eessaa argame laata?

Dr.Abiyyi Ahmad lammiilee Itoophiyaa sodaa keessa galan kana keessaa baasuun gara fuulduraatti geggeessuu yoo barbaadan, akka walii galaatti caasaa nageenyaa akka haaraatti irra deebi'uun qaamolee walitti hidhamsa faayidaa irraa bilisa ta'aniin ijaaruun gocha filannoo hin qabne tarkaanfii jalqabaa fi yeroon hin kennamneef ta'uu qaba.

Dr.Abiyyi Ahmad akkuma gara muummicha ministeeraatti dhufaniin qaamonni cina isaanii dhaabbatanii gargaaraa turan hedduudha. Dr.Abiyyi Ahmad muummicha ministeeraa ta'uu hordofee abdii Kan godhatan barataa, barsiisaa, poolisii, kophee qulqulleessaa, hojjetaa guyyaa, konkolaachisaa, manguddoo, daldalaa, amantootaa fi kutaan hawaasummaa garaagaraa biyyattiin gara boqonnaa haaraatti ceeti jedhee gammachuu isaa ibsatee ture.Bulchiinsa ABUT wajjin wal'aansoo qabuun Dr.Abiyyi Ahmad gara geggeessummaa muummicha ministeeraa akka dhufu gahee guddaa kan taphatan hooggantootni biroos jiru. Amma garuu naannoo muummicha ministeeraa kana deeggaraa fi gargaaraa kan turan abbaan oolmaa paartii hin jiran. Maaliif yoo jettan uummanni isaan irraa amantummaa waan dhabee fi kan isaan wajjin turan ammoo dhiibamanii akka fagaatan sababa godhamaniifi. Amma naannoo muummicha ministeeraa kan jiran warreen sirni sabtokkeessaa akka ijaaramu isa dhiphisanii fi gocha

saamicha isaanii hoo'ifataa jiran kan akka Daaqonii Daani'eel Kibiraat, Dr.Birhaanuu Naggaa, obboo Andargaachoo Tsiggee,obboo Alamaayyoo Katamaa,obboo Birhaanuu Tsaggaayee,obboo Dammallaash G/Mikaa'el, Dr.Wandiwasanii fi namoota OPDO humna hin qabne muraasa qofa. Kanaafuu muummichi ministeeraa deeggarsa uummataa fi gargaarsa geggeessitoota biroo malee qofaa isaa biyya geggeessuu akka hin dandeenye beekanii gara daandii sirriitti deebi'uuf itti hin guyyaane. Lakki hin ta'u jedhanii karaa kana yoo itti fufan garuu ofii isaaniifis,dhaaba isaaniifis ta'e lammiilee Itoophiyaaf ta'uun hafee maqaa isaanii seenaa xuraa'aa keessatti barreessanii akka darban beekuuf tolchaa(falfalaa) ta'uun namarraa hin eegamu.

## **Dhimma Dr.Abiyyi Ahmadii fi obboo Lammaa Magarsaa**

Namoota baay’ee muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad ministeera saayinsii fi teeknoolojii irraa gara mootummaa naannoo Oromiyaa yeroo sana turee OPDO waamanii uummata Oromoo wajjin kan wal barsiisanii fi aangoo dura ta’ummaa OPDO gad dhiisaniifii akkasumas mataa isaanii irratti baatanii muummicha ministeeraaf kan gahan abbaa oolmaa isaanii obboo Lammaa Magarsaa akka danan hin ifneef.



Dr.Abiyyi Ahmad muummicha ministeeraa ta’uu isaanii dura waltajjii adda addaa irratti uummata Oromoo dargaggoota,jaarsolii biyyaa,hooggansa sadarkaa adda addaa irratti argaman,aartistoota,diyaaspooraa,garee paartilee siyaasaa mormituu,aktivistootaa fi kutaa hawaasaa adda addaa wajjin carraa

uummata Oromoo gara fuulduraa ilaalchisee marii'achuun isaanii ni beekama.

Waltajjiiwwan kana irratti qabsoo uummata Oromoo keessatti gaaffilee turanii fi fedhiiwwan siyaasaa yeroo yartuu keessatti nan deebisa jechuun uummata Oromoo qabsoo keessatti aarsaa guddaa kafalaa turaniif irra deddeebiin waadaa galaa turan. Kanaanis uummanni qajeelaa kun waan isaan amanee fi amantii irratti gateef bakka deeman hundatti harka rukutuufii jalqabe, haammate, dhungate,sana boodas gargaaruu jalqabe. Uffata isaaniis baasanii Kan itti uffisan turan.

Dr.Abiyyi Ahmad akkuma aangoo muummicha ministeeraa qabataniin yeroo yartuuf “masihii waaqarraa ergame” erga jedhanii booda gaaffileen uumata Oromoo akka hin deebine qaamotni barbaadan xiqqaa hanga guddaatti itti duuluu jalqaban. Dr.Abiyyi Ahmad “sabboonaa/zaranyaa dha” ,”Dr.Abiyyi Ergamaa ABO dha”,”Biyyittii jigsuufi” fi kkf jechuu jalqaban. Dr.Abiyyi Ahmad “nu ganeera” jedhan. Isaaniis caasaa mootummaa keessaas ta’e ala kan jiran tokkummaan miidiyaa harka isaan jirus dabalatanii karaa hundaa fayyadamanii Dr.Abiyyi irratti duulan. Yeroo kana miidiyaa olaantummaan to’achuu baatanis qabsaa’otni Oromoo hunduu tokkummaan dhaabatanii gaachana ta’aniif. Muummichi ministeeraas dhiibbaa kana keessatti garee Lammaa waliin ta’uun rakkoo siyaasaa tuulame hiikuu danda’an. Gaaffiin uummata Oromoo fi fedhiin siyaasaa tokko illee deebii argachuu baatanis.

Dubbii keenya irratti naannoo gara duraa jijjiirama yeroo jedhamu uummata biratti kan calaqqisu garee Lammaa/Team Lemma/ jecha jedhamu. Gareen Lammaa uummata Itoophiyaa hunda biratti kan beekamu akkuma maqaa birootti miti. Gareen Lammaa/Team Lemma/ sirna cunqursaa ABUT kaasuun uummata Itoophiyaa cunqurfamoo itti dukkanaa’eef abdii bilisummaa kan ibsee fi fakkeenya

jijjiiramaati.Gareen Lammaa kan hundaa’e wayyaaneen geggeessitoota OPDO duraatiin maaliifmaastar pilaanii Finfinnee mormitan jechuun isaan garuu uummata keenya erga fixxanii fi ficcisiistanii jedhanii bulguuwwan lamaan kaasuun dura taa’aa OPDO ta’anii biiroo OPDOon achii booda ammoo caffeeedhaan pirezidaantii mootummaa naannoo Oromiyaa ta’uun biiroo mootummaa naannoo Oromiyaatiin kan filaman goota jijjiiramaa obboo Lammaa Magarsaati.Garee/Team Lammaan olaantummaa abbaa hirree fi fayyadamummaa diinagdee ABUT yeroo tokkoo fi isa dhumaaf buqqisuuf tooftaa kan malan miseensa garichaa obboo Lammaa Magarsaati. Taphattoota garichaa kan filan,daddabarsa taphichaa fi dambii kan baasan hundeessaa fi hoogganaa garichaa obboo Lammaa Magarsaa turan.

Gareen Lammaa ABUT buqqisuuf karoorse karooricha galmaan gahuuf jalqaba irratti ANDM/ADP/ irraa obboo Gaadduu Andaargaachoo,obboo Dammaqaa Mokonnin,obboo Tasfaayee;OPDO keessaa ammoo obboo Lammaa Magarsaa,Dr.Warqinaa Gabayyoo,Dr.Abiyyi Ahmad,Aaddee Aadaanech Abeebie fa’aa of keessatti qabachuun gara taphaa seene. Filoosofiin tapha garee Lammaas OROMARA jedhame. ABUTn dhiibuuf gamtaan uummata Oromoo fi Amaaraa barbaachisummaa irra darbee dirqama ture. Uummata Oromoo fi Amaaraa walitti buusuun aangoo bittaa isaanii dheereffachuuf uummanni lamaan akka walii hin gallee fi tokko akka hin taane kaayyoo shira lakkaa’amee hin dhumne kan beekumsaa fi qarshiin waggaa 27 guutuu irratti dhangala’aa bahe yaaduun kan danda’amuu olitti irratti hojjetameera.Kana dursanii hubachuun filoosoofii tapha OROMARA kan taasisan obboo Lammaa Magarsaa gamticha kan uummataa godhuuf jecha dhaadannoo “Xaanaan keenya” naannoo Oromiyaa irraa dargaggoota dhibbootaan lakkaa’aman qabatanii gara Baahir Daar deeman. Haroo Xaanaa aramaa inbocciin dhuunfatames hanga danda’an buqqisan. Itti aansaniis garee hawaasaa naannoo Amaaraa walitti babba’an wajjin galma Muluu Alamitti

marii'atan. Baay'ee taphatan,sirba artistii Alii Birraas sirban,obboo Lammaa Magarsaas gara waltajjiitti bahanii akkas jedhanii turan:-

“Itoophiyummaa jechuun maal akka ta’e waan har’a ta’e irraa naaf galeera. Itoophiyummaan adda. Itoophiyummaan araada. Dhiiga irra darbee laphee keessa akka jiru har’a argineerra, lammiin Itoophiyaa kamiyyuu eessas haa jiraatu eessayyuu, hammam beela Itoophiyummaa akka qaban addunyaa hundarra kan jiran dhufuu keenya yeroo dhaga’an hammam keessa isaanii akka bule argineerra.Rakkoo keenya waliin furuuf yeroon hojjennus amma. Lubbuu isaa dabarsee kan kenne uummanni kun biyyasaaf, tokkummaadhaaf. Kaleessa dirree lolaa adda addaa irratti dhiiga isaa kan lolaase Itoophiyaaf jecha. Biyya keenyaaf ammas hojjechuun nurra jira. Duuba ilaalaa gara fuulduraatti deemuu hin dandeenyu. Kan darbe haa irraanfannu. Biyya keenyaaf tokkummaan haa dhaabbannu. Har’a naannoo Amaaraatti kan argamneef akka nu barbaachistan,akka isin barbaachisnu waan amannuufi. Itoophiyaadhaaf uummattootnii fi sablammootni hunduu ni barbaachisu. Jaalalli mo’ataadha. Sabootni waliin dhaabachuufii qabu. Qaxanaa baha Afrikaa irra jirra. Olloota keenya irra waan jiru ilaaluun barbaachisaadha. Waan goonuutti itti gaafatamummaan nutti dhaga’amuu qaba. Dargaggoota biyya fudhataniif hojii uumuu qabna. Dhaloota bocuuf ammoo dursa kan fudhatu maatiidha. Itti aansuun hawaasa,kanaaf dhimma naamusaaf dursa kennuu qabna. Abbootiin, abbootiin gadaa, jaarsoliin biyyaa fi abbootiin amantaa naamusa ilaalchisee xiyyeeffannoo kennuu qabu.”

Uummata galmichatti aragame qofa osoo hin taane uummanni Itoophiyaa hundi haasaa isaanii ajaa’ibsiifatee shira ABUTti gaddee Obboo Lammaa Magarsaa rakkoo biyyattiin keessa galte keessaa akka baasan abdii irratti gate.

Xaanaa magaalaa Bahar Daar cinatti argamtutti ABUT irratti goolii lakkoofsiseenis,biyyattiin rakkoo keessa galtee keessaa akka baasuufis



uummanni Itoophiyaa garee Lammaa irratti amantaa fi waadaa gate. OPDO fi ANDM tapha isaanii itti aanuuf harka wal qabatanii waadaa waliigalanii qophicha goolaban. Xaanaan keenyaa boodas hojiiwwan hawaasummaa fi diinagdee hedduun hojjetaman. OPDO fi ANDM ibsa qabiyyee walfakkaatu qabu baasuu itti fufan. ABUTtis mormiin keessaa fi alaan itti cime. Kan keessaa falmitoota OPDO fi ANDM yoo ta’u morkattootni alaa ammoo maqaa maastar pilaanii Finfinneen qabsoo qeerroo Oromoo hordofee uummata mormiif dirreetti bahe hundaa fi biyyoota dhihaati.

Uummanni naannoo naannootti bulchiinsa mootummaa diige. Ameerikaa guddoo fi gamtaan awurooppaas ABUT irratti ejjennoo abdii kutachiisu qabachuu eegalan. Miidiyaaleen biyyoota dhihaas qabsoo uummata Oromoo fi haala yaadnessaa biyyattii keessa jiruuf uffisa kennuu eegalan. Oromootni miliyoona 2.6 naannoo sumaalee irraa buqqa’uun ,labsii yeroo muddamaa labsisiisuu, kan argate hunda hidhuu ajjeessuu fi shirri ishee biroo itti dabalamee homaa fayyaduunii hin dandeenye. Dhiibbaa gamtaa Awurooppaatiin muummichi ministeeraa duraa obboo Hayilamaari’aam Dassaaleny hidhamtoota siyaasaa hedduu hiikan. Baay’ees osoo hin turiin obboo H/Maari’aam Dassaaleny aangoo gad lakkisuuf fedhii isaaniitiin biiroo bakka buutota uummataatti xalayaa galfatan. Xalayichis fudhatama argate. Miseensotni dhaaba ADWUI haala jiru ilaalchisanii karaa dura taa’aa isaaniitiin stuudiyoo ETVtti argamuun ibsa kennan. Ibsoota sana keessaa obboo Lammaa Magarsaa Mudde 25,2010 “ Gara madaala/gamaggama kanaatti kan galleef dorgommiif miti. Tokko shaampiyoonaa..., tokko ammoo shaampiyoonii ta’een dhufe yeroo jedhu meedaaliyaan badhaafamu hin jiru. Rakkoo baay’ee keessatti kufneerra. Biyyi balaa keessa jirti. Taphaaf jennee gamaggama hin galle. Gamaggama kanatti yeroo gallu kabaja nama dhuunfaa, aangoo,... taayitaa eenyuu illee boolla haa bu’u!

biyyaa ol miti. Biyyi kabajaa fi taayitaa eenyuu keenyaa olidha.” jechi jedhan laphee lammiilee Itoophiyaa hunda urtee seente.

## **Filannoo Dura Taa’aa ADWUI**

Fulbaana 25,2011 yaa’ii dhaaba ADWUI 11ffaa Hawaasaatti deemsifame irratti xalayaa obboo H/Maari’aam Dassaaleny hojii gad dhiisuuf galfatan irratti hundaa’ee filannoon dura taa’aa fi itti aanaa dura taa’aa ADWUI geggeeffamee ture. Kanaanis miseensotni koree hojii raawwachiistuu ADWUI 177 sagalee kan kennan yoo ta’u Dr.Abiyyi Ahmad sagalee 176 argachuun dura taa’aa ta’uun filatame. Obboo Dammaqaa Mokonnin ammoo sagalee 149 argachuun itti aanaa dura taa’aa ta’uun filatame. Obboo Lammaa Magarsaa aangoo dura taa’ummaa OPDO/ODP/ dabarsanii kennuu fi obboleeyyan dhaaba ADWUI waliin dubbachuun Dr.Abiyyi Ahmad dura taa’aa ta’ee akka filatamu dandeessisuuf waan danda’u hunda godhuun aarsaa dabalataa kafaleera.


## **Weerara Seeraa Alaa Lafa Laga Xaafoo Laga Dhaadhii Ilaalchisee**

Ijaarsa manneen seeraa alaa Laga Xaafoo ilaalchisee yaadni adda addaa miidiyaa hawaasummaa adda addaa irratti dhiyaatee deddeebi’aa fi wal mormisiisaa turuu arguu dandeenyee turre. Naannoo Oromiyaa akka waliigalaatti ijaarsa manneen seeraan alaa fi weerara lafaa ilaalchisee akka ajandaatti qabatee kan irratti marii’ate koree hojii raawwachiistuu fi koree jiddu galeessaa OPDO(ODP) ture. Marichis kan xumurame naannoo Oromiyaa magaalota adda addaa keessattuu magaalota gurguddoo akkasumas naannoo magaalaa Finfinnee godina addaa dabalatee manneen seeraan alaa ji’oota muraasa keessatti diiguuf murtee dabarsuun ture. Murtichis hojii irra akka ooluuf manneen seeraan alaa akka diigamaniif ajajni kantiibota magaalota hundaatti kenname. Dursee hojii irra oolchuutti kan gale bulchiinsa magaalaa Laga Xaafoo Laga

Daadhii aaddee Habiibaa manneen seeraan alaa magaalaa Laga Xaafoo diiguu jalqaban. Jidduu kanattioduun eessa akka dhufe hin beekamne “Laga Xaafootti buqqa’insi saba irratti xiyyeeffate raawwatamaa jira” jedhu miidiyaa dhuunfaa walgahee afarfame. Dhimmichi gara miidiyaa mootummaas dhufuun isaa hin hafne. Dhimmicha qulqulleeffachuuf jecha miidiyaan murtaa’an hoogganaa bulchiinsa lafaa mootummaa naannoo Oromiyaa Dr.Milkeessaa Miidhagsaa dubbisan. Isaanis ijaarsa seeraan alaa diiguun ejjennoo mootummaa ta’uu ibsanii tarkaanfichis cimee akka itti fufu dubbatan. Dr.Milkeessaa Miidhagsaahangam illee kaabinee haaraa haalaa ilaalanii gaggaragalan ta’anis. Hiriyaan isaanii Obboo Taayyee Danda’aa garuu faallaa kanaan waan itti amanan dubbachuu fi gochuuf kan duubatti hin jenne uummataaf jecha aarsaa kan kafale hooggansa dargaggeessadha. Kantiibaan Laga Xaafoo Laga Daadhiis deebii qabiyyee walfakkaatu qabu miidiyaaf kenniteetti. Kantiibaan bulchiinsi magaalaa Sulultaas dhiyootti manneen seeraan alaa irratti tarkaanfiin fudha jedhee ture. Kantiibaan magaalaa Finfinnee Injinar Taakkalaa Umaa waa’ee dhimma Laga Xaafoo gaafatamanii Laga Xaafoo fi Finfinneen kantiibota adda addaatiin bulu anaan kan na ilaallatu waa’ee Finfinnee qofa jechuun sabquunnamtii murtaa’aniif deebii kennanii turan.

Dhimmicha irratti yaada akka kennitu jedhamee pirezidaantiin naannoo Oromiyaa yeroo sanaa obboo Lammaa Magarsaa gaafatamee torban sadi booda “manni seeraan ala diigame yoo jiraate ni qoranna” jedhee yaadicha cimse. Duulli manneen seeraan alaa diiguu “saba buqqisuu irratti hundaa’e” jechuun dhimmicha gara miidiyaatti fidanii afarsaa qaamoleen turan namoota Laga Xaafootti manni seeraan alaa jalaa diigame walitti qabuun gara biiroo muummicha ministeeraa geessuun yeroo baayyee ala dhaabbachaa turanii muummicha ministeeraa dubbisuu danda’aniiru. Muummichi ministeeraas guyyoota muraasa booda duula manneen seeraan alaa Laga Xaafoo diiguu gaafatamanii

“Ani waa’ee dhimma kanaa waanan beeku hin qabu.” jedhanii deebii summiin guutame kennaniiru. Muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad paartii dura taa’ummaan geggeessan dhimma manneen seeraan alaa diiguu fi weerara lafaa marii’atanii ejjennoo qabatanii gara hojiitti galan dhimma isaa hin beeku jechuun ganan. Dhimma isaa hin beeku sababni jedhaniif dafee beekame. Dr.Abiyyi Ahmad kana sababni jedhaniif obboo Lammaa Magarsaa uummata Amaaraa fi saboota Oromoo hin taane wajjin walitti buusuuf akka ture oolee osoo hin buliin irra gahame. Dr.Abiyyi Ahmad kana kan godhaniif obboo Lammaa Magarsaan isa caala uummata Amaaraa fi saboota biro biratti fudhatamummaa fi jaalatamummaa argachuu waan danda’aniifi.



Itti aansees uummata Oromoo Sumaalee irraa buqqa’e magaalaa qubsiisuu fi siyaasa magaalaa ilaalchisee obboo Lammaa Magarsaa kan dubbatan suursagaleen isaa eessaa dhufe osoo hin jedhiin miidiyaalee walitti daddabarsan, marsariitii hawaasummaa irrattis facaafame. Suursagaleen obboo Lammaa Magarsaa waa’ee siyaasa magaalaa irratti ibsa kennan kun biiroo muummicha ministeeraa qofa ture. Naannoo

magaalaa jiddu galeessaa keessattuu Finfinnee fi naannoo ishee sabootni jiraatan obboo Lammaa Magarsaa akka jibbanii fi duula irratti baname cimsuuf jecha suursagalicha ajaja giiftii duree aaddee Zinnaash Taayyaachoon karaa obboo Shimallis Abdiisaa dhokatee akka bahu godhame. Haata'u malee akka yaadan obboo Lammaa Magarsaa kutaa hawaasaa olitti tuqaman waliin walitti buusuun fudhatamummaa fi jaalatamummaa isaanii hir'isuu hin dandeenye.

### **Manneen Jireenyaa Waliinii Koyyee Faccee Abbaa Carraatiif Dabarsuu Ilaalchisee**

Sagantaa fi piroojektoota adda addaa bocuun rakkoo mana jireenyaa lammiilee hiikuun gocha mootummaa isa hangafa ta'uun ni beekama. Mootummaan bu'uuruma kanaan rakkoo manaa jiraattota magaalaa Finfinnee furuuf gara tarkaanfiitti osoo hin galiin dura karooricha irratti qorannoo hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa dabaluu qaba ture. Sagantootaa fi piroojektoota sana irratti osoo hin dabalamiin hafee walakkaa gahamee rakkoon yoo hubatame ammoo raawwii piroojektoota dhaabee irra deebi'ee qorachuu qaba ture. Kana irra yoo darbes piroojektoota sana jijjiiruu danda'a ture. Hammamillee rakkoon manneenii jiraattotaa lootariin kan hin jijjiiramne ta'ullee jiraattotni Finfinnee kallattii kaa'ameen qarshii isaanii qusatanii abbaa manaa ta'uun mirga isaaniiti. Jiraattotni magaalaa Finfinnee qotee bulootaa buqqisaa mana nuu kennaa hin jenne. Karaa biraatiin ammoo piroojektichi balaaf nu saaxila jedhanii mormuunis mirga qotee bulaa fi lammiilee isaaniiti. Walumaagalatti dogoggora mootummaatiin abbootiin carraa fi buqqifamtootni tasumaa waldhabdee hin taane keessa galuu hin qaban. Mootummaan Dr. Abiyyi Ahmad garuu shira siyaasaa uummata walnyaachisuu kana waan barbaadu fakkaata. Mootummaa naannoo Oromiyaa osoo hin mariisisiin kantiibaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee itti aanaa kantiibaa Injinar Taakkalaa Uumaa qofaa isaa biiroo

isaaniitti waamuun manneen waliin jireenyaa Koyyee Facceetti ijaaramanii jiran dafee carraa buusuun abbootii carraaf akka dabarsaman kan ajaje muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad turan. Injinar Taakkalaa Uumaas murtoon sun isaan amansiisuu baatullee ajaja isaanii fudhachuun akkuma isaan jedhan manneen sana hiran.



Guyyoota muraasa booda manneen waliin jireenyaa sanatti carraan bu'uu hordofee magaalota Oromiyaa adda addaa hedduu keessatti hiriirri mormii taasifame. Bakka ijaarsi manneen waliinii Koyyee Faccee itti ijaarame deemuunis dargaggootni mormii isaanii dhageessisan turan. Mormichis maaliif carraan bahe osoo hin taane dhimmi daangaa naannoo Oromiyaa fi Finfinnee osoo furmaata hin argatiin, bakka sana irraa qotee bulootaa dhiibamanii arii'amaniif kaasaa gahaan osoo hin kennamiin maaliif carraan bahaa ture.

Mormii uummataa kana hordofee pirezidaantiin mootummaa naannoo Oromiyaa mootummaa naannichaa osoo hin mariisisiin manneen jireenya waliinii abbootii carraaf qooduun sirrii miti jechuun ejjennoo naannichaa karaa miidiyaa dabarsan. Ibsa mootummaa kana hordofee jiraattotni magaalaa Finfinnee Oromoo hin taane xiyyeeffannoo isaanii obboo Lammaa Magarsaa irra godhachuun mormuunii jalqaban. Duula diiginsa manneen Laga Xaafoo nutu dhaabsise jechaa dhaadachaa kan turan geggeessitootni Ginboot-7/EZAMA/ dhimmicha afarsan. Obboo Lammaanis akka mormaman duula cimsan. Dura taa'aa OPDO/odp/ ta'anii osoo jiranii pirezidaantii naannichaa osoo hin mariisisiin manneen kondominiyeemii dhoksaan akka hiranaman I/A/ kantiibaa magaalaa Finfinnee Injinar Taakkalaa Uumaaf ajaja kan kennan Dr.Abiyyi Ahmad jalqabumarraa obboo Lammaa Magarsaa dhabamsiisuu fi uummata walitti buusuu yaadaniiti. Shira kanaanis karaa lama obboo Lammaa Magarsaa yeroo walfakkaataatti jiraattota naannoo Oromiyaa fi jiraattota magaalaa Finfinnee wajjin walitti buusuuf abjootameetu.

“obboo Lammaa Magarsaa uummanni Oromoo akka si hin jaalanne si gaaddiddeesseera. Lammaan osoo jiruu si jaalachuu hin danda'an, uummanni Lammaa keessa ilaalaa jira. Kanaafuu Lammaa haala dandeesseen dhabamsiisuu qabda.” Jedhanii haati manaa isaanii giiftii duree Aaddee Zinnaash Taayyaachoo Dr.Abiyyi Ahmad gorsan. Geggeessaa jaalatamaa kana balleessuuf shirri hin shiramnee fi abbootii taayitaa irratti hin duulchisne hin qaban.

Bulchiinsi magaalaaa Finfinnee godina addaa naannoo Oromiyaatti manneen waliin jireenyaa Koyyee Faccee ijaarsise keessaa walakkaa isaa jiraattota naannoo sanaa buqqa'an qotee bultootaaf carraa malee akka kennamu ibsamuu dhageessaniittu ta'a. kun dargaggootni Oromoo akka hin jeeqne jedhamee oduu sobaa qindaa'e ture. Manneen waliin

jireenyaa carraa malee hiraman kan kennaman qotee bultoota naannoof osoo hin taane obboo Shimallis Abdiisaa fi kantiibaa Injinar Taakkalaa Uumaan biloogarootaa fi aktivistoota miidiyaa hawaasummaa qacaramaniif ture. Obboo Shimallis Abdiisaa fi Injinar Taakkalaa Uumaa OPDO(ODP) keessatti garee lama: Giinchii fi Ambo uumanii wal morkanis walii galanii manneen Koyyee Faccee firootaa fi qacaramtoota isaaniif qoqqoodaniiru.

## **Ejjennoowwan Sabboonummaa Oromoo**

Dr.Abiyyi Ahmad sirna federaalizimii hin jaalatan. Kana immoo waan godhan hojii isaanii irraa hubachuun ni danda'ama. Kan deeggaraa jiran siyaasa lammummaan agarsiistuu tokkodha. Siyaasa lammummaa kan jedhu iyyuu biyya keenyaaf kan beeksisan isaanuma mataa isaanii Dr.Abiyyi Ahmadidha. Siyaasa lammummaa akka tarkaanfachiisan Dr.Birhaanuu Naggaa fa'aa kan qindeessee fi kanneen biroo waliin walitti makamuun IZEMA jedhanii paartii haaraa akka hundeessan kan dandeessisan Dr.Abiyyi Ahmad matuma isaaniiti.Dabalataanis namootni naannoo isaaniitti sassaabaman eenyu fa'i yoo jenne paartii siyaasaa daandii isaan barbaadan ykn sirna sabtokkeessaa namoota tarkaanfachiisan ta'uu isaanii hubachuun nama hin rakkisu. Dr.Abiyyi Ahmad gara geggeessummaatti dhufuuf jedhee sabboonaa fakkaatee uummata Oromoo fi ummattoota biroo sirna federaalizimii deeggaranitti dhiyaatan malee durumayyuu ejjennoon isaanii faallaa ture. Sirna federaalizimii osoo hin morman ta'ee gaaffii uummata Sidaamaa heera mootummaan deeggarama dirree irratti hin xureessan ture. Geggeessitoota ODP sabboontota ta'an hundeeffama sirna sabtokkeessaa qabadhetti gufuu na jalaa ta'u jedhanii yaadan Dr.Abiyyi Ahmad adda baafamii akka rukutaman godhaa jiru. Kana ammoo kan jalqaban abbaa oolmaa isaanii duraa irratti duuluudhaani. Obboo Lammaa Magarsaa karaa ati qabatteen uummata waliin walitti buuna




jedhu. Kanaafuu obboo Lammaa Magarsaa kaasuun uummata Oromoo qoqqooduun wal loluuf murteessaniiru. Oromoo kan ta'an masaraa mootummaa keessaa, sabboontota kan ta'an geggeessummaa naannoo Oromiyaa irraa rukuchiisaa jiru. Dr. Abiyyi Ahmad ABO sabboonaa ta'uu isaatiif balleessuuf irratti hojjetaa, cinaatti ammoo IZEMA adda baasee gargaaraa jira. Obboo Lammaa Magarsaa garuu faallaa kanaatiin sirna federaalizimii irratti akka qoosaan hin jirre ibsanii turan.

Dr. Abiyyi sabboonummaa Oromootti ni qaana'u. Eenyummaa fi ilaalcha haadha isaanii waan dhaalaniif ta'uu mala. Sabboontota faayidaa uummata Oromoof quuqaman hin jaalatan. Ejjennoo isaanii haala deeggaruun artistootaa yeroo walitti qaban "Oromoo Gadaa malee sabboonummaan hin fayyadne." jedhaniiru. Muummicha ministeerummaan kan isaan gahe sabboonummaa Oromoo fi federaalizimii lafatti gatanii sirna sabtokkeessaa/moototaa/ nurratti fe'uuf murteeffataniiru.

## **Harka Summaa'aa Giiftii Duree**

Obboo Lammaa Magarsaa balleessuuf duula baname olaantummaan kan hoogganan haadha warraa Dr. Abiyyi Ahmad aaddee Zinnaash Taayyaachoodha. Obboo Lammaa balleessuuf falli falan jalqaba OPDO/ODP/ keessatti kan argaman miseensota koree hojii raawwachiistuu fi jiddu galeeessaa akka irratti duulan dandeessisuudha. Kanas obboo Birhaanuu Tsaggaayeee raawwataa jira. Lammaffaa Geggeessitoota naannoo Oromiyaa obboo Lammaa Magarsaa waliin walitti dhufeenya qaban itti gaafatamummaa irraa kaasuudha. Aaddee Zinnaash Taayyaachoo kana akka raawwataniif ajaja obboo Dammallaash /G/Mikaa'elitti kan kennan yoo ta'u Obboo Dammallaash immoo ajajicha akka raawwataniif gara obboo Addisuu Araggaatti dabarsaniiru. Obboo Aaddisuu Araggaas ajaja kana raawwataa jiru.

Hoogganaa biiroo ODP ta'anii ji'oota muraasa dura kan muudaman obboo Addisuu Araggaa hojiin isaanii idilee muuduu fi buusuu qofa ta'eera. obboo Lammaa Magarsaa kan muudan buusanii sabboonaa kan hin taanee fi dhiigaan Oromoo qulqulluu kan hin taaneen miseensota dhaabichaa bakka buusuuf hojjetamaa jira. Wallagga,Harargee,Arsii ykn sabboonaa ta'uun nama ciggaasisa. Amma torbanoota dura obboo Addisuu Araggaa kaabinoota sassaabanii waltajjii mariisiisaa jiran irratti obboo Lammaa Magarsaa ABO dha jedhanii turan. Itti dabaluunis umriin ABO akka dheeratu kan godhe namicha obboo Lammaa jedhamu kana jedhaniiru. Hooggansi Maqaa obboo Lammaa Magarsaa dhahate hunduu arii'amaa jira.



Walitti dhufeenya maatii muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmadii fi giiftii duree aaddeeZinnaash Taayyaachoo ilaalchisee dhugaan jiru aaddee Zinnaash Taayyaachoo maatii Dr.Abiyyiif kabaja kan hin qabnee fi maatiin giiftii duree Aaddee Zinnaash Taayyaachoo ammoo Dr.Abiyyi Ahmad waliin walitti dhufeenya akka hin qabne.

Namoota amantaa fayyadamanii obboo Lammaa Magarsaa aangoon pirezidaantummaa naannoo Oromiyaa akka hin taaneef dhiibbaa gochuu yaalaniiru. Duula itti banameen obboo Lammaa Magarsaa xureessuu yaalanii dursanii isaan biyya alaa yaala irra akka jiranii fi haalli fayyaa isaanii gaarii akka hin taane ergaa ibsu miidiyaa hawaasummaa irratti akka facaafamu godhameera.



Obboo Lammaa Magarsaa ammaan kana miidiyaa kam waliinuu akka wal hin quunnamne hooggantoota miidiyaaf karaa muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad ajajni kennameera. Kunis obboo Lammaa Magarsaa karaa miidiyaan siyaasa bukaa'ee deema jiru uummataaf saaxilu jedhamee waan sodaatameefi.

## **Obboo Lammaa Magarsaa Gara Federaalaa Kan Deeman Jaalatanii Moo Dirqamaniiti?**

Obboo Lammaa Magarsaa aangoo pirezidaantummaa naannoo Oromiyaa kan gad dhiisan jaalatanii osoo hin taane dirqamaniitu. Obboo Lammaa Magarsaa dura fedhii isaanii malee itti gaafatamummaa irra turan irraa kan kaafaman gareen Lammaa hundaa'uun dura obboo Lammaa Magarsaaf aangoo itti aanaa dura taa'ummaa OPDO kan gad dhiisaniif Dr.Warqinaa Gabayyooti. Achii booda akkuma Dr.Warqinaa Gabayyoo obboo Lammaa Magarsaaf bakka aangoo isaanii gad dhiisaniin garee Lammaa/Team Lemma/ fi qabsoo uummataa turef ashaaraa mataa isaanii akka kaa'aniif obboo Lammaa Magarsaan aangoo dura taa'ummaa OPDO Dr.Abiyyi Ahmadiif gad dhiisanii gara fuulduraatti akka dhufan gochuun kan isaan yaaddessu fedhii uummataa malee dhimma aangoo akka hin taa'e mirkaneessaniiru.

Garee Lammaa(Team Lemma) keessatti ABUT dhiibuu irratti gahee guddaa kan taphate Dr.Warqinaa Gabayyoo hooggansummaa OPDO fi miseensummaa keessaa baasuun sirrii hin turre. Miseensa biiroo bulchiinsa magaalaa Finfinnee kan hin taane Injinar Taakkalaa Uumaa deemsa dambii fi seeraa karaa hin eegneen kantiibaa bulchiinsa magaalichaa godhanii muuduu irra miseensa biiroo bulchiinsa magaalaa Finfinnee kan ta'anii fi muuxannoo hooggansummaa hedduu kan qaban Dr.Warqinaa Gabayyoo kantiibaa magaalaa Finfinnee godhanii muuduun hin danda'amu turee? Jarri seerri mootummaa haa kabajamu kan jedhan dhugaa isaaniiti. Fedhii uummataa kan dursanii fi abbaa oolmaa siyaasa Itoophiyaa kan ta'an obboo Lammaa Magarsaa aangoo pirezidaantummaa naannoo irraa buusuuf karaan itti deemame seeraa ittiin bulmaata OPDO(ODP) kan faallessu ta'uu dabalatee heera mootummaa federaalaa fi naannoo Oromiyaa kan cabse ture.



Pirezidaantiin naannoo tokkoo aangoo isaa irraa ka'uu kan danda'u karaa lamaanidha. Karaan tokkoffaa pirezidaantiin naannoo fedhii isaatiin aangoo kiyya gad dhiisuun barbaada jedhee xalayaa hojii gad dhiisuu biiroo naannootti(caffee) gaaffii dhiyeessuun gaaffichi fudhatama yoo argate. Karaan lammaffaa ammoo biiroon naannoo (caffeen) madaallii/calallii geggeessee pirezidaantichi dadhabbina hojii yoo agarsiise sababa kanaan ejjennoo itti fufuu hin qabu jedhu irra yoo gahee fi murteessedha.Karaa tokkoffaa ilaalchisee Obboo Lammaa Magarsaa fedhii isaaniitiin aangoo isaanii gad dhiisuuf xalayaan caffee galchan hin jiru. Fakkeenyaaf obboo Gaadduu Andaargaachoo pirezidaantummaa naannoo Amaaraa kan gad dhiisan seeraa fi dambii karaa hin cabsineen fedhii isaaniitiin aangoo isaanii gad dhiisuuf bu'uura xalayaa hojii gad dhiisuu galfataniinidha. Hammamillee muummichi ministeeraa bakka isaanii hiriya isaanii dhiyoo kan ta'an Dr.Ambaachoo Mokonnin muuduuf jecha obboo Gaadduu

Andaargaachoo aangoo pirezidaantummaa naannoo Amaaraa akka gad dhiisan dhiibbaa gochaa turanillee . Obboo Gaadduu Andaargaachoo dabalatee kanneen biroo garee Lammaa keessatti ABUT dhiibuu irratti gahee olaanaa namoonni qaban uummata biratti fudhatamummaa muummicha ministeeraa dukkaneessu jedhamee waan sodaatameef suutuma suuta rukutamaniiru. Rukutamaas jiru.Gara isa lammataa pirezidaantii karaa seeraa fi dambii eegeen kaasutti yoo dhufnu caffeeen calallii geggeessee sababa dadhabbii hojii irratti agarsiisaniin obboo Lammaa Magarsaa aangoo pirezidaantummaa naannoo gad dhiisuu qabu jedhamee murteen hin darbine.Sirumayyuu caffeeen dhimma kanaaf wal hin geenye. Obboo Lammaa Magarsaa seeraa fi dambii karaa cabseen pirezidaantummaa naannoo irraa dhiibuuf shirri deemsifame kan itti aanu ta'a.

Obboo Lammaa Magarsaa fi obboo Gaadduu Andaargaachoo ministeera raayyaa ittisa federaalaa fi ministeera dhimma alaa godhanii muuduu dura waggaa tokko dursanii walga'ii hooggansa ODP Adaamaa kan geggeessan muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad guyyoota dura kan itti gaafatamummaa bulchiinsa masaraa mootummaa irraa kan arii'atan aaddee Warqinash Birruu of fuulduratti xiyyeeffatanii ilaalaa akkas jedhanii turan:- “Dhihoo kana masaraa mootummaatii kan ariine jiru.Gara fuulduraattis wanti walfakkaatu itti fufa. Torban booda muudama haaraa ilaalchisee mormiin yoo nu quunname wal qaluutu dhufa.” Obboo Lammaa Magarsaa adeemsa seeraa fi dambii cabseen bakka aangoo pirezidaantummaa naannoo irra turan irraa kaasuuf jecha karoorfamee guyyaa fi saatii walfakkaataa irratti biiroon bakka buutota uummataa Finfinneetti, biiroon naannoo Oromiyaa/Caffee/ ammoo Adaamaatti ariitiin akka walgahan godhame.



Obboo Lammaa Magarsaa miseensa bakka buutota uummataa akka hin taanee fi walga'ii caffee Adaamaatti waame akka geggeessuu qaban osoo beekuu walga'ii ariifachiisaa bakka buutota uummataa Finfinneetti deemsifamu irratti argamuu akka qabu karaa muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad waamichi godhameef. Obboo Lammaa Magarsaas yaa'ii Caffee irraa hafanii walga'ii bakka buutota uummataa irratti yeroo argaman muummicha ministeeraatiin ministeera raayyaa ittisaa ta'anii muudaman. Aangoo pirezidaantummaa naannoo haala adeemsa seeraa fi dambii hordofneen osoo hin gad dhiisiin muudamni biraa kennameef. Guyyaa fi saatii walfakkaataatti yaa'ii Caffee Adaamaatti geggeeffamaa ture irratti obboo Shimallis Abdiisaa itti aanaa pirezidaantii naannoo Oromiyaa ta'ee muudame. Muudamni pirezidaantummaa naannoo Oromiyaa obboo Shimallis Abdiisaas seeraa fi dambii kan hin eegne ture. Jalqaba obboo Shimallis Abdiisaa itti gaafatamummaa biiroo

ministeera muummichaa irra turan akka gad dhiisan maaliif barbaachise? Itti aansees obboo Shimallis Abdiisaa miseensa caffee naannoo Oromiyaa ta'anii osoo jiranii itti aanaa pirezidaantii naannoo Oromiyaa godhanii muuduun maaliif barbaachise? Obboo Shimallis Abdiisaa irra muuxannoo wayyu kan qaban kanneen akka aaddee Adaanech Abeeb, Obboo Umar Huseenii fi miseensotni caffee baayyee osoo jiranii isaan ulaagaa maaliin akka mudaman godhame?

Biyyattiin daandii lakkuu irra dhaabbatee osoo raafamaa jirtuu yeroo qormaataa kanatti biyyattii kufaatii irraa oolchuuf xiyyeeffannoon hojjechuu osoo qabani diinni fagoo hin dhufu akkuma jedhamu muummichi ministeeraa abbaa oolmaa isaanii Arat Kiiloon isaan gahan balleessuuf shira hojjechuutti qabamaniiru. Obboo Lammaa Magarsaa abbaa oolmaa muummicha ministeeraa qofa osoo hin taane paartii ADWUI, uummattoota Itoophiyaa fi walumaagalatti biyya Itoophiyaa kufaatii irraa kan oolchan abbaa oolmaa seenaan bara baraan isaan yaadatudha.

Adeemsa siyaasaa biyya keenyatti ta'aa jiru:-

“Itoophiyaa biyya koo gowwaadha jedhamte

Kan siif du'e hafee kan si ajjeese nyaate.” Kan jedhu walaloo beekkamaa na yaadachiise.



## **Kiyyeessa Kiraa Sassaabdummaa Haaraa**

Kiraa sassaabdummaan Itoophiyaatti baayyee babal'achuu fi dhimma kanaafis sababa Kan ta'an dhaabbileen hawaasummaa bilisaan socho'uu dadhabuu, bilisummaan dubbachuu fi pireessii daangeffamuu, hirmaannaan uummataa hir'achuu fi mootummaan seerotaaf bitamaa ta'uu dhabuu fa'aa akka keessatti argaman qorannoowwan barreeffamaa tokko tokko ni addeessu.

Mootummaan waggota kurnan darban komishinii farra kiraa sassaabdummaa fi naamusa federaalaa dhaabee kiraa sassaabdummaa to'achuuf socho'aa turullee biyyattiitti kiraa sassaabdummaa fi gochootni walfakkaataa mul'atan hir'achuun hafee haala qindaa'een barumaan dabalaa deemuu argineerra. Dhaabni Intarnaashinaal Tiraanspaarensii Farra Kiraa Sassaabdummaa Adunyaa jedhamu gabaasa tartiibaan biyyoota kiraa sassaabdummaa irraa bilisa ta'an bara 2010/2018 irratti Itoophiyaa biyyoota 180 keessaa 107 irra kaa'eera. Iftoominnii fi gaafatamummaan dhabamuun, aadaa dimokiraasii gad aanaa, lammiileen kallattiin hirmaachuu dhabuu, aangoo fi seerotni ifa ta'an dhabamuu, sadarkaa gad aanaan dhaabbilee to'achuu, yakkamtoota adabuu dhabuu, aangoo fi qabeenyaa hunda isaa dhuunfachuun biyya keenyatti kiraa sassaabdummaa haalaan kan baay'isan ta'uu qorannoo hojii barreeffamaa bara 2008 irratti Baankiin Adunyaa ni agarsiisa. Steeti of Dipaartimantii Ameerikaa akka agarsiisutti kiraa sassaabdummaa , gibira waliin dhahuu, deddeebisa namootaa seeraan alaa, daldala meeshaa waraanaa, fi daldalli bineensota lagaa waggootan 27 darban gochoota yakka guddaa mul'atan keessatti argamu.

Harka koloneeffattootaatti kan hin kufne Itoophiyaan mootummaan Dargii bara 1983 aangoo irraa bu'uu hordofee mootummaan ADWUI aangoo fudhateera. Mootummaan Dargii kufuu hordofee uummanni Itoophiyaa abdiin eegaa turullee bara mootummaa ADWUI haala adda

ta'een farra guddinaa fi dhukkuba dimookiraasii kan ta'e kiraa sassaabdummaa kan jedhamu biyya keenyaatti babal'ate. Waggaa digdamii torban darban miseensa dhaaba ADWUI ta'ee garuu olaantummaan biyyattii akka fedhetti bulchaa kan ture ABUT yakki kiraa sassaabdummaa hin raawwanne,qabeenyi biyyaa hin saamne, afaan lammiilee hiyyeessotaa keessaa hin fudhanne hin qabu. Asirratti yakka kiraa sassaabdummaa ABUT raawwate tarreessee fixuuf waggaanuu nan gahu.

Gara muummicha ministeeraatti erga dhufanii waggaa tokko kan dabarsan Dr.Abiyyi Ahmad guyyaa aangoo qabatanii kaasanii, achii boodas irra deddeebiin xiyyeeffannoon isaanii jalqabaa kiraa sassaabdummaa loluu akka ta'e dubbataniiru. Kiraa sassaabdummaa akka cigga'an agarsiisuufis hattuu hattuu jennee maqaan waamna jedhanii kan turan muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad yaalii kiraa sassaabdummaa kana loluu keessattis lammiileen Itoophiyaa hundi hirmaachuu akka qaban dubbataniiru.Dhuguma jecha isaanii kabajanii hojiin kiraa sassaabdota seeraaf dhiyeessuu godhan quubsaadhaa?

Yoomillee kiraa sassaabdummaan guddina biyya tokkoo akka quucarsu hunduu kan irratti walii galu ta'uullee biyyoota guddataa jiran keessatti mootummaan deeggarsa uummataa argachuuf jecha keessattuu geggeessaan biyyoota Afrikaa “kiraa sassaabdummaa loluun hojii kiyya jalqabaati.” jedheelammiileef waadaa hin galle hin jiru.

Intilijansii Faayinanshiyaal Giloobaliin akka kaa'uutti yoo ta'e Itoophiyaan bara 1996 hanga 2007 qofa doolara Ameerikaa biiliyooa 26 karaa seeraan alaan akka biyyaa bahu godhamteetti.

Uummatni Itoophiyaa daangaa hanga daangaatti tokkummaan qabsaa'ee mootummaa ABUT kan kuffise adda durummaan kiraa sassaabdummaa fi abbaan hirrummaa waan isaanitti hadhaa'eef ture. Saamichi qabeenya

uummataa fi mootummaa, qoodinsa qabeenyaa haqummaa hin qabne, hojii dhabdummaa fi jireenyi haalaan qaala'uu, sanduuqni mootummaa duwwaa ta'uu fi kabajni saba tokko qofaa waan isaan aarseef jijjiirama fidnee kiraa sassaabdummaa kana dhaabna jedhanii qabsoo karaa nagaa geggeessuuf mana isaanii kan bahan dargaggootni kumaatamaan lakkaa'aman lubbuu isaanii dhaban.

Amma qurxummiileen gurguddoo kanneen akka obboo Barakat Simoon, obboo Siyyum Masfin, aaddee Asteer Masfin, obboo Abbaay Tsaayyee, obboo Sibi'aat Naggaa, M/jeneraal Kinfee Daanyaa, fi kanneen isaan fakkaatan hin jiran. Kiyoo kiraa sassaabdummaa isaan kun hundeessanis Dr. Abiyyi Ahmad kukkuteera. Jarreen keessaas gartokkeen hooggansa mootummaa irraa bu'anii muraasni hidhamanii kan hafan ammoo dhokataniiru. Barri kiraa sassaabdummaa ABUT waggaa tokko dura raawwateera. Kiraa sassaabdummaan garuu hin dhaabbanne. Akkasumatti itti fufeera. Dr. Abiyyi Ahmad aangoo muummicha ministeerummaa erga to'atanii jalqabee kiyyeessi kiraa sassaabdummaa haaraan hundaa'ee gara hojiitti galeera. Kiyyeessi kiraa sassaabdummaa haaraa abbootii taayitaa mootummaa olaano fi abbootii qabeenyaa of keessatti haammateera. ABUT biratti ergamtoota ta'anii kiraa sassaabaa kan turan amma sooromanii ofii isaanii qaama kiyyeessa kiraa sassaabdummaa haaraa godhaniiru.

Keessumaa abbootii taayitaa ABUT kan akka obboo Geetaachoo Asaffaa wajjin walta'uun qabeenya biyyaa saamaa fi saamsisaa kan turan abbootiin qabeenyaa muraasni amma akkuma ta'etti dhiifama gaafachuunii fi gatii guddaa baasuun kadhatanii mootummaa fi abbootii qabeenyaa jidduutti akka riqichaa ta'anii tajaajiluu irratti argamu. Akka fakkeenyaatti abbootiin qabeenyaa 44 ta'an yakka ragaa sobaa fayyadamuu fi gibira waliin dhahuun akka himataman kan irratti murtaa'e yoo ta'u, yeroo dhiyoo as garuu namoonni sun karaa obboo

Alamaayyoo Katamaa fi Obboo Dinquu Dayyaas abbaa alangaa waliigalaa obboo Birhaanuu Tsaggaayee wajjin maallaqa guddaan kadhataanii akka hin himatamne waadaan galameefiira. Obboo Dinquu Dayyaas dura obboo Geetaachoo Asaffaa wajjin hojjetaa waan tureef jalqaba irratti mangaagaa Dr. Abiyyi Ahmad seenee kan ture ta'ullee kadhaa hiriya fi gargaaraa maallaqaa isaanii obboo Abbaa Duulaa Gammadaatiin dhiifamni godhameefiira. Obboo Dinquu Dayyaas bara 2007 obboo Geetaacoo Asaffaaf Waashingiteen Diisiidhaa doolara miliyoona lamaan mana jireenyaa biteefii ture.

Abbaan dabaree biraa obboo Alamaayyoo Katamaati. Haati manaa obboo Alamaayyoo Katamaa aaddee Leensaa Guddinaa fi giiftii duree aaddee Zinnaash Taayyaachoo yeroo darbe maallaqa Faawundeeshinii Tumsaa fi Guddinaa irraa argameen Wucaalee irratti ijaarsa mana barumsaaf ta'u dhagaa bu'uura yeroo kaa'an qaawwaa Televizoonaan ilaalleerra. Shiriika ABUT kan turee fi maqaa ijaarsaan saanduqa mootummaa kan onse obboo Takilabirhaan Ambaayyee amma ABUT ganee karaa obboo Alamaayyoo Katamaa obboo Birhaanuu Tsaggaayee kadhatee qarshii guddaa kennuun irriba nagaa rafaa jira.

Deddeebisa maallaqa sharafa biyya alaa seeraan alaa kan hoogganu miseensa boordii daandii qilleensa Itoophiyaa obboo Abbaa Duulaa Gammadaati. Deddeebisni maallaqa sharafa biyya alaa seeraan alaa har'as hin dhaabbanne. Haata'u malee namoota kiyyeessa deddeebisa maallaqa sharafa biyya alaa seeraan alaa duraa harkatti yoo argame irraa fudhatama. Baay'een isaanii ammoo hojichayyuu dhiisaniiru. Hoogganaan olaanaa daandii qilleensa Itoophiyaa obboo Tawaldee G/Marii'aam hojicha bu'uura ajaja Abbaa Duulaa Gammadaatiin raawwatu. Fakkeenyaaf yeroo darbe ji'a Guraandhala keessa maallaqa hangi isaa doolaara 200,000, yuuroo 150,000, paawundii 68,000, riyaala saawudii 150,000 biyyaa baasuuf osoo jedhanii buufata qilleensaa

Booleetti to’annoo jala kan oolan lammiilee biyyoota alaa 8 ajaja obboo Abbaa Duulaa Gammadaa fi obboo Birhaanuu Tsaggaayeetiin akka gad dhiifamanii fi biyya isaaniitti deebi’an godhamaniiru. Maallaqichi garuu eessa akka gahe waanti beekamu hin jiru. Gara saanduqa mootummaatti galii hin godhamne. Gara buufata poolisii,galiiwwanii ykn baankii biyyoolessaa hin deemne.

Yakka kana ilaalchisee biiroon qorannoo yakkaa komishinii poolisii federaalaa xalayaa abbaa alangaa waliigalaaf barreesse irratti waliigalatti maallaqni biyyoota adda addaa namoonni biyyaa baasuuf osoo yaalanii qabaman hanga isaa doolaara miliyoona 1.3 yoo ta’u isaanis aaddee Kaatiruun Baashaabii(lammii Ruwaandaa), aaddee Maariyaa Laand Loophees(lammii Aangoolaa), obboo Asaanduu Abdallaa (lammii Komoroos), obboo Saayid Booyiroo (lammii Komoroos), obboo Saangaarii Diyaakiraajaa(lammii Koot Divaar),obboo Doonis Bansan okooyyee(lammii Naajeeriyaa), fi obboo Zuumanaa Dumziyaa(lammii Maalii) irratti yakka argame boordii daandii qilleensa Itoophiyaa karaa kaa’een akka hiikamu ibseera.Ministeera galiiwwanii kan taate aaddee Adaanech Abeebie maallaqa sharafa alaa biyyoota adda addaa karaa seeraan alaa namoonni biyyaa baasuuf yaalan seeratti dhiyaatanii murtee argachuu qabu jettee mormiteetti. Kana malees yakka kiraa sassaabdummaa hamaa wajjin walqabatee dubbiin kontiraaktaroota waliin walqabatu raajiidha. Mootummaa jijjiiramaa jedhee of kan waamu gara aangootti dhufuu isaa hordofuun hojiin sadarkaa Itoophiyaa tokko seeramaleeyyii karaa qaxxaamuraa ragaa sobaa fayyadamuu fi yakka gibira waliin dhahuun walqabatu biiroon qorannaa yakkaa komishinii poolisii federaalaa,daarektarri qorannoo yakkaa Gumurukaa fi Taaksii qorannoo irratti godhee himanni akka irratti banamu gara hoogganaa abbaa alangaa waliigalaa obboo Birhaanuu Tsaggaayee erga ture.

Kanneen karaa qaxxaamuraa kana keessaas Maankood, Takilabirhaan Ambaayee, Saatikoon, Saanshaay, Suur, Afiroo Tsiyoon, Yooteek, Konistiraakshinii Saantaamaariyaa, fi kanneen biroo keessatti argamu. Kanuma jidduutti dhimmichi akka cufamu kan barbaade abbaan alangaa waliigalaa xalayaa qorannoon dabalataa akka godhamu ibsu biiroo qorannoo yakkaa federaalaatti barreessaa, karaa biraa ammoo jarri karaa gumii isaanii ol iyyannoo akka dhiyeeffatan gorsaa himannaan akka dafee hin banamne tursuu itti fufe. Maaliif yoo jettan, obboo Birhaanuu Tsaggaayee cinaan karaa obboo Alamaayyoo Katamaa jara wajjin qarshiin waliigalaa turan. Obboo Birhaanuu Tsaggaayee dhimmicha hoogganaa turanillee isaan wajjin kanneen biroos ni jru. Dhuma irrattis yakka ragaa sobaa fayyadamanii fi gibira waliin dhahuu kanaan himanni itti banamuuf dhuma irra kan gahe abbootiin qabeenyaa kun filannoo biraa waan hin qabneef akka ulfaatina yakka isaaniitti maallaqa itti murtaa'e kennuun bilisa bahaniiru.

Obboo Birhaanuu Tsaggaayee kiyyeessa kiraa sassaabdummaaf kan mijatan bakka murteessoo adda addaas qabataniiru. Obboo Birhaanuu Tsaggaayee taayitaa abbaa alangummaa walii galaatti dabalataan walitti qabaa olaanaa kaawunsilii dhaaba haqaa, miseensa boordii daandii qilleensa Itoophiyaa fi miseensa boordii baankii biyyaalessaa Itoophiyaati. Caasaa dhaaba haqaas akka fedhii isaaniitti kan qindeessan nama abbaa dabaree kana.

Fakkeenyi biraa ilkaan isaanii kan itti ciniinnatan abbaa qabeenyaa tokko akkas godhaniiru. Namichichi dahoo siyaasaa malee nama olii gadi jedhee sooromuu danda'e lammii biyya Eertiraati. Kan jiraatanis magaalaa guddoo keenya Finfinnee yoo ta'u, maqaan isaanii obboo Alam Tafarraa jedhamu. Abbaa qabeenyaa raabsa boba'aa marfata Goofaatti argamuuti. Namicha kana balleessaa tokko malee ji'a tokko dura miseensotni tikaa mana jireenyaa isaanii fuudhanii daddarbaa mana

hidhaa galchu. Reebaas maallaqa hanga qabu yoo kennuu baate akka hin gad dhiisne sodaachisu. Namichi dafqee humna isaatiin bulu kun qarshii miliyoona 20 jedhame kafaluun bahuu danda'aniiru. Erga bahanii boodas gara muummicha ministeeraa deemanii iyyannoo dhiyeeffatanis nama isaan dhaga'u dhabanii osoo gaddanii gara mana isaanii deebi'aniiru. Nama kana dursee argee kan kiyyoo keessa galche abbaa dabaree obboo Alamaayyoo Katamaati. Obboo Alamaayyoo Katamaa nama saba Tigiree ta'e hin jaalatan. Sababni isaa haati qabeenyaa biliyoonnaraa biyya keenyaa aaddee Akikoo Siyyum (haadha qabeenyaa Giruupii Arkaad) yeroo tokko biyya Yuugaandaa osoo jiranii walitti bu'uu isaaniin reebanii turan jedhama. Kan biraa fi dhimmi guddaa ammoo maqaa Faawundeeshinii Guddinaa fi Tumsaan yakka faayinaansii hojjetamaa jirudha. Maallaqa dhaabbata gocha gaarii Faawundeeshinii Guddinaa irraa argame... yeroo jedhamu dhaga'uun keessan hin hafu. Fakkeenyaaf dureessaa addunyaa keenyaa irraa maallaqni doolara miliyoona 200 maqaa Faawundeeshinii Guddinaa fi Tumsaan argame biyyaa baafameera. Dabalataanis yeroo adda addaatti biyyoota alaa irraa bifa gargaarsaatiin maallaqni argame jedhamee miidiyaan dhageessan hunduu baankii biyyaalessaatti galii ta'uu dhabuu isaaniitiin biyyattiin dhabama sharafa maallaqa alaan raafamaa jirti. Faawundeeshiniin Guddinaa fi Tumsaa kan hoogganamu haadha manaa obboo Alamaayyoo Katamaa aaddee Leensaa Guddinaa Tumsaan ta'uun isaa ni beekama. Amma garuu maqaa dhaaba gocha gaarii kanaan seera faayinaansii bayyattii haala cabseen hojiin maallaqa deddeebisuu fi biyyaa baasuu raawwatamaa waan jiruuf haati warraa muummicha ministeeraa aaddee Zinnaash Taayyaachoos karaa al-kallattiin itti dhiyeenyaan Faawundeeshinii Guddinaa fi Tumsaa geggeessaa jirti. Cabinsi hojimaata faayinaansii ammoo haala seera qabeessa fakkaatuun akka raawwatamu hojii galmee qindeessuu kan hojjetu fira dhiyoo obboo Alamaayyoo Katamaa kan ta'ee fi yakka kiraa

sassaabdummaa kana akka dayeessuuf jecha deetaa ministeera Ikoonomii fi faayinaansii ta'ee muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmadiin kan mudame Dr.Iyyoob nama jedhamudha.

Ministeeraa Ikoonomii fi Faayinaansii ta'ee hojjetaa kan jiru obboo Ahmad Shidee namni kun hojii kiyya keessa gala jedhee irra deddeebiin muummicha ministeeraatti iyyata dhiyeeffatus deebii walii galtanii hojjechuun akkamitti isin dhiba jedhu argataniiru.

Obboo Birhaanuu Tsaggaayee golgaa kiyyeessa kiraa sassaabdummaa haaraa fi yeroo kiyyeessa kiraa sassaabdummaa haaraa(waggaa tokkoo as) kan kiraa sassaabdotti bulchiinsa ABUT waggootan 27 darban keessatti gamtaan funaanuu hin dandeenye maallaqa hanna kuufachuu danda'aniiru. Raawwataan dhimma obboo Birhaanuu Tsaggaayee amanamaan obboo Salamoon Balaachoo jedhama. Obboo Salamoon Balachoo waliin firooma qabu. Obboo Salamoon Balachoo hanga bara 2003tti gargaaraa konkolaataa IZUZU ta'anii hojjetaa turan. Sana booda faddaalaa obboo Birhaanuu Tsaggaayee ta'uun lafa Sabbataa dabaan gurguraa nama FSR bitedha. Sabbataatti nama qotee buloota Oromoo meeqa buqqisee fi boochisedha. Obboo Birhaanuu Tsaggaayee fi Obboo Salamoon Balachoo bulchiinsa magaalaa Sabbataatii lafti gurguran lakkoofsi isaa hin beekamu. Kana maxxansa keenya itti aanu keessatti bal'inaankatabna.

Yeroo sanaa qabee obboo Birhaannuu Tsaggaayee irraa bakka bu'umsa seeraa fudhatee mana jireenyaa abbaa darbii lamaa(G+2) Alamganaatti argamu kireessuun kan to'atuuf faddaalaa Obboo Salamoon Balachoo nama jedhamu kana. Guraandhala 2011 ammoo obboo Birhaanuu Tsaggaayee qarshii miliyoona 23n kutaa magaalaa Laaftoo Nifaas Silkii bakka addaa Imbaasii Vaatikaanitti mana jireenyaa abbaa darbii lamaa tokko maqaa Obboo Salamoon Balachooniin biteera. Amma ji'a qabanne kana keessa gamoo abbaa darbii lamaa(G+2) sana jigsuun



gamoo biraa sadarkaa isaa eeggate hojjetaa jiru. Dabalataan yakka gibira waliin dhahuun himatamuuf kan ture obboo Dinquu Dayyaasaa Yuunaayitid Steetii fi Kanaadaadhaa manneen jireenyaa sadi obboo Birhaanuu Tsaggaayeeff waan biteef himanni akka irratti hin banamne waadaa galaniifiiru. Obboo Birhaanuu Tsaggaayee tibba kana ammoo abbootii taayitaa mootummaa faallaa isaa dhaabbatanii fi gochoota kiraa sassaabdummaa isaa irratti baran adamsaa manneen jireenyaa lafa mootummaan kenneef irratti ijaaraman eessaa fiddan jechuun sodaachisuu yaalaa jira.

Qabxiilee armaan olitti tuqaman irraa kan hubannu kiyyeessi kiraa sassaabdummaa haaraan waggaa tokko keessatti baay'ee dhaabbilee qindaa'ee fi ammayyaa'e keessatti babal'achuu isaati. Kiyyeessi kiraa sassaabdummaa haaraa biiroo odeeffanoo fi nageenyaa hanga ministeera faayinaansii fi ikoonomii ,komishinii poolisii federaalaa hanga komishinoota poolisii Oromiyaa fi Finfinnee, abbaa alangaa walii gala hanga ministeera haqaa, biiroo muummicha ministeeraa hanga dureessota dhuunfaa, daandii qilleensa Itoophiyaa hanga ministeera galiiwwanii walkeessa fuudhuun kan qophaa'edha.

Kiyyeessa kiraa sassaabdummaa kana adda durummaan abbootii taayitaa hooggananiif Ameerikaa fi Kanaadaadhaa manneen sadarkaa isaanii eeggatan bitamaafii jira. Hamma yaadamuu olitti yeroo xiqqoo kana keessatti maallaqni biyyaa akka baafamu godhameera. Gabaabumatti wayyaaneen maallaqa waggaa 27 keessatti saamte caala waggaa tokko keessatti namootni bulchiinsa haaraa Dr. Abiyyi Ahmad saamaniiru. Saamamaas jira. Jarri “mootummaan keenya mootummaa jijjiiramaati,” jedhan “kiraa sassaabduun kallattiin hattuu kan jedhuu qabna” jedhan amma uummata Itoophiyaa homaa hin beekne irratti qoosaa waan jiran fakkaatu. Mootii haaraa malee jijjiiramni yoom dhufe akka jedhame... jijjiirama kan jedhame biyyattii keessatti bal'inaan kan

mul'atuu fi hiyyummaa keenyaaf sababa guddaa kan ta'e kiraa sassaabdummaa hanga danda'ame babbal'isuu moo hir'isuudha? Yookiin kiraa sassaabdota waggootan 27 turan kan biraan haaraan bakka buusuudha? Deebii isaa isiniif dhiiseera.


## **Kaameeraa Tikaan Adamsamaa Kan Jiru**

Waggaa tokkoon dura paartiin biyya bulchu ADWUIn jijjiirama bu'uuraa hundeerraa taasiseera jedhus har'as akkuma bara olaantummaa bulchiinsa ABUT lammiileen siyaasa hordofanii fi sababa eenyummaa isaaniiif jecha humna nageenyaatiin adamsamanii sodaachifamuu, hidhaa fi ajjeefamu, akkasumas qabeenya isaanii irraa mulqamuuf saaxilamaa jiru. Jijjiiramicha ganama ukkaamsaan ta'aa jiru adda dureen namoota Oromoo ta'an irratti kan xiyyeeffate ta'ullee saba Tigiree fi muraasa gaaffii eenyummaa kaasan abbootiin qabeenyaa dhalatoota naannoo Kibbaas saaxilamummaa irraa hin oolle. Magaalaa guddoo keenya Finfinneetti abbootiin qabeenyaa hedduun maallaqa hojjetanii argatan dirqamanii humna nageenyaaf kennaa jiru. Kana dura naannoo Oromiyaa bakkoota adda addaatti qophii sirna simannaa ABO namoonni qindeessaa turan hundi funaanamanii hidhamaa jiru. Harargee, Baalee, Arsii, Shawaa haala addaatiin ammoo labsii yeroo muddamaa jalatti bulaa kan jiran Gujii fi wallaggatti kan ajjeefamanii fi lammiilee qulqulluu qabeenya isaanii irraa fudhatame dhibbootatti lakkaa'amu.

Caasaan tikaa keessattuu hojjetootni biiroo odeeffannoo fi nageenyaa karaa adda ta'een namoonni isaan hordofaa jiran hedduudha. Namootni hojjetootni mana hojii biiroo nageenyaa kun irratti xiyyeeffatan uummata kakaasuun mormisiisuu danda'u jedhamee kan itti amaname, adeemsa siyaasa muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahmad irraa adda ta'een kan dhaabbatanii fi obboo Lammaa Magarsaa waliin walitti

dhufeenya qabu jedhamee namoota adda bahanidha. Namoota xiyyeeffannaan irratti godhame kana keessaa dhiibbaa uumuu isaa fi tarsii moo siyaasaan beekkamaa kan ta'e obboo Jawaar Mohammad keessatti argama. Obboo Jawaar Mohammad dargaggoota Oromiyaa keessa jiran hunda walitti qabee qabsoofsisuun cunqursaa fi hudhaa ABUT nurraa kan kaase nama addaa uummata Oromoo irraa argame jechuun ni danda'ama. Jawaar ABUT irratti kan qabsaa'e akka dhuunfaa fi jaar miyaatti ture. Akka nama dhuunfaatti Feesbuukii fayyadamuudhaanii fi akka jaar miyaatti OMNn dhaabuu fi hoogganuun ABUT irratti waggootaaf qabsaa'eera. Dr. Abiyyi Ahmad obboo Jawaar Mohaammaditti ilkaan isaanii kan ciniinnatan fuulaa fi fuulaattis ta'uu baatu "Dura taa'aan OPDO/ODP obboo Lammaa Magarsaati malee Dr. Abiyyi Ahmad ta'uu hin qabu. Dura taa'aa OPDO/ODP yoo ta'e itti aansuun dura taa'aa ADWUI ta'uun muummicha ministeeraa ta'ee tajaajjuuf deema waan ta'eef ani Dr. Abiyyi hin amanu. Muummicha ministeeraa ta'ee gaaffii uummata Oromoo deebisuu kan danda'u obboo Lammaa Magarsaati." guyyaa jedhe sana ture. Kunoo amma obboo Jawaar Mohaammad mootummaan Dr. Abiyyi Ahmad gaaffii uummata Oromoo deebisuu akka hin dandeenye waan hubatee fi muummichi ministeeraas waadaa uummata Oromoof gale cinaatti dhiisee abbootii siyaasaa faallaa kanaa waliin waan hiriireef, Jawaar uummata qabsoof kakaasa jedhamee sodaatameera. Obboo Jawaar waliin ta'ee qabsaa'aa kan ture piroofeesar Hisqi'eel Gabbisaas ejjennoo daandiin Dr. Abiyyi Ahmad sirrii miti jedhu waan qabateef qofa adamsamaa biraa ta'uu danda'eera. Yoo danda'ameef obboo Jawaaris ta'e Profofeesar Hisqi'eel mufatanii biyya gad dhiisanii akka bahan dhiibbaan irratti godhamaa jira. Kanaafis kiyyoon maallaqa maqaa uummataatiin nyaattaniittu jedhu qophaa'ee fiira. Ariitiidhaan sababa odeeffannoo dabarsuuf dhaabbanni Feesbuukii marsariitii isaarraa dhorkee kan beeku madaaltichi cimaa activist Jawaar Mohaammad maaliif callisuu filate jechuun irra

deddeebiin gaafachaa kan jirtan dinqisiifattootnii fi diinotni isaa hunduu kitaaba kana keessatti deebii quubsaa akka argattan abdiin qaba.



Dhimma araara ABO fi OPDO/ODP waliin walqabatee akka araarsituu qaama sadaffaa ta'ee garee lachanuu walii galcha jedhanii walii galtee baasan sanaafis humni tikaa ilkaan itti ciniinnateera. Qaamolee lachuu walitti araarsuuf jecha geggeessa waraana ABO zoonii dhihaa Jaal Marroo(Kumsaa Dirribaa) bakka jiru deemanii kan dubbisan haadha qabeenyaa aaddee Maakiyaa, riilsteetii fi ijaarsawwan biroo irratti kan bobba'e Doktor Injinar Mallasaa Hayilee fi ABUTn ukkaamsamee waggaa 15 hidhaan dararamaa kan dabarse Injinar Masfin Abbabaa fa'a. Namoota sadeen kanaan maaliif waliigaltee akkasii qopheessitan jedhamanii sodaachisaa fi dararamni irra gahaa jira. Doktor Injinar Mallasaa Hayilee invastimantii riilsteetiif bulchiinsa magaalaa Laga Xafoo irraa lafti fudhatan mootummaan irraa fudhatamuuf akka jedhu dhaga'ameera. Injinar Masfin Abbabaa araara ABO fi OPDO/ODP eenyu akka gufachiise akka hin dubbanne sodaachisni irra gahee ammas hordoffiin irratti godhamaa jira.

Hundeessaa baankii hojii gamtaa Oromiyaa fi miseensa boordii kan turan manguddoon abbaa qabeenyaa obboo Hayilee Gabree jedhaman sababa tattaaffii ABO fi OPDO walitti araarsuugodhaniif sodaachisnii fi dararamni irra gaheera.

Ergitootni bunaa tokko tokkos akkasuma ajaja obboo Alamaayyoo Katamaan adamsamaa jiru. Obboo Lammaa Magarsaa wajjin walitti dhufeenya qabu jedhamanii muudamtoota nageenyaa biyya keessaan adamsamaa kan jiran hedduudha. Muudantoota odeeffannoo biyyaalessaa fi nageenyaan adamsamaa jiru jedhamanii namoonni maqaan isaanii olitti tuqame isaan muraasadha. Walumaagalatti obboo Lammaa Magarsaa waliin walitti dhufeenyaa fi dhiyeenya qabu jedhamanii namoonni yaadaman hundi itti dhiyeenyaan basaasamaa fi adamsamaa jiru.

Obboo Shimallis Abdiisaa gara geggeessummaa naannoo Oromiyaatti erga dhufanii akkasumas obboo Aaddisuu Araggaa gara hooggansa biiroo OPDO/ODP erga dhufanii kaasee hooggantootni naannoo hooggansummaa irraa bu'an hundi bahaa fi galli isaanii ilaalcha kaameeraa tikaatiin basaasamaa jira. Gochi humna tikaa lammiilee balaa irraa biyya ammoo diina irraa eeguu ta'ee osoo jiruu lammiilee qulqulluu adamsuutti xiyyeeffachuun biyyis balaa irra bu'ee lammiileenis yakka bifa baay'eef saaxilamaa jiru. Mootummaan isaan kana akka dadhabbina isaatti fudhatee yoo sirreessuu baate jijjiirama kan jedhame gara jeequmsaatti akka hin jijjiiramne sodaa kiyya ammumarraa ibsachuun barbaada.

## **Raayyaa Feesbuukii**

Dr.Abiyyi Ahmad namootaa 2210 ta'an biyyaa keessaa fi biyya ambaa kan jiraatan tooraa Feesbuukii irratti qacaruun hojjechiisa kan jiran ta'uu irraa qaqqabamee jira. Basaastonni Feesbuukii kun uummatan akka hin beekamneetti ijaaramanii jiru. Raayyaan Feesbuukii kun tiwiitaraa fi kan toora hawaasummaa biroo fi marsariitiiwwan adda addaa walitti hidhamuudhaan kan fayyadaman yoo ta'u illee irraa caalmaan ergama isaanitti kenname bahuuf jecha toora Feesbuukii kan dhimmaa bahanidha. Walitti hidhaminsa toorawwaan hawaasummaa keessaa sababni Feesbuukiiin filatameef bifa hunda hirmaachiseen Itoophiyaa fi dhalatoonni Itoophiya ta'an dhimmaa dhuunfaa isaanis ta'e siyaasa biyyattii hordofuuf Feesbuukiiitti kan filatanidha.Waggaa tokkon dura Obboo Jawaar Mahaamad ergaa isaan dabarsan hordofuuf illee baay'een isaanii Feesbuukii banachaa turuun isaanii waan hin haalamnedha. Haala siyaasa biyyaa keenyaa Feesbuukiiin bal'inaan tamsaasu irraa darbee uummanni akka qabsaa'uuf ykn deeggarsa argachuuf ille meeshaa isaa olaanadha. Amma amma garuu Feesbuukii cufuun uummanni yaada isaa bilisaan ibsachuu waan daangeessuuf akka salphaatti waan ilaalamu miti. Yeroo ammaa Bulchiisni Dr. Abiyiy Ahmad dhimma kana waan hubateef Feesbuukii cufuu irra namoota (namoota dhiibbaa geessisan dabalatee) humna maallaqatiin kan ofii godhachuun gurmessee baati saddeettan darban keessatti itti fayyadamaa jira.Warreen Feesbuukiiitti dhimma bahan kun bakka fi yeroo barbaadamanitti BulchinsaDr.Abiyyi Ahimaddeeggaruuf karaa miidiyaalee televiziyoona mootumma adda addatiin dhiyaatanii yaada akka kennan ni taasifamu. Irraa caalmaan Feesbuukii irratti kan hojjetan inni guddaan Dr.Abiyyi Ahimaddhimma tokko irratti yeroo isaan yaada kennan sana akka kallattiitti fudhachuudhaan yaada mataa isaanii itti dabaluun uummata amansiisuuf yaaluu ykn dhiibbaa geessisuudha. Muummichi ministeeraa biqiltuu dhaabna yoo jedhan isaan duukaa bu'udhaan dhimma dhaabbii biqiltuu

kana bal'inaan tamsaasuun itti ho'isaa faayidaa sayaasaa isaanii irra olchuuf ergaa adda addaa itti dabaluun tamsaasu. Muummichi ministeeraa filannoon itti aanuu dheerachuu akka qabu yaada yeroo isaan kennan yaada isaanii duukaa bu'uun filannichi dheerachuun fayidaawwaan sobaa amansiisaa hin taane barbaaduudhaan uummata amansiisuf ni yaalu. Ergamtoonni Feesbuukii kun yeroo waan kana raawwatan wali walii isaanii wal dubbisu. Akkatuma kallattiin isaaniif kennameen ergaa basaasaan Feesbuukii tokko barreesse toora kana jala warri jiran basaastoonni Feesbuukii kanneen birootiif ni dabarsu (qooduun, ykn tiwiit gochuun). Faallaa muumicha ministeeraa ta'uun namoonni dhiibbaa guddaa geessisuu danda'u jedhamee shakkame gamtaan irratti duulu. Yaada isaa fudhatama dhabsisuu fi busheessuuf irratti wal-cacabsu. Fakeenyaf Dr. Itanaa Habtee muummichi ministeeraa Dr. Abiyyi Ahmad mooraa sabboonumaa uummata Oromoof haaradha waan jedheef warri raayyaa Feesbuukii kun akkamitti akka itti duulan argine jirja. Hojiin raayyaa feesbuukii kun gurmoo hawwaannisaa wajjin kan walfakkaatan yoo ta'an warreen Feesbuukii irratti qacaramanif gurma'an kun sadarkaa caaseffamaa ni qabu. warreen barnoota fooyya'aa, beekumsa siyaasaa fi dhiibba uumuu danda'an sadarkaa isaa jalqaba keessaa jiru. Abbootii taayitaa ta'anii Kan of irratti hin beeksisnes keessa jiru. Warreen beekumsaa fi dhiibbaa uumuun gad aanaa jedhamanii yaadaman jala jaraatti gurmeessu. Fakkeenyaaf warren raayyaa Feesbuukii ta'an keessaa kan akka Dr. Birhaanuu Magarsaa, Obboo Yonaataan Tasfaayee, Dr. Birhaanamasqal Abbabaa, Obboo Iyaaspeed Tasfaayee, Aaddee Bileen Masfin, Obboo Siyyum Tashoomaa (yeroo dhiyootti kan itti makame) Dr. Darajjee Garafaa, Obboo Darajjee Beegii fi namoonni kanneen biroo kanneen biroo 2110 ta'an ni jiru. Haala kafaltii isaanii ilaalchisee warreen biyya alaa jiran hundaaf ji'a ji'aan kan isaaniif kanfalamu doolara 1,000 yoo ta'u yeroo tokko tokko ji'a lamaan lakkoofsa herreega baankii galmeessisan irratti galii ta'aaf.

Kanneen biyya keessa jiraataniif ammoo kafaltii isaanii karaa isa addadureen isaan gurmeesseen harkatti kennamaf. Akkaatuma sochii namootaatiin ji'aan qarshii 10,000 hanga 20,000tti argatu.

## **Dhimma hanqina sharafa biyya Alaa**

Biyyi keenyaa Itiyoophiyaan waggootaaniif hanqina maallaqa sharafa biyyaa alatiin akka miidhamaa turte galmeewwan baankii biyyaaleessaa ni agarsiisu. Galiin daldalaa akkataa karoorfamee fi bifa barbaadameen deemsisuuf kuufamni maallaqa sharafa alaa adda dureedha. Hanqina sharafa biyyaa ala biyyoonni qaban rakkina kana keessaa bahuuf jecha yaada furmaataa adda addaa fayyadamu. Daldaalaalaa jajjabeessuu fi guddisuu, galii daldalaa irratti akkuma akka isaatti qaraxaa guddisuu fi kootaa itti buusuu,biyyoota alaa irraa liqii fi deeggarsa barbaaduun keessatti argama. Biyyattii kanaan fuudhadhe kaazeenaa duwwaa wajjin kan jedhan Dr. Abiyyi Ahimad mootumman biyyattii rakkoo dinagdee ishee muudate keessaa akka baasuwaadaa galanii turan. yeroo sanatti kuufamni maallaqa sharafa biyya alaa baay'ee xiqqaa waan ta'eef daldalli gabaa guraachaa akka malee ho'ee, sababa sanaanis gatiin shaqaxaa adda addaa akka malee dabalee ture. Rakkoo sharafa biyya alaakana hiikuuf socho'aa kan ture bulchiisni Dr. Abiyyi maallaqa sharafa alaaf gahaa ta'e kan doolara Biliyoonaan lakkaawwaamubiyoota akka Yuunaayitid Arab Imireetis ,Saawud Arabiyaa fi biyyoota biraa irraa bifa deeggarsaa fi liqiitiin akka argate nutti himee ture. Haata'u malee har'as bulchaan baankii biyyaaleessaa irra deddeebiin hanqinni sharafa maallaqa biyya alaanu rakkisaa jira jechaa jiru. Maddi rakkoo kanaatokkoffaan:-

maallaqni sharafa biyya alaa bifa deeggarsaan argaman hundi baankii biyyaaleesaatti galii hin taane. Kuufamni maallaqa sharafa biyyaa alaa baankii biyyaaleessaa keessa jiru walumaagalatti sirumaayyuu



deeggarsaan kan argamee gadidha. Gareen mootummaa sababa hin beekamneef dhimma dhuunfaa isaaniitiif kaawwatan ykn biyyaa baasaniiru jechaadha.

Lammafaan: Maallaqni sharafa biyyaa alaa baankii biyyaaleessaa keessa jiru kan heeyyamamuuf namoota muraasa mootummaatti dhiyeenya qabatan qofaafi. Namoonni kunneen ammoo irraa dedeebiin hanga heeyyamuu qabuu olitti kuufachaa fi gara biyya alaatti baqachiifachaa jiru. Fakkeenyaafabbootii dabaree Dr.Abiyyi Ahimad kan ta'an kan akka Obboo Alamaayyoo Katamaa fi Obboo Dinguu Dayyaasaa maqaa deemsa biyya alaatiin torbaniin maallaqa doolara 20,000 baankii irraa fudhachaa jiru. Nama biroof adeemsa biyya alaatiif jedhamee kan heeyyamameef maallaqaa doolara 200 ta'un ni beekama. Namoota abbootii dabaree kanaaf hanga maallaqaa tuqame akka heeyyamamuuf ajajaa kan kennan pirezidaantii baankii Daldalaa Itoophiyaa obboo Baacaa Ginnaa fi miseensa boordii baankii biyyaaleessaa fi abbaa hangoo baay'ee kan ta'an Obboo Birhaanuu Tsaggaayeedha. Walitti hidhaminsa kanaaf maqaa ilmaa isaatiin obboo Baacaa Ginnatiif biyya Ameerikaa Danvar kolooraadoodhaa manni jireenyaa Doolara 500,000n karaa Obboo Alamaayyoo Katamaa bitameeraaf.

## **Balaa Buqqa'insa Lammiilee**

Bara 2010 Itoophiyatti lammileen biyya keessaa buqqa'uun(Internal displacement) bara itti mudatee ta'u irra darbee akka addunyaatti sadarkaa tokkoffaa qabateera. Akka UNICEF fi IOM gabaasanitti hanga ji'a Hagayyaa bara 2010tti qofa lammileen miliyoona 2.8 ta'an naannoo jiraatan irraa kan buqqa'an yoo ta'u, buqqa'uu lammileetiif sababni inni guddaa hooggantota mootummatiin kan qindeeffame walitti bu'insa wali waliiti jedhameera. Fakkeenyaaf naannoo Beenishaangul Gumuz irraa kan buqqifaman lammilee 200,000 ol ta'an humna nageenyaa mootummatiin maqaa Adda bilisumma Oromoo balleessuuf jecha ofii isaaniitii hooggantoota Gumuz daandii irratti eeganiitti dhukaasuun erga ajjeesanii booda sababa ABOtti qabachuu isaaniitiini. Naannoo Kamisee fi Kaabaa shawaatti walitti bu'insi walfakkaataa uumame shira mootummaatiini.

Akka gabaasichatti lammileen Oromoo miliyoona 1.6 ,Geedo'o kuma 900, sumaalota kuma 200, Tigiroota kuma 60, Amaarota kuma 25 fi lammileen biroo kuma 15 ta'an naannoo jiraatan Sumaalee, Oromiyaa, Amaraa fi Beenishaangul irraa buqa'aniiru. Lakkoofsi namoota biyya keessaa buqqa'an dhibbeentaan yeroo ibsamu:-

Oromoo-%57.15

Geedi'oo -%32.14

Sumaalee -%7.14

Tigiree -%2.14

Amaaraa -%0.89

Kanneen biroo -%0.53

Akka gabaasa USAIDtti yeroo ammaa Itoophiyaatti kan argaman lammileen miliyoona 7.9 ta'an deeggarsa midhaan nyaataa arifachiisaan argachuu barbaadu. lammileen deeggarsa midhaan nyaataa arifachiisaa barbaadan wal-duraa duubaan naannoo Oromiyaa, naannoo sumaalee, naannoo Kibbaa fi bakkeewwan adda addaa mooraa baqaa (baay'een isaanii sudaan Kibbaa) keessa kan jiranidha. Hundaa ol ammoo naannoo Sumaalee kan jiran sadarkaa yaaddeessa keessa waan jiraniif dursi kennameeraaf. Sabootni sumaalee, Oromoo, Geedo'o, baqattoonni sudaan Kibbaa wal-duraa duubaan rakkoo keessatti kufanii argamu. Muummichi Ministeeraa Dr. Abiyyi Ahimad erga gara aangooti dhufanii as buqqa'uun biyya keessaa ture nam-tolchee (artificial) ta'uu caala muudamtoota haaraa damee nageenyaan kan uumame ta'uu wantoonni agarsiisan hedduun jiru. Yeroo Ob. Lammaa Magarsaa pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa turan isaan dhabamsiisuf jecha maallaqa ramaduun namoota dhimma kana raawwachiisan filachuun gurmeessanii lammileen naannoo Oromiyaa bakkeewwan adda addaa keessumaa Gujii irraa akka buqqifamu taasisaa turaniiru. Dhimoota kana kan qindeessan ammoo muumichaa ministeeraa Dr. Abiyyi Ahimadiin kan muudaman hojjettoota Waajjira Odeeffanno fi nageenyaa turan. Naannoo Oromiyaa Zoonii Gujii fi Magaalaa buurrayyutii buqqaatiin lammilee itti yaadamee kan uumameef galmi inni biroo ammoo yaada Adda bilisumma Oromoo kolaasu mata duree jedhu jalatti akkan odeeffadhetti maqaa Adda Bilisummaa Oromoo gurraachessuu kan dabalate ture. kanaan dura muummichi ministeeraa lammileen qe'ee jiraatan irraa buqqa'un yoom akka dhaababtu gaafatamanii waggaa tokkoof itti fufuu akka danda'u dubbatanii turan. Maaliif bulchiisni Dr. Abiyyi lammileen akka buqqa'aan barbaada gaaffii jedhuuf dhimmoonni deebii ta'an barreefama kana keessatti mata duree adda addaa jalatti ibsamanii argattu. Argamus.

Ministeeri Nageenyaa lammileen qe'ee isaanii irraa buqqa'an keessaa baay'een isaanii gara qe'ee isaanii duraatit deebi'aniru jedhanis amma illee gaaffii dhabanii lammileen Itoophiyaa miliyoonaan lakkaa'aman qe'ee jireenyaa isaanii duraa irraa buqqa'uun bakkeewwan adda addaatti bittinnaa'anii jireenya hiyyummaa dhamdhamachaa biyya isaanii Itoophiyaa keessatti obboloota isaanitti aaraa jiru. mootummatti akka hin aarreef silumayyuu osoo mootummaan biyya jiraatee qe'ee isaanii irraa hin buqqa'an ture. Isaan mootumman hin jiru jedhani jalamuraniiru. Mootummaatu isin hin gad dhiisu jedheen malee. Mootummaan daldala siyaasa isaaf jecha ija isaa ashaboon dhiqatee ofuma isaatii akka buqqa'an taasisee namoota homaa hin beekne waliin olif gadi naanna'ee suura ka'aa oola. Mootumman heera mootummaa irraa bifa ta'ee jiruun lammileen biyya keessa naanna'anii jiraachuu, hojjechuu fi mirga qabeenya horachuu seeraan kennameef kabachiisuuf kophaatti aangoo isaaf kenname ta'ee osoo jiru lammilee buqqa'an waliin suura ka'aa siyaasa suuraa tarkaanfachiisa.

## **Gaaffii Afaan Oromoon tajaajilamuu?**

Uummanni Oromoo fi Uummanni biroon biyya keenyaa cunqursaa sabummaa cimsanii waan mormanii fi kanneen murtaa'an ammoo gara qabsoo hidhannootti waan ce'aniif gaaffiin isaanii giddu galeessaan kan deebi'eef yoo jiraate illee isaan keessaa baroottan darban waanjoo cunqursaa jalatti kufanii Afaan Amaariffaa dirqamanii barachaa fi itti tajaajilamaa kan turan uummanni Itoophiyaa afaan isaanitiin barachuuf barsiisuu fi akka afaan hojii mootummatti mirgi itti tajaajilamuu isaanii egameefii argineerra. Haata'u malee ammas cunqursaan sabummaa biyyaa keenya hin jiru jechuu hin dandeenyu. Sababni isaas biyya keenyatti kan arginu walqixummaa afaan uummattoota ilaaluu ni dandeenya.

Gaaffii walqixxumaa afaanii akka agarsiistuutti kanaan fudhadheef afaan uummata Oromoo ilaalchisee gaaffiin hin deebine waan jiraniifi. Isaanis waggootaaf gaaffii gaafatamaa turan:- gaaffii Afaan Oromoo Afaan bulchinsa Magaalaa Finfinnee akka ta'uu fi afaan hojii mootummaa fedeeraalaa mirgataasisuu fa'a.

Uummanni Itoophiyaa afaan danda'aniin waajiraalee mootummaa tajaajila kennan irra tajaajila argachuu yoo hin dandeenye ta'e bara mootolee fi dargii qabsaa'aa kan tureef ammas cunqursaan sabummaa hin hafne jechuudha. Namni tokko dhalatee qe'ee itti guddatetti afaan akaakayyuu fi akaakilee isaatti yoo hin tajaajilanne ta'e cunqursaa sabummaa jala jiraachuu isaa ragaan kana caalu hin jiru. Har'as bulchinsa mootummaa Naannoo Oromiyaatti magaala guddittii isaa fi madda diinagdeef aadaa fi giddu gala siyaasa uummata Oromoo kan taate magaalaa Finfinneetti uummanni Oromoo afaan isaatiin tajaajilli inni Waajiraalee bulchinsa magaalaa Finfinnee keessaa jiran irraa argatu tokko illee hin jiru. Biiroleen tajaajila kennankan bulchisoota magaalicha jala jiran hundi jiraattota magaalichaaf afaan tokko qofaan

tajaajila kennu. Waajjiraaleebulchinsa magaalichaatti tajaajjila argachuu kan dandeessu Afaan tokko qofaani. Jiraataan magaalichaa afaan Amaariffaa hin beekne tajaajila bulchinsa magaalichaatti mootummaan kennamu hin argatu jechuudha. Karaa biraa ammoo tajaajila jiraatoonni biroo argatan qixa argachuf ni rakkata jechudha. Dubbachaa kanan jiru waa'ee tajaajila mootumman kennu argachuudha.

Bulchisni magaalichaa jiraattotaaf tajaajila Afaan Amaariffaa qofaan waan kennuuf jiraataa magaalichaa taate osoo jirtuu Afaan Oromoo ,Tigiriffaa, Sumaaliffaa ykn Guraagiffaa kan dubbattu yoo taate warreen Afaan Amaariffaa dubbatan waliin walqixa mirga tajaajjila argachuu hin qabdu jechuudha. Kanneen Afaan Amaariffaa dubbataniin walqixa bulchiinsa magaalichaatti qacaramteemirgi uummatatajaajiluu namoota baay'eef waan guddaa itti fakkaachuu danda'a. Haata'u malee waa'ee carraa mirga hojii walqixa argachuuti. Ittigaafatamummaa uummaticha walqixa tajaajiluu dabalatas. Uummanni Oromoo finfinnee handhuura Oromiyaa jedhee waamuutti afaan isaatiin tajaajila mootummaan kennu argachuu, akkasumas afaan isaatiin kanneen biroo tajaajila kennuu ni barbaada. Uummata Oromoo qofa osoo hin taane waa'ee dhimma jiraattotni magaalichaabiroos afaan isaaniitiin mirga tajaajila mootummaan kennu argachuudha.

Afaan ilaalchisee gaaffiin lammaffaa uummanni Oromoo gaafatu Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa fedeeraalaa akka ta'u taasisuudha. Amma kan jiru Afaan hojii mootummaa fedeeraala Amaariffa qofaadha. As irratti Afaan Amaariffaa maaliif ykn akkamitti afaan hojii mootummaa fedeeraalaa ta'e kan jedhu irratti yeroo gubuun hin barbaachisu. Afaan Amaariffaa qofti Afaan hojii mootummaa Fedeeraalaa ta'uu kan danda'e seenaa akka tasaatti ta'e jedhanii bira darbuun deebii gahaadhaan olidha. Dhimmii as irraatti ka'e Afaan

Oromoo afaan hojii mootummaa Fedeeraala taasisuuf waan gaafatameefidha.

Bara bulchiinsa ADWUI darbanitti Uummanni Oromoo qabsoo uummata bal'aa hirmaachisuun taasise keessatti Afaan Oromoo Afaan hojii mootummaa Fedeeraala akka ta'uuf irra deddeebii fi karaa nagaatiin gaafacha tureera. Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa fedeeraalaa taasisuu jechuun yeroo amma qofaa isaatti afaan hojii mootummaa fedeeraalaa ta'ee kan tajaajilaa jiru afaan Amaariffaa hafeeAfaan Oromoon bakka buusuuf akka hin taane jala muramee beekamuu qaba.Kan jedhamee fi kan jedhamaa jiru Afaan Oromoo Afaan Amaariffaa biratti dabalamuudhaan Afaan hojii Mootummaa Fedeeraalaa nuuf haata'uu jechuudha. Afaan Amaariffaa Afaan hojii Mootummaa Fedeeraalaati malee Afaan Biyyaaleessaa Itoophiyaa akka hin taane Kan hin beekne baay'eetu jira.

Namoonni tokko tokkoo osoo beekanis ta'ee osoo hin beekiin Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa Fedeeraalaa akka ta'u gaafachuun finxaalessummaa akka ta'ee fi tokkummaa biyyatiif balaa akka ta'eetti hubachiisuuf yeroo rakkatan taajjabne jirra. Akkaa ilaalcha isaanitti afaan ofiin fayyadamuun finxaalessummaa yoo ta'u, Afaan isaanitiin fayyadamuun ammoo tokkummaa biyyaati. Walumaagalatti uummani Oromoo afaan isaatiin tajaajiluu fi tajaajilamuuf akka hin danda'u jechuuti. Finxaalessummaa/zaranyinat/ jechuun Afaan koon guddifadha jechuu osoo hin taane afaan kee guddifachuu hin dandeessu jechuudha.

Waggoottan lamaan darban dura qabsoo UummanniOromoo taasisaa tureen gara injifachuutti waan dhiyaateef mootummaan yeroo sana biyya bulchu aangoon harkaa isaa keessaa bahaa akka jiru waan hubateef gaaffii uummata Oromoo deebisuuf fedhii agarsiisee ture. Haata'u malee uummanni gaaffiin isaa akka deebi'uuf barbaadu illee karoorri qabsoo jalqabaa yoo xumuramu haala fooyya'aan gaaffilee kannneen

biroo dabalatee bakka tokkotti nuuf deebi'a jedhamee fedhii mootummaan agarsiise gara cinaatti godhamee karoorri qabsoo duraa xumurameera, carraan argamees tasumatti hafeera.

qabsoo gaggeefameen booda kan dura aangootti dhufe OPDO/ODP gaaffilee uummataa biroo fi fedhiwwan biroo dabalatee Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa Fedeeraala ni taasifna jechuudhaan uummataaf irra deddeebi'anii waadaa galaa turan. Kunoo waadaan erga galamee waggaan tokkoo darbeera. Yeroo fi bakka adda addaatti Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa Fedeeraalaa dhimma taasisuu ilaalchisee uummanni abbaa waadaa kan ta'an muummichaa ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad yammuu gaafatanitti deebii adda addaa kennaa turaniiru. Dr. Abiyyi Ahimad muummicha ministeeraa osoo hin ta'iin ji'oota muraasan duraa fi erga muummicha ministeeraa ta'anii ji'a muraasa booda gaaffilee ka'aniif deebii abdii namatti horan kennaa turaniiru. Muummicha ministeeraa osoo hin ta'iin ji'oota muraasaan dura Naannoo Oromiyaa bakkeewwan adda addatti marii uummata waliin yeroo taasisanitti deeggarsa uummataa fi fudhatamummaa argachuuf jecha Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa Fedeeraalaa taasisuun kaayyoo fi hojii keenya jalqabaa ta'a jedhaniiru. Muummicha ministeeraa erga ta'anii kaasee ji'a muraasaaf ammoo “Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa Fedeeraala dabalataa taasisuuf irratti hojjechaa jirra yeroo dhiyootti Afaan hojii mootummaa fedeeraalaa ta'a” jechuudhaan uummatahawwisiisaa turaniiru.

Dr.Abiyyi Ahimad erga muummichaa ministeeraa ta'anii ji'oota murtaa'een booda garuu deebiin isaanii abdii kan nama kutachiisu ta'aa dhufeera.

Fakkeenyaaf Onkolooleessaa 21 bara 2011 muummichi ministeeraa Dr. Abiyyi Ahimad biyya Jarmaan Magaalaa Firaankfaritti argamuun lammiilee Itoophiyaa achi jiraatanii fi naannoo sana jiraatan waliin



marii yeroo taasisanitti gaaffiin Afaan Oromoo Afaan hojii mootummaa fedeeraalaa taasisuu maal irra gahe jedhamanii yeroo gaafataman, akkas jedhanii turan:- “Afaan Oromoo Afaan hojii mootummaa fedeeraalaa akka ta'u Oromoo caala Amaarri gaafachuu qaba. Afaan Amaariffaa akka guddatuuf Oromoon irratti hojjechuu qaba. Akkuma Xaanaan keenya jenne Amaariffis keenya Afaan Oromoos keenya haa jennu.” Deebii isaanii kana irraa kan hubannu gaaffiicha deebisuuf kutannoo akka hin qabnedha. Uummanni Amaaraa yoo heeyyamuudhaa baate uummanni Oromoo sadarkaa mootummaa fedeeraalaatti Afaan Oromoon tajaajilamuu hin danda'u akka jechuuti. Amma amma ammoo gaaffii akkanaa kaasuun finxaalessummaa(Zaranyinat) warraa jedhaaman waliin walqabsiifameera.

Muummichi ministeeraa gaaffiilee mirgaa Uummata Oromo kana akka deebi'aniif kan hin barbaannee fi eenyummaa sabootaa,aadaa fi afaan uummattoota hundaa bu'uura godhachuudhaan kan ijaarame sirna fedeeraalaa diiguuf warreen tattaafatan waliin walitti hidhateera. Walumaagalatti uummanniOromoo muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad dhimma gaaffii Afaan keenyaa nuuf deebisa jedhee eeguu hin qabu. Gorsaan itti dhiyeenyaan Dr. Abiyyi Ahimadgorsu Daaqoonii Daani'eel Kibiraat dhimma kana irratti yaadaa fi ejjannoo isaa kan kenne irratti “Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa fedeeraalaa taasisuunfinxaalessummaa akka ta'ee fi tokkummaa Itoophiyaa waliinii keenyaatiifis balaadha ” jechuun isaa yaadannoo yeroo dhiyoo keenyaati.

## **Namichichaa fi Kitaabota Namichichaa**

Waajjirri Muummichaa Ministeeraa Qarshii Miliyoona tokko baajata Mootummaa irraa baasii gochuudhaan kitaaboota sadii maxxansiseera. kitaaboonni lama namichichaa fi adeemsaa waggaa tokkoo kan jedhamu yoo ta'u, inni sadaffaaf mata dureen hin moggaafamneef.

Kitaabicha kan barreessan Muummichaa Ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad yeroo Ministeeraa Saayinsii fi Teekinoolojii gaggeessaa turanii kan baranii fi namoota hirirootan isaani turanidha. Dabalataan Daaqoonii Daani'eel kibiraat kitaaboticha haala itti barreefamankan bocee fi hojii gulaaluu kan hojjete qajeelchaa masaraa mootummichaatti. Kaayyoowwan kitaabotichaa inni guddaan muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad uummata biratti fudhatamummaa akka argataniif kan bocamedha. Kitaabotichi Dr.Abiyyi Ahimad gurguddisuunnama waan hundaa uumuu fi taasisuu danda'u akka ta'aniitti beekamtii kennuufii yaaleera. Seenaabadaaummata Oromoo fi Amaaraa jidduu ture muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad kophaa isaa akka waan fayyiseettiseenaa walii nama hin galchine osoo duubatti hin jedhiin hubachisuuf yaalameera. Kitaabonni sadanuu Dr.Abiyyi Ahimad muummicha ministeeraa Osoo hin ta'iin dura jijjiiramicha duuba ta'uun gaggeessaa akka turanii fi bu'uureessitoota jijjiiramichaa keessaa isaan tokkoffaa akka ta'an ibsu. Bifa nama ajaa'ibuu fi nama gaddisisuun kitaabichi bu'aan jijjiiramichaa qaama kamiinuu akka hin dhufne ibsuudhaan, abbaan jijjiiramichaa muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad qofa akka ta'e beekamtii kenneeraaf.

Dhimmi biraa kitaabicha keessatti ibsame waa'ee haadhaa fi abbaa Dr.Abiyyi Ahimad Ob. Ahimad Alii(Abba Fiixaa) dha. Kitaaba namichichaa irratti maallaqni ramadameefii gaazexeessaan kitaabicha barreesse kallattii kennameef bu'uureeffachuun haadha namichichaa dinqisifachuudhaan abbaa ammoo tuffachuudhaan dhiyeessuuf yaaleera.



Haati Dr.Abiyyi Ahimad isa guddisuu irratti gahee guddaa akka taphattee fi Dr. Abiyyi Ahimad sadarkaa kana irra akka gahaniif yaaliinisaan taasisan adda duree akka ture kan ibsame yoo ta'u, abbaan isaanii ammoo ijoollee isaaniif nama dhimma hin qabnee fi hordoffii fi guddisa daa'ima irratti baay'ee dadhabaa akka ta'an ni tarreessa. Waa'een dhimma maatii isaanii bifa kanaan uummata bira akka gahu sababni barbaadameef waa'ee eenyummaa abbaa isaa tuffachuudhaan waa'ee eenyummaa haadha isaa ammoo gurguddisuuf jecha itti yaadamee hiikni siyaasummaa isaa qoratameeti.

Akkuma ta'etti kitaaba asoosama sobaa kana dubbisanii fixuuf obsa kan nama gaafatu ta'us, kan biraa kitaaba namichichaa keessattikan baay'ee na ajaa'ibekaraa Addaa Bilisummaa Oromoo fakkii kaasuu yaalamedha. Kitaabichaa irratti waa'ee Obbooloota isaa kutaan ibsu obboolaan namichichaa bilisummaa uummataatiif jecha umurii ijoollummaa isaaniitti Adda bilisummaa Oromoo loluu akka jalqabanidha. Kun waa'ee eenyummaa namichichaa sirritti ifa godhee kan mul'isudha. Namichichi Adda bilisummaa Oromootiif jibba hamaa akka qabu nutti mul'isa. Oromoo ta'ee ABO kan hin deeggarre jiraachuu

danda'a. Haata'u malee uummata Oromoofan dhaabadhe kan jedhu, ani Oromoodha jechaa ABO bifa kanaan xureessuun eenyuun gammachiisuuf akka ta'e kan nama jalaa dkokatee miti.

Turmaata aangoo waggaa tokkootiin maallaqa miliyoonaan lakkaawwamu sanduuqaa mootummaatii baasee ramaduunseenaa sobaa dhuunfaa isaa kan odeessan tokkoon tokkoon isaaniifuula 500 kan qaban kitaaboota sadi namni barreesse akkuma ta'u ta'ee waggaan tokko osoo dabalameefii maal gochuu akka danda'u isin duraa hin dhokatu.

Bara bittaa mootolii gonfoo mootonni Itoophiya bulchaa turan illee osoo lubbuun jiranii maallaqaan nama bitanii seenaa dhuunfaa isaanii hin barreessisne. Seenaan Atsee Minilikii fi Atsee Hayilasillaasee Kan barreeffame erga isaan darbaniiturtii waggoottan hedduun booda namoota qaama bilisaa birootiini.

## **Carraa Filannoo bara dhufuu**

Biyyi tokko gara sirna dimookiraasiitti ce'uu kan dandeessu filannoo bilisaa fi haqaqabeessaa akka biyyatti yoo gaggeessite qofa. Biyya Itiyoophiya dabalatee biyyootni Afrikaa baay'een carraa kana hin arganne. Biyya nootummaan filannoo bilisaa fi haqa qabeessaan hin filatamne keessa jiru keessatti sirni dimookiraasii yeroo lafa qabsiisu hin mul'atu. Biyyootnidimookiraatawa hin taane ija biyyoota dimookiraatawaa ta'aniitiin yoo ilaalamtu guddina diinagdee gad aanaa galmeessisaa sadarkaa jireenyaa gadi aanaa gaggeessaa kan jiranidha.

Fakkeenyaaf Awurooppaa dhiyaa fi Afrikaa wal-dorgomsiisuun ni danda'ama. Biyyoonni Afrikaa biyyoota Awurooppaa dhihaawaliin yoo wal-bira qabaman qabeenya uumamaatiin dachaa baay'een kan caalan ta'u illee mootummaa dimookiraatawaa uummataan filatame waan hin qabneef qofaa qabeenya isaanii fayyadamuu dadhabanii deeggarsa

biyyoota Awuroophaa dhihaatiin nyaata guyyaa guyyaa isaanii guuttachaa jiru. Itoophiyaanis seenaa ishee keessatti barootaaf sadarkaa safartuu agarsiistuu hiyyummaatiin ishee tokko taatee akka itti fuftu kan ishee dirqisisee hudhaan inni guddaan hanqina qabeenyaa osoo hin taane dhimma mootummaan dimookiraatawaa dhabamuuti.

Dhimma qabeenya Uumamaa kaasuun keenya erga hin hafnee Shaakkisoo fi Laga Dambii albuuda warqee argamu, Boorana kan jiru qabeenya horii gaafaa ,buna Jimmaa fi Wallaga jiru,dhagaa marbilii,warqee ,Pilaatiniyeemii fi midhaan dibataa biroo, dhagaa cilee Iluu Abbaa Booraa jiru,Baale, shawaa fi Arsii kan jiruharkisa turistii, Humnamaddisiisa elektirikaa fi misooma jallisiif kan oolu Gibee ,dhidheessaa,Awash, Gannaalee fi laggeewwan kana fakkaatan biyya keenya Itoophiyaa irraa darbanii biyyoota adunyaaf gahan turan. Garuu maal godha? Mootummaan uummataan filatame hanga hin jirretti qabeenya Uumamaa kanatti fayyadamuu hin dandeenyu.

Akka carraa ta'ee Itoophiyaa hanga ammatti mootummaan uummataan filatame hin gaggeessine. Filannoon gaggeefamaa kan ture maqaadhumaafi. Kanas filannoo bara 1992,1997,2002,fi 2007 irratti argineerra. Hanna korojoo filannoo fi sagalee filannootiin kan guutame ture. Paartileen mormitootaa hidhamaa fi reebamaa turan. Irra darbees paartileen mormitootaa filannootti hirmaachuun hafee shororkeessitoota jedhamanii biyyaa arii'amaa turan.Amma paartileen mormituu baqa irraa turan hundi gara biyyaatti deebi'anii jiru. Paartileen haaraanis hundeeffamaniiru. Kan walitti makamanis jiru, kaayyoon keenya mootummaa jijjiiramaa kanadeeggaruudha kan jedhanis hin dhabaman.



Kan akka ABO, ABN fi kankana fakkaataan paartileen jiddu galeessaan deeggarsa uummataa fooyyee qaban filaannoon dhufu yeroo qabameef keessatti akka gaggeefamu barbaadu. E-ZM/IZEMA/ jedhamee haaraa kan hudeeffamee fi dhaabni Dr. Birhaanu Naggaan gaggeefamu ammoo filannoon biyaaleessaa bara 2012 gaggeefamu akka dheeratu barbaadu.

Muudamni miseensota boordii filannoo Biyaaleessaas yoo ta'e EZEMA fi dhaabbilee siyaasaa isaan fakkaataniif kan mijatedha. Muummichi ministeeraa miseensotni boordii filannoo biyaaleessaa akka waliigalattiilaalcha siyaasa wal-fakaataa kan qaban irraa akka walitti qabaman kan taasisan itti yaadaniiti. Durbee Burtukaan Midhaksaa hiriyoottan isaanii durii kan akka Dr.Birhaanu Nagga akkam gootee akka kununsaa jirtu tajjabaa jirra.

Filannoo itti aanu ilaalchisee ejjanon ADWUI muummichi Ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad filannicha yeroo qabameef keessatti akka gaggeefamu barbaadna akka jedhanii miti. Dabalatanis muummichi Ministeeraa ji'a tokkoon dura gaaffii fi deebii gaazexeessitoota waliin taasisan irratti “Filannoon kun ni dheerataa laata?” jedhamanii gaafatamanii, “Boordiin filannoo qophii isaa yoo xumuree nuti akka ADWUIitti qophiidha.”jedhanii turan.

Muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad filannichi akka dheeratu ni barbaadu, kanas ammoo sababoota gurguddoo sadiin dhugoomsuuf hojjechaa jiru. Tokkoffaan Kutaalee naannoo Itoophiyaa adda addatti nageenyi waarawaan akka hin jiraane taasisuu, lammaffaan karaa EZM fa'aa boordiin filannoo filannoo bara dhufuu akka dheeressu dhiibbaa taasisuu, sadaffaan ammoo filannoo taasisuuf kan dandeessisu baajanni gahaan akka hin jirre akkasababaatti fayyadamuudha.

Yeroo darbe Muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad gara Naannoo Tigiraay Magaalaa Aksum yeroo deemanitti jiraattoota Magaalichaa irraa “Filannoon bara dhufuu akka dheeratuuf fedha mootummaa keessaniiti waan ta'eef kana osoo nuuf ibsitan?” jedhamanii gaafatamanii akkas jechudhaan filannoo bara dhufuu ilaalchisee ejjannoo isaanii ifa kan godhe deebii kennaniru. “Dhimmi filannoo nu yaaddesuu hin qabu. Waggoottan digdamaa soddomaaf biyyoonni filannoo hin gaggeessine jiru.” Isinitti haa agarsiisu egaa TPLF aangoo irraa dhiibamuun walqabatee biyyattii gara dimookiraasiitti nan ceesisa jechuudhaan mootummaa jijjiiramaa jedheegegeessaa ofii isaa moggaase akkuma gara muummicha ministeeraatti dhufeen “Mootummaan Ce'umsaa osoo dhaabbatee gaarii hin ta'uu?” jedhamee irra deddeebiin gaafatamee “Inni amma jiru kun mootummaa ce'umsaati. Kaayyon keenya filannoon bilisaa fi haqa-qabeessa ta'e geggeeffamee biyyattii gara dimookiraasiitti ceesisuudha. Ce'umsi kanaa olii hin jiru.” gaggeessaan jedhe amma gahanii waadaa isaanii gatanii filannoon akka hin barbaachifne goodaa irratti lallabaa jiru. Dimookiraasii sababeeffachuun fayidaa dimookiraasii lallabaa gaggeessaan gara aangootti dhufe turtii waggaa tokkoo keessaatti barsiisa filannoon akka hin barbaachifneetti yoo ce'e, yeroo itti aanutti fedhii fi gochi isaa maal ta'uu akka danda'u tilmaamuun nama hin rakkisu.

# **Shira Oromoo addaan qoqqooduu**

## **Siyaasa Addaan Baasanii Misoomsuu**

Kutaalee biyyattii hunda keessatti adeemsa walqixummaaf haqaa irratti hundaa'eenmisoomsuun jiraattota naannoolee fayyadamaa taasisuun hojii mootummaa isaa angafaata'uun ni beekama. Baroota bulchinsa TPLF darbanitti bifa kanaan walqixummaa bu'uura godhachuun biyyattiin yeroo misoomtu hin argine. Naannoon tokko tokko Nafxanyaa jedhamuun naannoon tokko tokko ammoo ABO jedhamuun misooma murtaawaa ture irraa osoo fayyadamaa hin ta'iin hafaniiru. Ammas bara bulchinsa Dr. Abiyyi Ahimad siyaasni qoqqoodanii misoomsuu itti fufeera. Har'aas Wallagga, Harargee, Baalee, Arsiin mootummaa jijjiiramaa laphee keessan irraa hin fudhannesababa jedhuun misooma qaban irraa dhorkamanii jiru. Misoomichi Naannoo shawaa, Jimmaa fi Iluu Abbaa Boor qofatti murtaa'eera. Muummichi Mmnisteeraa Amboon Niwu yoorkii (new york) taasifna jedhanii kan dubbatan ergaa siyaasa kan of keessatti qabate ture. Naannoon mootummaa Dr. Abiyyi deeggare ni misooma, kanneen biroo ammoo hin misooman. Kanarraa kan ka'e uummata naannoolee misoomanii fi hin misoomne giddutti walshakkiin ni uumama. Wal-shakkiin kun gara jibbaatti ol-guddata. Jibbinsi ammoo walitti bu'insa dhala. Bifuma kanaan Oromoo naannoon walitti buusanii tokkummaa isaa cabuuf yaadameeti.

## **Muudamtoota gaggeessitoota ODP dugda duuba**

Waggaa tokko dura Muummichi ministeeraa Dr. Abiyyi Ahimad fi Pirezidaantiin Naannoo Oromiyaa Ob. Lammaa Magarsaa naannoolee Oromiyaa adda addaairraa kan walitti babba'an jaarsolee Biyyaa, Abbootii Siyaasaa, Aktivistootaa fi namoota biroo waliin masaraa mootummaatti "sayaasni Oromoo eessaa garamitti?" mata duree jedhu irratti mari'ataniru. Dhuma irratti Gaaffileen adda addaa hirmaattoota biraa kan ka'an yoo ta'u, gaaffiin tokko akkas kan jedhu ture:-



Dr.Abiyyinaannoolee adda addaa biroo daawwannaa gootanii maalifOromiyaadhihaa wallaggattikan argaman naannoo Beenshangul Gumuz fi daangaa naannoo Oromiyaa irraa lammilee buqqa'an hin daawwanne?

Dr.Abiyyi deebisuu itti fufe:-

“Ani umurii koo ijoolummaa yeroon waggaa 15, 16 ta'u qabsoodhaaf wallaggan ture.uummanni wallaggaa bishaan dhugamu gaafannee bishaan nuuf kennee hin beeku, kan nuuf kennan aannan ture. uummaticha baay'een jaaladha. Mootummaa naannoo Oromiyaa irra yeroon turetti Shaambuu, Naqamtee fi Gimbii deemee uummaticha mariisiseera. Achii Dambi Doolloo ammoo maaliif hafte yeroo jedhan, akkuman muummicha ministeeraa ta'een deemee dubbiseera. Amma Wallagga deemuu irratti Lammaa wajjin yeroo jaha torba walitti buuneerra. Ani ragaan qabatamaa harka koo irra waan jirufi. warra buqqa'an daawwachuuf wallagga dhufanii uummata gidduu yeroo deemanii uummata dhungatan achumatti isaan hambifna ragaa jedhu kunoo harka koo irra jira. Ani naannoo biraa deemee yoon du'e uummanni Oromoo addaan hin ba'u tokkummaa isaa jabeeffatee qabsoo isaa itti fufa malee. Wallagga irratti yoon du'e garuu Jimmaa fi Wallagga , Arsii fi Wallagga , Baalee fi Wallagga tokkoo ta'uu hin danda'u.Ani du'a sodaadhee miti waggoota baay'eef aarsaa kanfaleera ,isin yoo itti amantan amma ka'ee deemuu nan danda'a.”

kana itti yaadanii muudamtoonni humna nageenyaa Dr.Abiyyi Ahimad uummata Wallaggaa Itoophiyaa fi siyaasa Oromiyaa irraa adda baasaa jiru. Ji'a darbe muudamtoonni nageenyaa ta'e jedhanii wallagga keessatti qaamni isin ajjeesuuf qophaa'e jira jechuudhaan Dr.Abiyyii fi Obboo Lammaa uummata wallaggaa irraa adda baasuuf hojii isaan hojjetanidha. kaleessa ammoo biyyattiif yaaddoo kan ta'an gareen shororkeessaa akka waan jirutti uummanni wallaggaa Heelekooptaraan waraanaatiin akka

jeeqamu godhame. Uummata Wallaggaa uummata biroo irraa addatti wanti barbaachisu hin jiru. Uummanni Wallaggaa kan barbaadu nageenyi isaa akka kabajamuu fi siyaasa biyyattii keessatti walqixa hirmaachuu qofadha. Kanarraa kan hafe akkuma bara bulchinsoota Minilikii, Hayilasillaasee, Dargii fi Wayyaanee uummata Wallaggaa tapha siyaasaa gidduu galeessummaa keessaa baasun tasa hin danda'amu. Yeroon kana jedhu Uummanni wallaggaa hirmaannaa siyaasa kan bakka bu'uu dhaaba tokkoon qofa jechuu koo miti. Uummata achi jiruu fi dhaaba saiyaasa addaan baasanii ilaaluun barbaachisadha.

Ammaammoo Oromoo fi Oromoo walitti buusuuf jecha gaggeessitoota ODP bakka dhaloota isaanii ykn naannoo jireenya isaanii ala ramaduun shirri siyaasaa hojjetamaa jira. Fakeenyaaf kantiibaa Bulee Horaa kan turan Ob. Utukaanaa Odaa kantiibaa Bulchinsa Magaalaa Hoolotaa ta'anii muudamaniiru.

Shaashamannee irraa muudamee namni gara Qeellam Wallaggaa deeme galgaluma Dambi Doolloo seenetti itti qophaa'amee humna nageenyaa biyya keessaa mootummaatiin ajjeeffameera. Kanaanis Wallaggi Arsii ajjeese jedhamee akka odeeffamu ta'eera. achii booda odicha afarsuudhaan OromooOromoo Arsii irraa Wallaggaa Harargee kkf jechuudhaan addaan qoqooduudhaf yaalaa jiru. Gaggeessitoonni ODP dhibbaan lakkaawwaman naannoo dhaloota isaanii alatti muudamaniiru. Obboo Abbaa Duulaa Gammadaan kan socho'u bulchinsi MootummaaOromiyaa kaayyoon isaa Oromoo naannoon walitti buusee tokkummaa isaa cabsuufi.Tokkumman uummataa TPLF salphise ODPf ammoo akka sodaatti fudhatameera.

TokkummaaOromoo yoo danda'ame cabsuu yoo dadhabame ammoo dadhabsiisuuf adda dureen gaggeessaa kan jiruu fi jalee isaaf tooftaakana itti qindeessaafii kan jiru waadaa qabsoo uummataOromoo

kan nyaate Dr. Abiyyi Ahimadidha. Dr. Abiyyi Ahimad gaggeessitoota olaano ODP keessa jiran naannoon addaan qoodanii walitti buusuuf yaadanii gaggeessitoota bakki dhaloota isaanii wallagga ta'e waliin yoo deeman "Goobantoota kana hin amaniinaa." jechaa cinaan ammoo gaggeessitoota bakka dhalootaan Shawaa ta'an wajjin yommuu deeman "Goobanaan gootadha. Wallagga hin amaniinaa isaan gantootadha" jechuun gaggeessitoota dhaabichaa shawaa fi Wallagga jechuun akka isaan wal-fixan kakaasaniiru.

Muummichi Ministeeraa Dr. Abiyyi Ahimad gaggeessitoota tokko tokkoon Lammaa hinamaniinaa inni wallaggadha kanjedhaniinis hin dhabamani. kaayyoon isaanii daandii Atsee Minilikii ittiin of jajan duukaa bu'uudhaan Oromoo naannoo naannoodhaan adda qoqqoodaa walii akka hin galle gochuudhaan bituudha. Tokkummaa fi sabboonummaan Oromoo mataa dhukkubbii kan itti ta'e muummichi ministeeraa Oromoo naannoo Shawaa, Wallaggaa, Arsii, Baalee, Harargee jechuudhaan addan qoqqoodaa fi akka walii hin galle yeroo yeroodhan ajandaa walmormisiisuuumaafii aangoo isaanii dheereffachuubarbaadu. Bara bulchiinsa isaanii kanatti masaraa mootummaa kiiloo afur(4)tti kan argamu galma Miniliki akkuma haaromsan leegaasii Miniliki kanneen hafan itti fufsiisuudhaan irra deebiin Oromoo sirna mootummaasabtokkeessaan akka bitamu dandeessisuudha. Fakkeenyi biroo Oromoo naannoon qoqqoodanii walitti buusuuf jecha Obboo Birhaanuu Tsaggaayee Komishinara komishinii poolisii Oromiyaa kan turan Obboo Dachaasaa hooggansummaa irraa akka kaasan, Obboo Lammaa Magarsaa sossobuudhaan erga kaasisee ji'a tokkoon booda bakkuma isaatti deebi'ee akka muudamu taasiseera.

Dabalataan shira Oromoo naannoodhaan qoqqoodanii akka walitti bu'uu raawwataa kan jiru gageessaa olaana ODP Obboo Kasahuun Gofee dha.

Guyyootaan muraasaan dura gara Baalee deemuun yeroo uummata mariisisutti uummatatti miirri gandummaa akka itti dhaga'amuuf jecha “Obboo Lammaa Magarsaa gaggeessitoota gurmaa’anii waliin hojjechuu danda’an qindeessuu hin dandeenye. Amma nuti kana taasisaa jirra” jedheera.

### **Qoqqoodaminsa Amantaa Irratti Hundaa’e**

Bulchiisni TPLF Amantii bu’uura godhachuun uummata walitti buusuun akkasumas addaan qooduu fi tokkummaa dhabsisuun bara bittaa isaa yeroo dheeraaf itti fayyadamaa tureera. Kun faashinni isaa irraa darbeera jettanii akka hin gowwoomfamne. Yeroo ammaa uummata Oromoo qofa osoo hin ta’iin uummata Itoophiyaa hunda amantiin qoqqoodanii shira siyaasa raawwachaa jiru. Dhugaadha sirna TPLF darbe keessatti dargaggootni musilimaa baay’een mirga amantii isaanii kabachiifachuuf yeroo socho’anitti gidiraa fi hidhaaf saaxilamanii turan. Duuka buutotni amantii biroos sababa amantii isaaniitiif hidhaa fi sodaachifni akkuma saaxilaman hunda caalaa ammoo musilimaa waan ta’aniif qofa shoroorkeessaa jedhamanii sarbamni mirga namummaa isaan irra qaqqabeera. Amanticha keessaa warri jiranis mootummaa TPLFn akka qoqqoodaman taasisamanii turan. Kanneen sababa amantii isaaniitiin mana hidhaa bu’anii turan Itoophiyaanoota hiiksisuun, sana booda rakkoo majiliisa gidduu ture hiikuu keessattis gahee guddaa taphatee waan milkaa’eef muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad fi isa waliin kan turan gaggeessitootni olaano galata qabu.Beekamtiin kennuufii barbaachisa. Muummichi Ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad yeroo adda addatti gaggeessitoota amantii musiliimaa fi koree furmaata barbaadduu waliin walquunnamuun irra deddeebiin waliin marii’achaa akka turan ni yaadatama. Haata’u malee yeroo marii sanatti muummichi ministeeraa isaaniin alatti gaggeessitootni ODP hundni gaaffiin hawaasa musiliimaa akka deebi’uuf fedhii akka hin qabne marii’attootaaf hubannoo kennuu danda’eera. Kun karaa uummata ittiin walitti buusan

waan ta'eef sirrii miti. Hawaasni Musiliimaa gaggeessitoota musiliimahin taane irraa amantaa akka dhaban taasisa. Sana booda gara uummatatti gadi bu'ee uummanni naannoo jiraatutti amantiin akka walitti bu'u ni kakaasa. keessumattuu uummanni Oromoo naannoo tokko tokkotti musilimaatti baay'ata, bakka birootti ammoo kiristaanatti baay'ata waan ta'eef naannoo tokko kan biroo waliin walitti buusuuf amanti akkameeshaa hojiirra oolchaa shiraatti itti fayyadamuu danda'u. Uummata Oromoo amantiin walitti buusuun kun kaayyoon isaa tokkummaa isaa cabsuufi. Mootummaan filannoodhaan gara aangootti hin dhufne yeroo hundaa tokkummaa uummataa sodaata. Uummaanni tokkummaan isaa akka hin cabne ykn akka hin laafneef jecha dammaquudhaan amntii isaa bu'uura godhachuun wantoota walitti bu'insaaf sababaa ta'an irraa of eeguu barbaachisa.

### **Dhiibbaa Uumtota Addaan Baasanii Qabu**

Dhiibbaa uumtota addaan baasanii qabuuf jecha Artistii Hacaaluu Hundeessaa guyyaa kabajaayyaana Adawaa dursanii waraananiiiru. Artisti Hacaaluu Hundeessaa uummata Oromoo biratti beekamaa fi jaalatamaa namoota hedduu biratti kan beekamu sirba qabsoo uummata isaa biraan gahuuni. Hacaaluu goota ta'uu yeroo artistoonni baay'een biyya gadi lakkisanii biyyoota hambaa adda addaa keessa jiraatan akkasumas sirba warraaqsa dhaggeeffattan jedhamuudhaan yeroo namni hidhamu bara sodaachisaa sana keessa biyya koo keessaa hin bahu jechuudhaan akka barbaadeetti biyya keessa naanna'aa kan ture nama onnee qabeessadha. Irra darbees waltajjii adda addaa irratti kallattiidhaan geerarsa inni dhiyeessu miira hin beekne keessa akka gallu nu godheera. Ammaan booda garuu Artisti Hacaaluu Hundeessaa mootummaa akka hin mormine taasifameera. altokko faayidaadhaan, kan lammataa itti seerachuun. Mootummaan Dr. Abiyyi Ahimad namoota uummata Oromoo biratti fudhatamummaa qabu jedhamee itti amaname

faayidaa fi sodaachisuudhaan kolaasuu irratti argama. Keessumattuu tokkummaan uummata Oromoo bifa kanaan yoo itti fufa ta'e anaafis sodaadha jedhe kan yaadu muummichi ministeeraa tokkummaa uummata Oromoo tooftaandadhabsisiuu barbaada. Kanas kan godhu naannoo Shawaa ofitti dhiyeessuun Wallaggaa fi Harargee of irraa fageessuun tooftaa isa tokkodha. Warreen filaman kanneen akka Hacaalu ammoo deeggartoota mootummaa akka ta'an taasiseera. yoo didan ammoo akeekkachiisa qallootu isaan hordofa. Kabaja ayyaana Adawaa bara kanaa torbee tokko dursee karaa kantiibaa Magaalaa Finfinnee Injinar Taakkalaa Uumaa Artistii Hacaaluu Hundeessatiif qarshii callaa Miliyoona 2.8 kennameeraaf. Yeroo kabajni ayyaana Adawaa gahus akkaatuma kallattii kennameen ayyaanicha uffannaa aadaa Oromoo fi Fardeenin faayamee Birbissa Goorootti kabajeera.

Sanabooda torbee muraasaan booda Artistii Hacaaluu Hundeessaa waajjira muummicha ministeeraatti karaa Obboo Shimallis Abdiisaa bilbilli bilbilameefii muummichi ministeeraa akka isa barbaadan itti himame. Akkaatuma beellama qabameen Muummichi ministeeraa Dr. Abiyyi Ahimad fi Artistii Hacaaluu Hundeessaa masaraa mootummaa kiiloo Afuritti biiroo muummichaatti wal argan. Muummichi Ministeeras daqiiqaa kudhan caala hin haasofsiisne. Miseensotni tikaa muraasnis isaan wajjiin turan. Gabaabumatti muummichi ministeeraa Dr. Abiyyi Ahimad Artistii Hacaaluu Hundeessaan akkas jechuudhaan ajaja ergaa qalloo akeekkachiisa of keessaa qabdu dabarsaniif:- “Qabsoon xumurameera. Biyyattii bulchaa kan jiru Oromoodha kana booda sirraa kan eegnu uummata mormiidhaaf akka kakaastu osoo hin taane jijjiiramicha akka deeggartudha. Nutis fedhii faayidaa keetii siif eegna. Jaalatamus jibbamuus yoo xiqqaate waggoottan kurnan ittiaananiif biyyattii Kan bulchu anadha. kana irraan gora yoo jette daqiiqaa kudhan siif hin obsinu.” jedheen.

## **Gootota Naannoon Adda Baasanii Ajaa'ibsiifachuu**

Hooggansatti dhufuu muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad hordofee maqaan Goobanaa Daaccee ta'e jedhamee Kaadiroota tokko tokkoon yeroo dubbatamu hundi keenya taajjabneerra. Jalqaba irratti Goobanaa Daaccee goota moo miti jechuudhaan falmiin taasifame. Itti aansuun gara kallattii dhimma barbaadameefii seene. Golgaa Oromoo naannoodhaan qoqqooduu dandeessisu keessa.

Siidaa yaadannoo Jeneraal Taaddasaa Birruu dhaabuun siyaasadha. Siidaa yaadannoo Jeneraal Taaddasaa Birruu magaalaa Salaalee Fiichetti ijaaruu duuba shiraOromoo addaan qooduu akka agarsiistuutti fudhachuun ni danda'ama. Jeneraal Taaddasaa Birruu qabsoo Oromoon geggeessaa ture keessatti nama bakka guddaa qabu qabsaa'aa fi gootadha. Jeneraal Taaddasaa Birruu akkuma Jeneraal Waaqoo Guutuu, Dr.Hayilee Fidaa fi kkf guutummaa uummataOromoo hundaaf qabsoo bara baraan hin irraanfatanne waan taasisaniif laphee uummata Oromoo keessa jiraatu.

Taaddee Birruu cunqursaa uummanni Oromoo hundi jala ture irraa bilisa baasuuf sabboonaa falmaa turedha. Yakki irra qaqqabaa fi hidhamaa kan ture Oromoo waan ta'eefi. Lubbuu isaa qaalii kan dhabe Oromoo ta'uu isaatiini. Taaddeen uummata Oromoo karaa qindaa'ee fi ammayyaawaa ta'een geggeessaa kan ture handhuura Oromiyaa kan taate Finfinnee irra taa'eeti. Bakki dhaloota Jeneraal Taaddasaa Birruu shawaa Salaalee ta'ullee siidaan yaadannoo hojjetamuufii kan qabu jiddugalaa qabsoo isaa fi handhuura Oromiyaa Finfinnee irrattidha. Akkuma ilma qe'ee Abuuna Pheexiroos(Magarsaa Badhaasaa) siidaan yaadannoo maaliif Finfinnee irra hin dhaabanneef? Sana irratti Taaddasaa Birruu Niilsan Maandeellaa kan fakkaatu abbaa bilisummaa Afrikaa leenjisu isaatiin goota Oromoo,Itoophiyaa qofa osoo hin taane darbee kan Afrikaa fi abbaa oolmaa gurraachota hundaati. Ija kanaanis yoo ilaalle siidaan

Jeneraal Taaddasaa Birruu dhaabbachuu kan qabu magaalaa guddoo Afrikaa Finfinneettidha. Hayilee Fidaa fi Baaroo Tumsaa kan ajjeefaman uummata Wallaggaa qofaaf osoo hin taane uummata Oromoo hundaafi. Waaqoo Guutuu kan qabsaa'e uummata Baalee qofaaf osoo hin taane Oromoo hundaafidha.

ADP fi gartuun isaanii dhimma Finfinnee irratti sodaa qaban dabalatee siidaa yaadannoo Jeneraal Taaddasaa Birruu Salaale Fiicheetti ijaaru duuba shirri siyaasaa ODP jira. Aangoo bittaa isaanii dheereffachuuf jecha shira tokkummaa Oromoo cabsuu. Tokkummaa uummata Oromoo TPLF(ABUT) aangoo irraa arii'e ODP akka sodaatti fudhateera.



## Shira ABO Kolaasuu

ABO paartii siyaasaa tokko jechuun hin danda'amu. Maqaan ABO yeroo ka'u lapheen firaas kan diinaas ni dhaabbata. Kan isa tokkoffaa jaalalaan, kan isa biraa jibbaa fi sodaan. ABOOn aasxaa qabsoo uummata Oromooti. ABOOn dhaaba qofa miti. ABOOn afuura bilisumaati. ABOOn uummata Oromoo biratti carraa filannoo isa dhumaati malee aangoo fi mo'icha dirree lolaan kan madaalamu miti.



Waa'een ABO yoo ka'u alaabaan isaa, sirni isaa fi bulchiinsi isaa mataa mataatti dhiibbaa gaarii qabu. Alaabaa isaa yeroo argu keessi isaa kan hin naanee fi diinni hin jeeqamne hin jiru. Kanaafi tokko tokko qoricha budaa kan jedhaniif. Amma amma alaabaa ABO kana dhaabicha qofaaf dhiisuu irra eenyullee gareen mirga uummata Oromoo fi bilisummaa isaaf socho'u yeroo fayyadaman arguun baramaera. Alaabaa ABO irraa gara alaabaa mormiitti(resistance flag)tti jijjiirameera. Waan kamillee kan uummata Oromoo ilaallatu sochiin mormiis ta'e deeggarsaa yeroo jiraatu alaabaa kana fayyadamu.

Lammaffaan waraana ABOti. Waraana kana ijaarsa isaallee yoo ilaalle akkuma loltuu kamiitti gosa hojii filannoo ta'ee akka namni bakka isa ilaallatuutti walitti qabamu osoo hin taane sababa adda addaan mufii uummataa kan argee fi kan dhaggeeffate, kanas kan morme qofa osoo hin taane cunqursaa kanaa fi ukkaamsaa uummata irraa kaasuuf murteessee kaayyoon qabsoo hidhannootti tuuta makamedha. Tuuta waraanaa kana keessa barataan yuunivarsiitii fi eebbifamtootni, hojjettootni mootummaa fi oggeessotni adda addaa biroo fi hojii irratti bobba'anii dargaggoota turan,akkasumas sababa cunqursaa tureen jireenya isaanii seeraan geggeeffachuu kan hin dandeenye lammiileen biroo keessatti argamu. Waraanni ABO sirnaan kan leenji'ee fi dirqama waraanaa itti kenname dandeettii guutuu fi kutannoon bahuu kan danda'u dandeettii kan qabuu fi tuuta loltuu dammaqaa akka ta'e dhugaa bahamaafi.

Kan sadaffaa qaamni ABO geggeessaa isaati. ABOon akka paartiitti erga hundaa'ee jalqabee uummata Oromoo keessaa sadarkaa guddaan kan baratani fi beekumsa siyaasaan ana kan jedhaman geggeessaniiru.

ABOon akka paartiitti gumaachi inni Itoophiyaa keessatti gumaache halluu sirriitti mul'atuun kan barreeffamedha. Sirna mootii fi itti aansee sirna abbaa hirree Dargii buusuuf qabsoo hidhannoo godhame keessatti gahee guddaa taphateera. Keessumaayyuu ammoo erga Dargiin kufee booda waqtii ce'umsaa sana teessoo paarlaamaa osoo hin hafiin qabatee heera mootummaa baasuu fi milkaneessuu keessatti gahee olaanaa mataa isaa taphateera. Sirna federaalizimii hojii irra oole keessatti gahee isaa taphachuu irra darbee Oromiyaa kan jedhamtumootummaan naannoo boca akka qabaattuu fi lafa irrattis sararuu keessatti gaheen inni taphate olaanaadha. Afaan Oromoo afaan barumsaa fi hojii mootummaa biyyaalessaa naannoo Oromiyaa akka ta'uu fi hojii irra oolmaa isaatiifis

akkuma naannoo biroo mirga siyaasaa naannichaaf ta'uu qabu kabachiisuuf gahee olaanaa taphateera.

Yeroo adda addaatti dogoggorri ABOn akka paartiitti raawwate jiraatus qabsoo farra cunqursaa fi ofiin of bulchuu uummata Oromoo keessatti gaheen inni taphate seenaa keessatti gita hin qabu.

Sochiin ABO rakkoo baay'een kan qoramee fi jiddu galeessa qabsoo isaa kan ta'e uummata Oromoo irra rakkoon gahe akkuma salphaatti kan ilaalamu miti. Milkaa'inni ABO fi bu'aan cululuqaa isaa akkasumaan akka tasaa kan argaman miti. ABOn akka paartiitti miseensotni murteessoo fi geggeessitootni jalaa wareegamaniiru. Bara 1980 Sumaalee irratti hooggansa isaa guutumaa guutuutti du'aan akka dhabe seenaan ni yaadata. Dabalataanis obboo Leencoo Lataa akka ibsanitti “Qumaarri siyaasaa kan itti nyaatamee” fi yeroo mootummaa ce'umsaa haalumsi TPLFn irratti godhame kisaaraa siyaasaa biraa kan itti wal'aansoo qabe ture.

Kanas ta'ee alaan Eertiraa, Keeniyaa fi Sudaan Kibbaa naannoo daangaa ta'uunii fi Oromiyaa bakka adda addaa lafa qabachuun qabsoo hidhannoo mootummaa dhiphise taasisa.

Kana irraa kan ka'e ABUT olaantummaan yeroo biyyattii geggeessaa turtetti Oromiyaa keessaa maatiin maqaa ABOn jeequmsa maatii fi hidhaa, dararaa fi du'aaf hin saaxilamne barbaadanii argachuun baay'ee ulfaata. Yeroon dararaafi ukkaamsaa kun hundi akka darbuu fi keessumaayyuu qabsoo carraa uummata Oromoo ofiin of bulchuu kan hooggane ABOn biyyattii keessatti olaantummaa ABUT fi cunqursaa daangaa darbe balleessuu keessatti gahee olaanaa qabaachaa akka ture haala siyaasa biyyattii namni hordofu kamiyyuu dhugaa bahuu danda'a.

Biyyattii keessatti alaa fi keessaan qabsoo obsa fixachiisaa godhame deeggaree socho'aa kan ture ABOn injifannoon booda akkuma paartii

mormituu kamiitti ergaa waamicha mootummaa jijjiiramaa kan waliin hojjechuu fi karaa nagaan qabsaa'uu fudhatee biyyatti gale.

Uummannis simannaa ho'aa jalqaba Finfinneetti,itti aansees kutaa biyyattii adda addaatti taasiseef. Haata'u malee simannaan ABO fi godhame nagaa baay'een kan fulla'e hin turre.

Dhabinsa kajeelumma mootummaa dhaabbilee calaqqisiisan deeggaramuu fi haalli sochii ABO daangessu mumul'achuu eegale. Kana hordofees hooggantootni ABO fi mootummaa dabareen ibsa kennuu jalqaban.

Dubbichi guyyaa gara guyyaatti hammaachaa dhufe. Keessattuu hooggantootni ODP jette jettee miidiyaa hawaasummaa irratti gadhiisan madda rakkoo guddaa akka ture taajjabuun ni danda'ama.

Yeroo adda addaatti garaagarummaa isaanii furuun walii galuuf jaarsummaa taa'anii kan walii galan ta'ullee olee osoo hin buliin garuu ibsa faallaa dhimma walii galleerra jedhanii kennuun haalichi akka burjaaja'u godheera. Kan duuba garuu gaheen warra jiraachuun ABO raawwatee akka badu barbaadanii gonkumaa irraanfatumuu hin qabu. Warri kun ABO on akkuma paartii kamiittuu akka socho'u osoo hin taane raawwatee akka badu warra barbaadanii fi qabsoon uummata Oromo boqonnaa kan isaan dhoowwu akkasumas jibba uummata Oromoon warra ijji isaanii jaamedha.

Haata'u malee haalli kun mootummaafis, ABO fi jiraachuu biyyaa dabalatee balaa akka fidu kan hubatan keessaayyuu abbootii amantaa, Abbootii Gadaa, dhaabbilee paartii siyaasaa biroo, jaarsolii biyyaa fi haadha siiqqeewwan kan of keessatti qabate gareen araarsituu dhaabbatee walii galtee obsa fixachiisaa hooggantoota mootummaa fi ABO waliin godhuun “walii galtee dhumaa” irra gahuun “walii galtee Amboo” mallatteessan.

Bu'uura waliigaltee kanaatiin ABO'n waraana isaa mooraatti galchee leenjiin barbaachisu erga kennameefii booda gara poolisii Oromiyaa ykn raayyaa ittisa biyyaatti akka makamu, geggeessitootni ammoo bilisummaan biiroo isaanii banatanii bilisummaan hojii siyaasaa isaanii akka hojjetatan akka mijaa'uuf ture.

Haata'u malee gareen mootummaa nama ajjeessaa ODP walii galtee kana cabsuu kan jalqabee fi sochii ABO balleessuu kan jalqabe guyyuma waliigaltee sanatti aansee ture. Dura taa'aan waajjira paartii ganama sana raadiyoo shaggariif gaaffii fi deebii godheen hoogganaan ABO gaafuma waliigaltee sana waraana abbootii gadaatti kenneera kan jedhan tuquun boonaa waanti akkas jedhamu hin jiru ABO kan fuudhu nuyi jedhe.

Itti aansuun karaa qaamota araarsituu dhaabbataniin keessumattuu wallagga irraa bakkeewwan adda addaa fi bakkeewwan Boorana Kibbaa irraa fiduun gara leenjii kan galan akkasumas waraanni ABO dursanii Eertiraa irraa galan qabinsi gaariin godhamaafii akka hin jirre odeeffannoon bahuu jalqabe.

Kunis sodaa dabalataa uumuun haala fakkaatuun kanneen biroo lagatti hafan keessattuu obboo Kumsaa Dirribaana ykn Jaal Marroon kan hoogganaman kutaa qabsoo hidhannoo Oromiyaa Lixaa waliigalteen godhame qaama tokkoof kan loogee fi faayidaa waraana bilisummaa Oromoo kan eegsise waan hin taaneef waliigalticha akka hin fudhannee fi qabsoo hidhannoo akka itti fufu beeksise. Mootummaanis ABO haala salphaan waan balleesse itti fakkaatee gara mooraatti erga galchee bu'uura waliigalchaan socho'uu dhiisee miira injifannoo gonfateen miseensota waraanaa mooraatti galche ukkaamse. Isaan ilaalchaaf garee araarsituu socho'an salphisee deebise.

Miseensota ABO LixaOromiyaa keessa socho'an irratti miseensota raayyaa ittisa biyyaa guutuu guutuutti hidhatan bobbaase. Ajajootni waraanaa Jaal Marroo qilleensarra dabalatee ajjeesuu yaalan. Wallaggaa fi Gujii naannoo biraa irraa haala adda ta'een IZ waraanaa jala galche. Sochiin uummataa daangeffame. Duulli pirooppoogaandaa guddaan ABO irratti baname. Ajajaan waraana Gujii Kibbaa harka kenne jedhamee odeeffannoon hin qulqulloofne ifatti gad dhiifame.

## **Qophii Simannaa ABO Fashaleessuu**

Adda Bilisummaa Oromoof Finfinnee Dirree Masqalaatti sirna simannaa gochuuf guyyootaan dura dargaggootni naannoo Shaggaritti argaman sochii taasisuu jalqaban. Anis sochii qeerroo Biraayyuu fi Sulultaa irraa dhufan naannoo Paastarii fi Aaddisuu Mikaa'elitti argamee taajjabeera. Guyyaa tokko dursee deeggartoota Ginboot-7 fi simannaa ABOf qeerroowwan alaabaa fannisuu fi halluu dibuuf Biraayyuu irraa dhufan jidduutti kutaa magaalaa Gullallee mana barumsaa qophaa'inaa Madaanaalam cinaatti dirree jirutti lolli yeroo ka'u bakka sanan ture. Garee lachuu akka walitti bu'an humna nageenyaa mootummaan itti yaadamee karoorfameetu. Guyyaa itti aanus lolli itti cime. Lola baay'ee nama jibbisiisun argaa ture. Lolichi kan geggeeffame ulee fi dhagaan ture. Miseensotni poolisii federaalaas ta'e kan Finfinnee bakka sana jiraatanis lolicha dhaabsisuuf yaalii hin goone. Callisanii ilaalaa turan. Hiriiraan daandii cufanii boombii aaraa qofa darbachuun anas boombiin aaraa poolisii federaalaa na argateera. Daandiin geejjibaa Birbissa Gooroo gara Askoo nama geessuu guutummaan guutuutti guyyaa sadiif cufaa ture.

Simannaa ABO dura guyyoota muraasa dura dargaggootni Shaggar dhiibbaa tokko malee fedhii isaaniitiin alaabaa barbaadanii fi dhaadannoo qabatanii namoota deeggaranii fi dhaaba siyaasaa Ginboot-7

jedhamu yeroo simatanitti kan mormes ta'e qophii isaanii jeequuf nama dhuunfaa, garees ta'e dhaabni socho'e hin turre. Kuni immoo ta'uu kan danda'e uummatootni naannoo magaalaa Finfinnee fi naannoo sanaa kanneen deeggartoota Ginboot-7 hin taane ilaalcha dimookiraasiin garaagarummaa biroo fudhachuu waan danda'aniifi. Keessumattuu siyaasa Itoophiyaa keessatti dammaqinsaan kan hirmaatuu fi gahee guddaa qabaachaa kan ture qeerroon garaagarummaa keessatti dimookiraasii haa ijaarru yaada jedhu irratti hundaa'ee simannaan Ginboot-7 milkiin akka xumuramu gahee isaa baheera. Amma ammoo dabaree isaa bakka na bu'a kan kiyya dhaaba siyaasaa jedhu simachuuf hojii qophii duraa hojjechuuf yeroo socho'utti deeggartoota Ginboot-7 irraa kan eegeen faallaadha. Qeerroon aasxaa fi alaabaa ABO akka hin dhaabne dhorkameera. Alaabaan fannisanis buufameera, yeroo fannisanittis reebichii fi ajjeechaan irra gaheera, rasaasa poolisiin rukutameera, konkolaattotni alaabaa ABO maxxanfatanii fi fannifatanii socho'an barbadaa'aniiru, dhaabbileen maqaa Oromoo qaban kanneen akka baankotaa, mana barumsaa, fi dhaabbileen daldalaa biroo saamamaniiru, qeerroon kallattii hundaan magaalaa guddoo akka hin seenne poolisiin dhorkameera. Kun kan ta'e mootummaa biyyaalessaa naannoo Oromiyaa teessoo ABO, KFO fi OPDO magaalaa Finfinnee irratti.

Kun hundi qaama nageenyaa mootummaan kan qindaa'e kaayyoo tokkoofi. Innis OPDO/ODP irra harka dachaa hedduun deeggarsa uummataa kan qabu ABO maqaa xureessuuf jecha.

Waldhabinsi yeroo simannaa ABO ka'e hin dhaabbanne. Buraayyuutti boqonnaa biraatti darbe.

## **Buqqa'insa Buraayyuu**

Guyyaa simannaa ABO halkan isaa qaamolee nageenyaa mootummaan dargaggoota filamanii leenjii fi qarshii fudhataniiin magaalaa Buraayyuu naannoo bakka addaa Kaattaa jedhamee baay'inaan beekamuu jiraattota Gaamoo kumaan lakkaa'aman akka saamamanii fi ajjeefaman godhame. Gochichis gara hin barbaadamnetti ce'e. lammiileen qulqulluu dhibbaan lakkaa'aman lubbuu isaanii dhaban. Qaamoleen nageenyaa mootummaan gochicha dhaabsisuu didan. Kan du'e du'ee kan miidhames miidhamee dhalattoonni saba Gaamoos qe'ee isaanii gad dhiisanii gara Finfinneetti godaanan. Hundumaa jechuun bifa danda'amuun namootni dhuunfaa fi miidiyaan hawaasummaa gocha yakkichaa qeerroo fi ABO irratti maxxansan. Mootummaanis kana waan barbaadeef fiixa baheef.

Finfinnee fi Buraayyuutti walitti bu'insaa fi buqqa'insa uumame kan qindeessan Dr.Birhaanuu Nagga fi garee Abbaa Duulaa Gammadaa OPDO turan. Hirmaattotni shirichaa gurguddoo ta'anis haala mijeessituu koree simannaa Ginboot-7 obboo Birhaanuu Taakkalaa Yaared turan. Komishinarri poolisii federaalaa obboo Zeynuu Jamaal dhimmicha ilaalchisanii ibsa guyyaa tokko dura kennaniin yakkichi dhaaba siyaasaa lama keessa kan jiraniin kan qindaa'ee fi isa tokkoon akka geggeeffame nutti himaniiru. Poolisiin Finfinnee saamicha Finfinnee fi Buraayyuu,ajjeechaa,walitti bu'insaa fi yakka lammiilee qe'ee irraa buqqisuu adda dureen raawwateera jedhee kan shakke hoogganaa koree simannaa Ginboot-7 kan ture obboo Birhaanuu Taakkalaa Yaared to'annaa jala oolchee ture. Ajaja qalloo muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimadiin guyyoota muraasaan booda hiikamus.

Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti hoogganaa caasaa nageenyaa kan ta'an komishinara Salamoona Taaddasaa istuudiyoo ETV irratti dhiyaatanii ajjeechaa fi buqqa'insa Buraayyuutti raawwatameen



walqabatee namoota 364 to’annoo jala oolan keessaa qeerroon Buraayyuu tokko illee akka keessa hin jirree fi yakkittootni kun Finfinnee irraa kan dhufanii fi saba adda addaa akka ta’an ibsaniiru.

Egaa yeroo kanaa jalqabaniitu muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimadii fi Dr.Birhaanuu Naggaa wal gargaaruu kan jalqaban. Maqaa ABO xureessuutti walgargaara. Sabboonummaa Oromoo quucarsuuf walgargaaruun isaanii itti fufe.

### **Qoqqooddota ABO Biroo akka Gargaartuutti Fayyadamuu**

Tooftaan ABO ittiin kolaasan biroo qaama paartiiwwan ABO duraa turan akka gargaartuutti qabachuudha. Leencoo Lataan kan hoogganamu ODF,Jeneraal Kamaal Galchuun kan hoogganamu ONP fi Galaasaa Dilboon kan hoogganamu OLF TA akka gargaartuutti qabachuun ABO Daawwud Ibsaan hoogganamu qabxii gachisiisuun shira siyaasaa Dr.Abiyyi Ahimad isa tokko ture.

### **ABOn Galaasa Dilboon hoogganamu biyya Galuu Hordofee**

Muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad akkuma gara aangootti dhufaniin paartiiwwan siyaasaa mormituu biyya alaa jiran biyyatti galanii haala siyaasaa mijaa’e keessatti qabsoo karaa nagaa akka geggeessan waamicha dhiyeessaniin paartiiwwan hedduu waamichicha fudhatanii biyyatti deebi’aniiru. Kanumaan dhaabbileen siyaasaa maqaa uummata Oromoon hundaa’an biyya galanii sochii kan jalqaban yoo ta’u isaan kana keessaas obboo Leencoo Lataan kan hoogganamu Adda Dimookiraatawaa Oromoo, obboo Daawwud Ibsaan kan hoogganamu ABO, obboo Hayiluu Gonfaan kan hoogganamu ABO fi Jeneraal Kamaal Galchuun kan hoogganamu paartii Biyyaalessaa Oromoo fa’aadha. Kanneen caqafamanirratti dabalataan osoo biyyatti hin galiin kan ture ABO obboo Galaasaa Dilboon hoogganamudha.

ABO – Qaama Ce’umsaa (OLF-Transitional Authority) jedhamuun kan beekamu dhaabni siyaasaa geggeessitoota 22 qabatee waamicha mootummaa irraa isaaniif dhiyaate fudhatanii qabsoo karaa nagaa gochuuf Mudde 20,2011 Finfinnee galan. Obboo Galaasaa Dilboon kan hoogganamu ABO qaama ce’umsaan gara biyyaatti yeroo galu karaa abbootii taayitaa mootummaa olaano fi deeggartoota isaaniin simannaan ho’aan kan godhameef yoo ta’u dabalataanis jiddu gala aadaa Oromootti qophiin simannaa godhameefiira. ABO qaama ce’umsaan bu’uura murtee koree jiddu galeessaa isaan biyyatti galee karaa nagaa qabsaa’uuf kan murteesse Onkoloolessa 20,2011 Jarman Barlinitti mootummaa waliin marii’atanii waliigaltee irra gahuu isaaniitiini.

Wagtii mootummaa ce’umsaa sana geggeessitoota bakka buutota ABO kan of keessatti qabate bakka buutota ABO yeroo sanaa kan ABO – qaama ce’umsaa kan turan oboo Galaasaa Dilboo, obboo Ibsaa Guutamaa, fi qabsaa’ota durii biroo qabatee gara biyyaa galeera. Isaan miseensota hooggantoota ABO qabsaa’ota durii biyyatti deebi’an kana keessaa tokko kan ta’e obboo Ibsaa Guutamaa bara 1970moota sochii barattootaa keessatti gahee guddaaa kan qabu yoo ta’u hanga ammaatti namoota baayyee biratti walaloo beekamtuu fi jaalatamtuu “Itoophiyaan eenyu?” jettu kan barreesse qabsaa’aa biyya isaa jaalatudha. Wagtii mootummaa ce’umsaa obboo Ibsaa Guutamaa hanga bara 1986 hidhamutti ministira ministeera barnootaa ta’ee tajaajileera. Ministeera barnootaa ministirummaan hanga hoogganetti manneen barumsaa sadarkaa tokkoffaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman gosa barnoota idilee hundaa Afaan Oromoon akka kennamuu fi manneen barumsaa sadarkaa lammaffaa ammoo Afaan Oromoo akka gosa barnootaa tokkootti akka kennu gochuun namoota hedduu biratti “Abbaa Qubee” jedhamee beekama. Kutaan ABO obboo Galaasaa Dilboon hoogganamu kun biyya galuun faayidaa siyaasaa hedduu akka qabu muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimadiin itti amanameetu.

ABOQaama Ce'umsaa mootummaan akka biyya galu irra deddeebiin kan gaafataa ture mootummaan Dr.Abiyyi Ahimad faayidaa siyaasaa hordofanii dhufan yaaduudhaani. Kana keessaas tokko ABO kolaasuudha. Yeroo mootummaa ce'umsaa kan ture ABOn sirrii kan obboo Galaasaa Dilboon hoogganamu jechuun deeggartoota ABO burjaajessuun deeggarsa isaanii qoqqooduudha.

Faayidaan biraa ammoo :- ABOn obboo Galaasaa Dilboon hoogganamu kun jijjiirama mootummaa Dr.Abiyyi Ahimad fa'aa ejjennoo deeggaruu akka qaban ibsuun, ABOn Daawwud Ibsaan hoogganamu diina waliin walta'uun naannoo Oromiyaa bakkeewwan hedduu keessa naanna'u jechuun uummata biraa fudhatamaa fi amantaa akka dhabanii fi akka dadhaban gochuufidha.

Kanaanis naannichatti bakkeewwan adda addaatti irra deddeebiin walitti bu'insa mul'atu, du'aatii qulqullootaa, buqqa'insa lammiilee, fi rakkoolee biroo kan raawwatu ABO obboo Daawwud Ibsaan hoogganamu akka ta'e uummata biratti hubannoo uumuu. Dhuma irrattis waqtii mootummaa ce'umsaa boordii filannoo biyyaalessaatti galmaa'ee kan ture ABOn beekamu maqaa obboo Galaasaa Dilboon ta'uu isaatiin akka haaraatti hin galmeessinu, waqtii mootummaa ce'umsaa dhaabotni ABO qoqqoodaman galmaa'anii jiran dirqamanii akka galmaa'an dirqisiisuu fi hin galmooofnu yoo jedhan boordii filannoo ala akka ta'an kan yaadame ture. Haata'u malee akka mootummaan Dr.Abiyyi Ahimad yaade ABOn obboo Galaasaa Dilboon hanga yaadame deeggarsa uummata Oromoo osoo hin argatiin hafe. Uummata ABO meeshaa waraanaa qabu deeggaruu itti fufe. Boordii filannoorraas beekamtiin kennameef.

## Saamicha Baankiiwwanii

Maqaa ABO xureessuuf jecha humnootni nageenyaa mootummaa namoota filuudhaanii fi meeshaa waraanaa hidhachiisuun zooniiwwan Wallaggaa iddoo adda addaatti baankiiwwan mootummaa fi dhuunfaa akka saamaman taasifimeera. Haaluma kanaan zoonii Qeellam Wallaggaa magaalaa jaha(6) keessa baankiiwwan saamaman lakkoofsaan 18 dha. Isaanis Mancaadhaa(Baankii Daldalaa Itoophiyaa,Baankii Gamtaa Oromiyaa fi Liqii fi Qusannaa Oromiyaa S.C); Machaaraadhaa(Baankii Daldalaa Itoophiyaa,Baankii Gamtaa Oromiyaa, Liqii fi Qusannaa Oromiyaa); Qabbeedhaa(Baankii Daldalaa Itoophiyaa); Gabaa Roobiidhaa(Baankii Gamtaa Oromiyaa); Innaargoodhaa(Baankii Daldalaa Itoophiyaa fi Baankii Gamtaa Oromiyaa); Gullisoodhaa(Baankii Daldalaa Itoophiyaa,Baankii Gamtaa Oromiyaa,Baankii Awaashii fi Liqii fi Qusannaa Oromiyaa S.C ); Naqamteedhaa(Baankii Daldalaa Itoophiyaa Damee Leeqaa); Shaambuudhaa(Baankii Daldalaa Itoophiyaa) fi kanneen birooti.



Yeroo muraasa dura LTV waliin gaaffi fi deebii kan taasisan hoogganaan dhimma bulchiinsaa fi nageenyaa mootummaa naannoo Oromiyaa Jeneraal Kamaal Galmuu ifaan ifatti Oromiyaa dhihaatti

baankiiwwan kan saamsisaa turan qaamolee nageenyaa mootummaa akka ta'an dubbateera.

## **Abbootii Qabeenyaa Saamuu fi Ajjeesuu**

Oromiyaa Lixaa naannoo Najjootti konkolaataa dhalattoota iddoo sanaa fi inveestaroota biyya alaa qabate hundi isaanii fanjii ABOOn hidheen dhuman kan jedhu seenaan naasisaa tamsa'ee ture. Haata'uutii dubbiin sirrii haalichi raawwatamuu malee ABOOn raawwachuu milkaneessuun hin danda'amne. Dhimma kana akka qulqulleessu gareen humna farra shororkeessaa poolisii federaalaa gabaasni dhiyeesse “Gosa fanjii kanaa mootummaan ala gonkumaa ABOOn hidhachuu hin danda'u.” gabaasa jedhu dhiyeessuu ragaan qabatamaa jira.

Dhugummaan ragaalee armaan olitti tarreeffamanii har'as akkuma kaleessaa ABO balleessuu fi qabsoo walqixxummaa uummanni oromoo geggeessu kolaasuuf shirri godhamaa ture jabaatee itti fufuudha. Haala kana keessatti ammas bu'aauummata oromoo irraa darbanii fudhachuun itti fufeera. Haala addaa ta'een ammoo bara ABUT ifaan ifaatti qabsoo farra cunqursaa geggeessanii lubbuu baay'ee kan wareegan uummanni Wallaggaa amma caalaatti saaxilamoo ta'aniiru.

## **Hooggantoota Beenishaangul Gumuz Ajjeesuu**

Boora'insi nageenyaa naannoo oromiyaa bakkeewwan adda addaatti itti fufuu isaatiin oromoonni 190,000 ta'an naannoo Beenishaangul Gumuz irraa buqqa'uu isaanii hordofee guyyoota muraasa booda muummichi ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimadii fi pirezidaantii naannoo oromiyaa obboo Lammaa Magarsaa jaarsolee biyyaa oromiyaa iddoo adda addaa irraa walitti babba'an, abbootii siyaasaa, aktivistootaa fi namoota dhuunfaa biroo wajjin masaraa mootummaatti “Siyaasni oromoo eessaa garamitti?” mata duree jedhuun marii'ataniiru. Dhuma irratti hirmaattota

irraa gaaffileen kan dhiyaatan yoo ta’u, gaaffiin tokko akkas kan jedhu ture:- Dr.Abiyyi naannolee biroo bakka hedduu daawwataa maaliif oromiyaa lixaa lammiilee naannoo Beenishaangul Gumuzii fi naannoo oromiyaa ida’atee buqqa’anii wallagga jiran hin daawwanne?

Dr.Abiyyi deebisuu itti fufe:-

“Ani umurii koo ijoolummaa waggaa 15, 16tti qabsoodhaaf wallaggan ture. uummanni wallaggaa bishaan dhugamu gaafannee bishaan nuuf kennee hin beeku, kan nuuf kennan aannan ture. uummaticha baay’een jaaladha. Mootummaa naannoo Oromiyaa irra yeroon turetti Shaambu, Naqamtee fi Gimbii deemee uummaticha mariisiseera. Achii Dambi Doolloo ammoo maaliif hafte yeroo jedhan, akkuman muummicha ministeeraa ta’een deemee dubbiseera. Amma Wallagga deemuu irratti Lammaa wajjin yeroo jaha torba walitti buuneerra. Ani ragaan qabatamaa harka koo irra waan jirufi. warra buqqa’an daawwachuuf wallagga dhufanii uummata gidduu yeroo deemanii uummata dhungatan achumatti isaan hambifna ragaa jedhu kunoo harka koo irra jira. Ani naannoo biraa deemee yoon du’e uummanni Oromoo addaan hin ba’u tokkummaa isaa jabeeffatee qabsoo isaa itti fufa malee. Wallagga irratti yoon du’e garuu Jimmaa fi Wallagga , Arsii fi Wallagga , Baalee fi Wallagga tokkoo ta’uu hin danda’u. Ani du’a sodaadhee miti waggoota baay’eef aarsaa kanfaleera ,isin yoo itti amantan amma ka’ee deemuu nan danda’a.”

## **Qaamolee Hidhatan**

Waraana ABO ala maqaa isaatiin gareen hidhate biraa jira. Maqaa ABO gurraachessuuf jecha miseensota poolisii federaalaa fi raayyaa ittisaa filanii achii booda waraana ABO akka ta'an fakkeessanii oromiyaa dhihaa, Gujii fi naannoo Kamisee qubachiisuun qulqulloota gareen ajjeesan jiru.

### **Ummattootni Oromoo fi Tigiraay Waliigaluu Qabu**

Ummattootni Oromoo fi Tigiraay aadaa isaaniitiinis ta'e eenyummaa isaaniitiin saba walqixxummaa eenyummaa ilma namaa, kabaja, aadaa fi afaaniitti amananidha. Kanumaaf ilaalchi siyaasaa isaanii walfakkaate. Sababni isaas bu'uurri hawaasummaa saboota lachanuu walqixxummaa irraa waan maddeefi. Ilaalchi siyaasaa ammoo kan maddu duudhaa hawaasummaa sabootaa irraati. Warren duudhaa hawaasummaa isaaniitiin walqixummaatti amanuun walfakkaataa ta'an kunniin karaa siyaasa hordofaniin siyaasa Itoophiyaa keessatti waliin seenaa ashaaraa guddaa kaa'aniiru.

Ummattootni oromoo fi Tigiraay waggoottan kurnan sadan dura cunqursaa sabaa biyya keenya Itoophiyaa keessa ture mormuudhaan waggoota hedduuf kan ture qabsoo kaayyoo walfakkaatu qabu saboota gochaa turanidha.

Ummattootni oromoo fi Tigiraay sababa afaaniitiin barootaaf cunqurfamaniiru. Sabootni lachanuu Afaan mataa isaaniitiin akka fayyadaman hin heeyyamamuuf ture. Sabootni lachanuu dirqamanii Afaan isaanii dhiisuun Afaan Amaariffaan akka barataniin fi itti fayyadaman godhamaniiru. Carraa walqixa fayyadamummaa diinagdee akka hin arganne cunqurfamaa jiraataniiru.

Baroota qabsoo isaanis oromoo fi Tagaaruun lachanuu ijoollee isaanii qaqqaalii lakkaa'uuf nama dhibu wareeganiiru. Dhalootni tokko jalaa dhumeera jechuun ni danda'ama. Waggoottan afurtama dura oromoonni ABO ijaaruun Tagaaronni ammoo ABUT dhaabuun uummottoota isaanii cunqursaa sabaa jalaa bilisa baasuuf jecha qabsoo jaarraa walakkaa lakkoofsise taasisaniiru.

Lachanuu waliigalanii qabsoo finiinsuun mootummaa abbaa hirree Dargii sabootni buusan hawaasummaa, diinagdee sabootaa fi walqixummaa siyaasaa heera milkaneessu baasuun milkaneessanii hojii irra oolchuun sabootaa fi sablammoota Itoophiyaa cunqursaa fi hudhaa jala turan walqixummaa bifa hedduu qabu gonfachiisaniiru.

Kanaanis walqixummaa saboota bu'uura godhateen ijarsa heeraa fi federaalizimii sabootaa waggoottan 27 darban biyyattii fi lammiileen ittiin bulaniiru. Baroota darban kana uummanni oromoo abbootiin taayitaa ABUT seera jallisuu fi darbuun gochaa kan turan dhiittaa mirga namummaa fi dimookiraasii akkasumas walqixummaa fayyadamummaa diinagdee ta'uuf jecha qabsoo hidhannoo fi karaa nagaa dheeraa ta'e gochaa turuun dhugaa hin haalamnedha. Haata'u malee uummanni oromoo bara ABUT irratti qabsoo godhaa ture heerri mootummaa akka jijjiiramu ykn sirni federaalizimii akka jigu gonkumaa gaafatee hin beeku. Sababni isaas heerri mootummaa walqixummaa sabootaa jiddu galeessa godhatee waan barreeffameefi.

Ummattootni oromoo fi Tigiraay lachanuu heera mootummaa ni kabaju. Waliigalanii baasan. Garee biraarraa heera mootummaa kan hin kabajnee fi sababa uumaa heerichi akka jijjiiramu warren barbaadan akka jiran ni beekama. Dhugaa isaa yoo dubbanne gareen kun warren walqixummaa sabootaatti hin amannedha. Heera mootummaa jigsuun akka baroota durii saboota lachuu irratti mootummaa sabtokkeessaa fe'uun warren cunqursuu barbaadan piro-Minilikaanota(pro-Miniliki)



dha. Humnootni kun ammas abdiin guutamanii burraaqaa jiru. Maal argatanii yoo jettan? Deebiin isaa akkasi. Fedhii heera fooyyessuu isaanii kan deeggaruu fi kanas gochuuf walitti dhiyaatanii isaan wajjin hojjetaa kan jiru muummicha ministeeraa ta'ee biyya bulchaa jira. Kun Ummattootni oromoo fi Tigiraay lachuu mariif kan hin dhiyeessine lola isaan irratti banamedha. Kun shira Ummata oromoo fi Tigiraay gad qabanii bulchuuf godhamudha. Heera mootummaa fooyyessuun ykn jijjiiruun sirna federaalizimii jigsuun dhimma hundeeffama sirna sabtokkeessaa irratti saboota lachanu finxaaleessota jechuun kan waaman Daaqonii Daani'eel Kibiraat, Dr. Wandiwasanii fi Dr. Daanyaachoo Asaffaa fa'aa muummicha ministeeraa gorsuudhaan qabamaniiru.

Ummattootni oromoo fi Tigiraay seenaa badaa wayii waliin hin qabne balaa isaanitti dhufe kana hubachuun tokkummaan dhaabbatanii qabsoo cimaa gochuun lammaffaa gad qabee isaan bulchuu fi cunqursuuf mootii ariifataa jiru kana mo'achuu qabu.

## **Waraansa Fuula Ifaa Deeggarame**

Fuulli ifaa nama laphee qajeelaa gowwoomsa. Nama qajeelaa yoo taate nama fuula ifaan si simate ni kabajja. Darbees ni jaalatta. Nama fuula ifaa sitti agarsiise hamaa ykn dabaa hin jettuun. Biyya keenyatti “Afaan gaariin afaa gaarii caala” mammaksi abbootni jedhan jira.

Dr. Abiyyi Ahimad dadhabbina uummataa kan bulchiinsa isaanii keessatti itti fayyadamaa jiru. Yeroo uummata mariisisan hunda fuula ifaan deeggaramanii haasaa taasisuun dhuma irratti harka rukuchiisanii deemu. Haala dhaggeeffattootaatiin fakkeessuu itti beeku. Marii fuula ifaan guutameen booda gaaffiin hirmaattotni kaasan yeroo deebi'u hin argamu.

Yeroo dhiyoo as ammoo hidhaa fi ukkaamsaa jabaateera. Keessumaa naannoo oromiyaa iddoowwan adda addaatti namoonni hedduu marii fuula ifaan muummicha ministeeraa waliin erga godhanii booda uukkamsamanii gara mana hidhaa fudhatamaa jiru. Kitaabota Afaan oromoon barreeffaman maxxansanii eebbisiisuun akka yakkaatti lakkaa'amuun guddina Afaan saba isaaniitiif gahee isaanii bahachuuf yaadanii eebba isaaf firaa fi hiyoota isaanii waamanii faayamanii galmatti argamanii barreessitootni dargaggoo humnoota nageenyaa mootummaan uukkaamsamanii hidhaa yeroo bu'an irra deddeebiin argaa jirra. Magaalaa Naqamteetti sirna eebba kitaabaa irratti yeroo lama kan ta'e kaasuun ni danda'ama. Magaalota akka Shaashamannee,Ciroo,Galamsoo,Gimbii,Dambi Doolloo, fi iddoowwan birootti namootni sirna simannaa ABO qindeessan hunduu amma mana hidhaatti darbatamaniiru.Namootni miseensa ykn deeggaraa ABO jedhaman hunduu bakka jiraatanii funaanamanii hidhamaniiru. Maaltu isin dhamaase maqaa ABO wajjin kan walqabe ukkaamsaan qofti namoota kuma lamatti siqan Gujii,Arsii,Harargee fi zoonii Wallaggaa biyyattiirraa sababa gahaa fi waamicha poolisii malee humnoota nageenyaa mootummaan fuudhamanii akka hidhaman taasisamaniiru. Abbootii Gadaa dabalatee jaarsoliin biyyaa bakka bakkaa muudamtoota caasaa nageenyaa mootummaan sodaachisnii fi itti fokkirsi irra gaheera. Ukkaamsaan argaa jirru baraa ABUT illee godhamee kan hin beeknedha. Dargiin dirree irratti adda dargaggootaa Kilaashkooviisiin kan jedhu,ABUT ammo mirga keeti jedhee gochuu kan hin qabne sitti himee hin godhiin kan jedhe yoo taasistee argamte si fuudhee ifatti dirree irratti osoo hin taane dhoksaatti si darara ykn ajjeesa ture. Bulchiinsi Dr.Abiyyi Ahimad ammoo lachanuu irraa adda. Lachanuu irraa adda kan taasisu ukkaamsuuu dhiisuun osoo hin taane tooftaa ukkaamsuutiini.



Ukkaamsaan Dr.Abiyyi Ahimad fuula ifaan kan deeggaramedha. Yeroo mormitu uummata fuulduratti si ajaa'ibsiifata. Si jaja. Ifatti mormuu kees akka faara tolummaa isaatiin argatteetti oftuula. Achii boodas dhimmicha wayittuu waan hin lakkoofne sitti fakkaata. Si irraanfachiisa,garuu gad sin lakkisu.Haaloo sitti qabata. Itti aansees akka nama dhiibbaa uumuu fi mormii kaasisuu dandeessu yoo taate ofii isaa bakka jirutti si waamsisee si akeekkachiisa. Kolfaa dhimma yakka siif qopheessee fuula ifaa sobaa deeggaramee sitti hima. Siyaasa Itoophiyaa keessatti dhiibbaa uumuu isaatiin kan beekkamuu fi waqtii qabsoos qabsoo qeerroo hoogganuun duula ABUT balleessuu keessatti qooda leencaa kan fudhatu xiinxalaa siyaasaa fi aktivisti Jawaar Mohaammad ji'aan dura akeekkachiisa fuula ifaa muummicha ministeeraa kanaaf saaxilameera. Koloneelli duraa muummichi ministeeraa ammaa Dr.Abiyyi Ahimad Jawaar Mohaammad uummanni oromoo hundi akka ija isaatti ilaalu biiroo isaatti waamsisee,kanaan booda dargaggoota gaaffilee qabiyyee siyaasaa qaban akka gaafatan kakaasuu irraa akka of

qusatu ajaja gorsa fakkaattu erga kennaniifii booda bifa haasaatiin fuula ifaan deeggaramanii “Allaammuddi irraa maallaqa fudhatteetta. Maqaa uummataan maallaqa funaanteetta.” jedhaniiniiru. Dubbiin ifaan isaa, kanan jedhe yoo hin kabajne yakka sobaa siif qopheesse kanaan himannaa sitti bana jechuu isaaniiti. Geggeessaan uummata fuulduratti garraamii of fakkeessuuf tattaafatu kun kaameeraa duuba “wallaalaa/Jazbaa” jedhamee yeroo arrabsamu kan argan amanuuf rakkatanii turan. Haata’u malee eenyummaa dhugaa dhoksanii hin danda’an. Haasaa isaanii fuula ifaa fi arraba dheeraan deeggarama kana kan hin liqimfamneef tokko tokko yeroodhaan “Afaan Dhadhaa” jechuun itti qoosuu yaalaniiru.

Namichi amala fuula ifuukana warra Veetinaamota irraa waan dhaale fakkaata. Lammiileen Veetinaam yeroo baay’ee sitti aaran fuula ifanii ilkaan isaaniin kolfa kolfu. Amala isaanii namni hin hubanne kan isaan gammachiise ykn bashannansiise itti fakkaatee gocha isaa itti fufuu danda’a. kolfi geggeessaa keenyaa Dr.Abiyyi Ahimadis kolfa warra Veetinaam akka ta’e hubachuun dirqama ta’a. Ammuma yeroon deemu fakkeessummaan hundi ifa ta’aa jiru. Abbaa irrummaan fuula ifaan deeggarama duuba jirus saaxilamaa jira.

## **Dhimmi Finfinnee Eessa Gahe?**

Waggoottan lama sadan darban maastarpilaanii Finfinnee mormuun qabsoon uummata oromoo ABUT aangoo irraa buusuun galma isaa gaheera. Yeroo qabsoo kana keessatti gaaffii siyaasaa uummata oromoo kan ture keessaa inni jalqabaa tokko gaaffii dhimma abbummaa Finfinneeti. Ammas uummanni oromoo hundi bara bittaa moototaa jaarraa tokkoon dura qe'ee isaa humnaan irraa bahee akka deemu taasifametti deebi'uu barbaada. Qe'ee ykn magaalaa isaatti dhiitamaa, akka qaana'u dhiitamaa, buqqifamaa akkasumas eenyummaa fi aadaan isaa irraa fudhatamaa uummanni oromoo waggoottan dhibbaa ol jiraate bara kana hunda kan qabsaa'e qe'ee irraa fudhatame ykn Finfinnee deebisee kan isaa godhachuufi. Deebisee kan mataa isaa godhachuuf jecha uummattoota kanneen biroo oromoo hin taane dhiibee qofaa isaa itti jiraachuuf akka hin taane jala muramee beekamuu qaba. Kana daldaltootni siyaasaa itti gaafatamummaan itti hir'atu fi abbootiin shiraa uummata oromoo uummattoota biroo waliin walitti buusuun diinni akka itti baay'atuuf daba ofii isaaniitii uumanidha. Qaamni siyaasaa oromoo tokkos kana jedhee hin beeku. Jedhus uummata oromoo biraa fudhatama hin argatu. Sirumayyuu mormiitu isa muudata malee. Sababni isaas aadaa fi duudhaan uummata oromoo kan irratti hundeeffame haammachuu irratti waan ta'eefi. Uummanni oromoo uummata biroo haammataa ta'uu isaatiin naannoo oromiyaa keessa uummattoota biroo jiraatan guyyaa tokkollee ija badaa ilaalee hin beeku. Maarree egaa jiraattotni hedduu oromoo hin taane kan keessa jiraatan Jimma, Adaamaa, ykn Shaashamannee irratti kan hin jenne akkamitti Finfinnee irra gahee uummattoota biroo dhiibuuf jecha qabsoo jaarraa walakkaa fudhate taasisa?

Uummanni oromoo kan qabsaa'eef magaalaa handhuura koo jedhee waamu waggoottan dhibba keessatti kan dhabe

eenyummaa,aadaa,Afaanii fi qabeenya isaa deebifatee kanneen biroo osoo hin dhiibiin jiraachuuf jecha.

Firii qabsoo uummata oromoo kan ta'e heera mootummaa federaalaa keeyyatni 49 "fedhiin faayidaa Naannoon oromiyaa dhiyeessa tajaajilaa ykn itti fayyadamummaa qabeenya uumamaa fi dhimmoota kana fakkaatan ilaalchisee akkasumas Finfinneen jiddugaleessa naannoo oromiyaatti kan argamtu ta'uu isheetiin wantoota dhimmoota bulchiinsaa Finfinnee fi naannoo oromiyaa walitti hidhan ilaalchisee garaagarummaa naannoo irraa ka'u ni kabajamaaf. Tokkoon tokkoon isaa seeraan kan murtaa'u ta'a. " jechuun dhimmi mirgaa taa'e hojii irra akka ooluuf baroota darban uummanni mormii yeroo geggeessu gaafachaa turuun isaa ni yaadatama.... Jechuun kan kaa'e Abiyyi dhimma gaaffii abbaa biyyummaa uummata oromoo xiqqeessee murtee deebisedha.

Finfinneen qaama naannoo oromiyaa ta'uu Atsee Minilk dursa sana boodas seenaawwan turan magaalittiin qe'ee gosoota oromoo akka taate seenessu. Kan biraa teessumni lafa magaalaa Finfinnee fi argamni ishee naannoo oromiyaa ala kan eenyuullee akka taatu hin heeyyamu. Finfinneen amma ammoo teessoo mootummaa biyyaalessaa naannoo oromiyaa taatee tajaajilaa jirti. Finfinneen qabeenya uummata oromoo ta'uu ishee ragaan kanaa ol agarsiisu hin jiru. Dhimmichi Finfinneen kan eenyuti kan jedhu miti. Irra caala uummtaa fi mootummaa jidduutti walfalmisiisaa kan ture uummanni oromoo Finfinnee ilaalchisee gaaffii mirgaa heeraa fi gaaffiin haamileee yoom deebii argatu kan jedhudha.

Dr.Abiyyi Ahimad erga gara muummicha ministeeraatti dhufanii booda mormii Koyyee Faccee wajjin walqabatee gaaffiin daangaa Finfinnee fi naannoo oromiyaa dho'uu isaatiin koree qoratu dhaabuu isaanii miidiyaaf ibsanii turanillee amma korichi maal irra akka jiru hin bekamu. Durumayyuu uummata callisiisuuf tooftaa gowwaa qophaa'e

malee muummichi ministeeraa dhimmi daangaa Finfinnee fi naannoo oromiyaa furmaata akka argatu fedhii isaanii miti.

Dhimma Finfinnee ilaalchisee ejjennoon Dr.Abiyyi Ahimad kan ABUT irra caalaa waan abdii nama kutachiisudha. ABUT hin taaneef malee maqaa maastarpilaaniitiin magaalota naannoo Finfinnee jiran walitti makuun naannoo oromiyaa irraa kutuun mootummaa of danda'een bulchuuf turte. Ejjennoon Dr.Abiyyi Ahimad ammoo Finfinnee deebisee qaama oromiyaa gochuun haa hafuutii sirumayyuu fedhii fi karaan itti deemaa jiran heera mootummaa jijjiiruun sirna federaalizimii jigsuun naannoo oromiyaa jedhamtu bittimsanii oromiyaan lafaa fi bulchiinsa saboota hundaa akka taatu gochuudha. Gaaffii abbummaa Finfinnee ilaalchisee filannoon uummata oromoo lamadha. Tokkoffaan mootummaa Dr.Abiyyi Ahimad wajjin ta'ee Finfinneen haa hafuutii magaalota birooyyuu bulchiinsa uummattoota biroo jalatti hanga kufanitti eeguu. Filannoon lammaffaa ammoo xurree qabsoo gara fuulduraa baafachuun tokkummaan qabsoo uummataa barame itti fufsiisuudha.

## **Qabsoon Uummata Oromoo Fi Itoophiyaa Itti Aanu Maal Ta'uu Qaba?**

Har'a har'a biyyi keenya haala yaadnessaa keessa taatee daandii lakkuu irra dhaabbatee sababni argamtuuf tokkoo fi inni hangafaa akka mootummmaatti biyya bulchaa kan jiru ADWUIIn dadhabuu isaatiini. Dhaabbileen siyaasaa mormituu biyya keessa turanis ta'e alaa dhufan harka micciiruunii fi ofuma isaaniitii walii galuu dhabuun ummaanni isaanitti amanuun haa hafuutii ofumaayyuu of danda'anii dhaabbachuu dadhabaniiru. Dhaabbileen gargaartuu ADWUI arfanuu walii galuu hin dandeenye. ABUT, ANDM/ADP,OPDO/ODP fi SEPDM/ EPRDF maqumaaf ADWUI jedhamanii waliin waamamaa jiru malee erga adda bahanii turaniiru. ABUT mootummaa itti waamama mootummaa federaalaa hin taane dhaabee of danda'eera.ANDM/ADPn sababa garaagarummaa fedhii gareewwanii fi aangoo barbaachaaf wal fixaa jira. SEPDMn maal hojjetaa akka jiru baruuf waraabessi nyaate hin yuusuu jedheera. OPDO/ODP rakkoo guddaa keessatti kufee argama. Seenaa waggootan 28 keessatti ADWUIIn akkanatti dadhabee arginee hin beeknu. Seenaa ADWUI keessatti miseensotni isaa ifaan ifatti akkasitti yeroo wal lolanii fi abbootiin taayitaa aangoo guddaa irra jiran haala kanaan yeroo ajjeefaman argamee hin beeknu.Waggaa tokko dura paartiin jijjiirama hundeerraa geggeesseera jedhe osoo baay'ee hin turiin har'a haala kanaan salphatee argamuun dhukkubni qabate nyaqarsaa hin fayyine ta'uu milkaneessa. Biyyattiin amma kan geggeeffamaa jirtu ejjennoo ADWUI waliiniin osoo hin taane bu'uura fedhii namoota dhuunfaatiini. Herreega natti fakkaateen biyya bulchuun hin danda'amu. Biyyi poolisii waliinii adda ta'een,tarsiimoo,seeraa fi dambiin malee natti fakkaatee geggeessitootaan geggeeffamuu hin dandeessu.Haala kanaan biyyaa fi uummata geggeessuun yoo yaalame bu'aan isaa geggeessitootaafis ta'e geggeessamtootaaf balaa qaba. Karaan qabanne ADWUIfis ta'ee geggeessitootaaf balaa ta'uu dabalatee biyyas



walfichisiisuu danda'a.Diina alarraa dhufu irra waldhabdee keessoo fi anatu caalaan humna biyya jigsuu qabu. Kanaafuu isaan kunii fi kanneen biroo haalotni qabatamaa siyaasa biyya keenyaa hubachuun uummanni balaa biyyaa fi isa balleessu isa quunname irraa of eeguu darbees oolchuu qaba.Itoophiyaan bakka jireenya lammiilee Itoophiyaa hundaa ta'uu fudhannee,qilleensa hamaa raasuuf deemu,ibidda nyaachuuf qophaa'aa jiruu fi raafama waliin dhahuuf dhiyaate irraa mana jireenyaa keenya oolfachuu qabna.

Qillensi hamaa buubbisaa jiru, ibiddi qabsiifame,raafamni kallattii isaa gara keenya godhate qaqqabee bakka jireenyaa dhuunfaa keenyaa jigsee nus balleessuu dura dursinee mala maluun dhaabuu fi bara keenya dhufuuf balaaf saaxilamtuu kan hin taane bakka jireenyaa murteessaa keenya akka haaraatti yeroon itti ijaarru amma.

Biyya keenya oolchuuf akka lammii tokkootti ofitti amanamummaan yoo murteessine jalqaba heera mootummaa amma ittiin bulaa jirru fudhannee mootummaan is akka kabaju dhiibbaa irratti godhuu qabna. Mootummaan gocha haala heera mootummaa hin hordofneen godhaa jiru akka dhaabuu fi waan godhu hundaaf bu'uura heeraa hordofee raawwachuu akka qabu cimsinee itti himuu qabna. Mootummaan federaalaa haala aangoo mootummaa naannoo mulqeen jidduu seenuun pirezidaantota mootummaa naannoo bakka itti gaafatamummaa irra jiran irraa akka kaafaman godhaa jira. Mootummaa federaalaa fayyadamanii namoonni dhuunfaa walii galtee ifa hin taane mallatteessaa jiru.Heera mootummaa bu'uura godhatanii gaaffii eenyummaa fi daangaa sabootni dhiyeffatan akka heera mootummaatti deebii argachaa hin jiran. Humni nageenyaa mootummaa federaalaa gaaffii mootummaa naannoo malee lo'anii seenuun lammiilee naannoo jiraatan jeeqaa jiru. Mirgi heera mootummaa lammiileen bilisummaan biyyattii keessa naanna'anii hojjechuu fi qabeenya horachuu irraa mulqameera. Manni mare bakka

buutota uummataa fi manni maree federeeshinii mirgootni seeraa isaanii labsii fi seera ittiin bulmaata ADWUItiin jalaa fudhatameera. Mootummaan filannoo dhufu dheeressuun osoo hin filatamiin bulchuuf qophaa'aa jira. Kanaa fi kanneen kana fakkaatan mootummaan heera mootummaa haala cabseen kan raawwatee fi raawwachaa jiru hubachuun, uummanni Itoophiyaa hundi tokkummaan cabinsa seeraa fi seera ittiin bulmaataa/dambii karaa mootummaan raawwatamu irratti xiyyeeffatee mormuu qaba.

Dabalataan biyya waliinii keenyaa balaa ishee muudate jalaa oolchuuf jecha uummanni Itoophiyaa hundi walii walii isaanii amantaa fi gosaan walitti bu'uu irraa of qusachuun kutaa hawaasa bakka bu'an, garee ykn faayidaawwan siyaasaa fi gaaffiiwwan karaa ammayyaawaa ta'een dhiyeessuu fi walii walii isaaniitiis irratti marii'achuu dandeessisuun gahee hundaa ta'uu qaba.

Abbootiin siyaasaa dhaabbilee siyaasaa adda addaa keessatti hirmaatanii fi miseensotni wal tuffachuu fi siyaasa miiraa irraa of qusatanii furmaata waliinii kan itti fufinsa qabu irratti xiyyeeffachuun itti gaafatamummaa isaanii akka lammiitti dirqama isaanii fudhatanii itti gaafatamummaa isaanii bahuu qabu.

Gara qabsoo uummata oromootti yoo dhufnu, uummanni oromoo gaaffii fi kaayyoo siyaasaa ifa ta'ee qabatee falmii jaarraa walakkaa ol fudhate gochuun isaa dhugaadha. Deemsa qabsoo yeroo dheeraa fudhate kanatti qormaata baayyee darbeera. Injifannoo hedduus galmeessiseera. Uummanni oromoo deemsa qabsoo dheeraa keessatti ijoolleewwan isaa qaqqaalii lakkoofsa hedduu wareegeera. Geggeessitoota seenaan hin irraanfanne horateera. Faayidaa uummata oromoo mariif kan hin dhiyeessine baay'een darbaniiru. Lubbuun kan jiranis jiru. Qabsoon uummata oromoo dhiyeenya geggeeffame boqonnaa qabsoo biroorra karaa fooyya'aan gaaffilee uummata oromoo

hedduu ni deebisa jedhamee eegamus dhuma irratti fashalaa'eera. Muummichi ministeeraa Dr. Abiyyi Ahimad uummata oromoof waadaa galee adaraa fuudhe nyaateera. Dr. Abiyyi gaaffilee uummata oromoo deebisuuf fedhii hin qaban. Gaaffilee akka afaanii, ofiin of bulchuu, Finfinnee, lafaa, diinagdee, albuudaa fi kkf Dr. Abiyyi Ahimad deebisuu akka hin dandeenye oromoon hundi beekuun irra jiraata. Si'a tokko uummata mookseera. Dr. Abiyyi Ahimad amma faallaa uummata oromoo dhaabbatanii jiru. Namichi sirna sabtokkeessaa nurratti fe'uuf boqonnaa malee qaamota shiran waliin jiru.

Itti aansee uummanni oromoo hundi tokkummaa isaa eegee qabsoo isaa itti fufuun irra jiraata. Uummanni qabsoo isaa caasaa mootummaa keessas taa'ee alarraas taasisuu qaba. Qabsoon isaa akka hin gufanneef jecha tokkummaan uummata oromoo laafuu hin qabu. Akka kanaan duraa uummanni oromoo tokkummaan akka hin kaane shirri qoqqooduu bal'inaan irratti hojjetamaa waan jiruuf kana dammaqee eeguun fashaleessuu qaba. Sirni ni darba. Tokkummaan oromoo garuu jiraachuu isaaf wabii ta'uu hubachuun barbaachisaadha. Uummanni iddoo iddoodhaan qofaatti osoo hin taane gurmaa'uun waan gara fuulduraa irratti marii'achuu qaba. Dargaggootni abbootii siyaasaa amanan waliin marii'achuu qabu. Uummanni iddoowwan adda addaatti dhaabbilee kiraa sassaabdoota irratti qabsa'uu, keessumattuu gahee dargaggootaa ta'uu qaba. Dargaggootni carraan hojii akka uumamuuf gaafachuun mirga lammummaa isaaniiti. Kallattii qabsoo gara fuulduraa murteessuufis ta'e geeggeesitoota filachuuf ijoollota kanaan dura qabsoo hoogganaa turan wajjin marii'achuun dirqama filannoo hin qabnedha.

## **Qabsoon Uummata Oromoo Eessaa ka'ee Garam Deemaa Jira?**

Uummanni oromoo waraana Minikiin weeraramnee,biyyaa fi bilisummaa isaa erga dhabee jalqabee haa baayyatu haa xiqqaatu waggoota dhibbaa ol,haa dhiphatu haa bal'atu malee dhuunfaanis ta'e karaa gurmaa'een bilisummaa dhabee fi biyya isaa deebifachuuf qabsoo hin lakkaa'amne geggeessaa har'a gaheera. Kanaafuu qabsoon bilisumaa oromoo eessaa akka ka'ee ykn ammoo akkamitti akka jalqabe bal'inaan ibsuun barbaachisaa hin ta'u.Sadarkaa qabsoon kun irra gahee fi har'a maal irratti akka argamu firaafis ta'e diinaaf ifa waan ta'eef,waa'ee kanas gad fageenyaan ibsuun barbaachisaa miti.

Garuu gad fageenyaan ilaalamuu kan qabuu fi anis dhimma uummata koo ibsuu kanan barbaadu, qabsoon kun garam deemaa jira? Gaaffii jedhu ilaalu fi akkasumas qabsoo bilisummaa kana keessa kan turan,amma kan jiranii fi qormaata gara fuulduraatti jiraachuu danda'an bal'inaan ilaaluudha.Haa turu haa ariifatu,haa dheeratu gabaabbatu malee qabsoon kun gara xumuraa akka gahe shakkiin hin jiru. Haata'u malee gara kamitti akka deemuu fi galma isa kam akka gahu amma beekuun rakkisaadha. Maaliif yoo jedhame kaayyoo qabsoo kanaaf hiikni kennamuu fi galmi qabsoo dhumaa maal ta'uu akka qabu falmisiisaa waan ta'eefi. As irratti jechuu kanan barbaabe akka itti aanutti ibsuun yaala.

Namni dursaa kaayyoo qabsoo ture sirna wayyaanee jiru kuffisee,lola sanyii balleessuu uummata keenya irratti baname dhaabuu ture. Inni milkaa'eera. wayyaaneenis Tigiraayitti dhokatteetti. Kan oromoo ykn mootummaa jijjiiramaati kan ofiin jedhu mootummaan muummicha ministeeraa Dr.Abiyyi Ahimad gara aangootti dhufus duuti uummattoota keenyaa dhaabachuu hin dandeenye. Uummanni keenya har'as akkuma bara ABUT bilisummaa fi nageenya akka dheebotetti jira. Baay'ee

beela'eera. Kan mul'atu hundi sobadha. Kan fakkeessummaati. Siyaasa suura ka'uuti. Kan ta'e ta'ee uummanni oromoo bal'aa kan barbaaduu fi hawwu kan murteessuu fi abbaa qabsoo galmaan gahuu beekamaa uummata guddaa ta'edha. Dhaabni ykn gareen kamiyyuu kana murteessuufii hin danda'u. Gabaabumatti carraa isaa murteessuu kan qabu uummata bal'aa kana jechuudha. Humni kamillee kana murteessuufii hin danda'u. Fedhiin nama dhuunfaas ta'e hawwiin, fedhiis ta'e hawwii uummata bal'aa kanaa ta'uu hin danda'u. Dhugaan kun ifa ta'uu qaba.

Egaa galma dhumaa qabsoo ilaalchisee hanga kana ergan jedhee booda, qormaata qabsichaa ilaalchisee waan tokko tokko kaasuun yaala. Qormaatota qabsoo bilisummaa bakka saditti qoodnee ilaaluu dandeenya. Isaanis qormaatota kaleessa turan, har'as jiranii fi borus mul'achuu danda'anidha. Qormaatota kaleessa turan as irratti bal'inaan kaasuun barbaachisaa ta'uu baatus, haata'u malee kan darbe irraa barachuuf akka gargaaruuf jecha isaan kanas xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaa ta'a.

### **Qormaatota Qabsoo Bilisummaa Oromoo Kaleessawwanii**

Qabsoo bilisummaa keessatti qormaatota turan hundumaa kaasuu fi ibsa laachuun dhimma salphaa hin taanedha.

Seenaa irraa hubachuun akka danda'amutti, hundeeffama Waldaa Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa dura yeroon ture seenaa oromoo keessaatti yeroo dukkanaa akka turedha. Sababni isaas bara moototaa darban uummata oromoo irratti duula eenyummaa balleessuu guddaatu deemsifamaa ture. Kana irraa kan ka'e uummanni oromoo bakka adda addaa jiru wal arguun hafee eenyummaan waliinii isaanii baduuf boolla irra yeroo gahe

ture. Kanaafuu qormaatni guddaa yeroo sana ture eenyummaa oromoo fi uummata guddaa kana badii irraa oolchuudha.

Sababa kanaaf sabboontotni oromoo yeroo sana turan badinsa kana hubatanii furmmaata barbaaduuf jecha tooftaa adda ta'een dhaaba Maccaa fi Tuulamaa hundeessan. As irratti ifa taasisuu kanan barbaadu dhimmi tokko hundeeffama Maccaa fi Tuulamaa dura kan ture sochii Walloo fi Baalee fa'aa irraanfachuu ykn dagachuu koo miti.

Hundeeffama Maccaa fi Tuulamaa akka ka'umsaatti kanan fudhadheef qabsoon kun bifa qindaa'een yoom akka jalqabee fi kana waliin wal qabatee uummata dammaqsuun yoom akka jalqabame ibsuudhaafi.

Sana dura qormaatotni turan qormaatota kaanirraa salphaa akka hin taane namootni seenaa raga ta'u. Haata'u malee dhimmi hundeessitootni Maccaa fi Tuulamaa fi seenaa qormaatotaa geggeessitootni dabarsan kan hin irraanfatomnedha. Injifannoo qabsaa'otni yeroo sana turan galmeessantu bu'uura qabsoo har'aa fi sochii uummataa akka ibidda qabatee jiruuti.

Hundeeffama Adda Bilisummaa Oromoo(ABO) jalqabee hanga bara 1991tti ABO qormaatotni qoraa turan karaa lamaani. Kunniinis karaa tokkoon diina wajjin qawween yoo ta'u, karaa biraatiin ammoo uummattoota keenyaa irra caalatti barsiisuu fi dadammaksuu ture. Yeroo sana qabsoon ABOn geggeeffamaa ture rakkoowwan adda addaa fi qormaatota mo'achuun bara 1991 injifannoowwan gurguddaa galmeessiseera. Kana qofa

osoo hin taane injifannoo yeroo sana argametu dhaloota qubeediinaaf hin jilbeeffannee fi curqursaa baachuu didu dhalche.

Bara 1991 dura ABO keessa aydoolojii fi ilaalchi siyaasaa adda addaa turanillee,dhaabni qabsoo bilisummaa hoogganu kun tokkummaa kan qabuu fi adda cimaa ture. Akkas osoo ta'uudhaa baatee har'a injifannoo uummanni oromoo ittiin boonu kun hin argamu ture. Haata'utii har'a ABOOn hiramee humnisaas akka yeroo sanaa ta'uu baatus,kaayyoon qabatee ka'e laphee fi sammuu uummata oromoo keessa jira yoo jenne soba natti hin fakkaatu. ABOOn akka dhaabaatti yoo dadhabe iyyuu kaayyoo qabatee ka'ee fi kan hundeeffameefitu uummata oromoo biratti jaalala akka argatu godha. Kanaaf akka ilaalcha kiyyaatti geggeessitootni dhaaba kanaa dogoggora hojjetanis, dhaabichi bakka lama saditti bittinnaa'us, arrabsamuu, tuffatamuu, fi abaaramuu hin qabu.Oolmaadhaabni kun oromoof oole irraanfataamuu hin qabnu jechuu kiyya.

Hanga bara 1991tti qabsoon bilisummaa ABOOn dursamu mo'icha gurguddaa galmeessisuu qofa osoo hin taane galmi qabsoo kanaa maal ta'uu akka qabus ifa taasisee ture. Bara 1991 booda sochiin uummata oromoo hanga bara 2007 jalqabutti mooraan bilisummaa oromoo(camp) dadhabuu fi qorruu qofa osoo hin taane ofjaalatummaa,aangoof kaachuu, gantummaa, aadaa fi sirna oromoo cabsuu, wal qeequu,obsa dhabuu,ofitti amanamummaan baduu,qabsoo diina irratti godhamu hafee wal irratti waraana deemsisuu fi kkf baayyee waqtii itti mul'ate ture.

Muuxannoon badaan kun har'as yoo ta'e hin badne. Isaan kun ammoo qabsoo bilisummaa qormaataa fi gufuu ta'uu irra darbee galmaa fi kaayyoo qabsoo gaaffii keessa kan galchanidha.

### **Diinotni Qabsoo Bilisummaa Oromoo Eenyu Fa'i?**

Qabsoon bilisummaa kun diina keessaa fi alaa akka qabu eenyu duraayyuu kan dhokatu miti. Diinni alaa kanaan dura uummata oromoo bitaa kan turanii fi cunqursaa kan turan gara fuulduraattis kana godhuu fi sirna cunqursaa durii bifa biraan deebisanii saba irratti fe'uuf humnoota fedhii qabanidha. Qaamotni kun amma masaraa mootummaa galaniiru.

Kan biraa ammoo qabsoo bilisummaa kana yoo danda'ame balleessuu yoo ta'uu baate ammoo dadhabsiisuuf jedhee humnoota olitti caqafaman kan gargaaran,mootummootni alaa qabsoo bilisummaa oromoo irraa shakkii qaban keessattuu kutaa dhiyaatti warren argamanidha. Akka ilaalcha kiyyaatti diinota keessoo bakka saditti ykn gareen qoodnee ilaalu dandeenya. Isaanis :- tokkoffaa diinaa fi diinaan kan bitaman,warreen garaaf bulan, gantoota,lootee seentotaa fi basaastota halkanii fi guyyaa hojjetanidha. Lammaffaa kallattiin diina ta'uu baatanis deemsa isaaniitiin garuu ejjennoo ifaa kan hin qabne,kaayyoo ifaa fi galma kan hin qabne,kaleessa kan jedhan har'a warreen diigan,beekaniis ta'e osoo hin beekiin(yeroo baayyee garuu osoo beekanii) galmaa fi kaayyoo qabsoo bilisummaa kana karaa dogoggora ta'een ibsuuf kan yaalanii fi ammas gochaa jiran.Sadaffaa sababa kamiiniyyuu haa ta'u qabsoo kanaaf dantaa homaa kan hin qabne,pirooppogaandaa diinaan salphaatti kan mo'aman, kan itti himame fudhachuu malee ejjennoo mataa isaanii ta'e kan hin qabne, rakkoo eenyummaa kan qaban yeroo ta'u isaan kun kallattiin diina ta'uu



baatanis amma garuu ODP guutaa jiru. Isaan kun karaa al-kallattiin hojii qabsichaaf gufuu ta’u warreen hojjetanidha.

## **Qormaatota qabsoo bilisummaa oromoo har’aa**

Diinota qabsoo keessaa diinni keessoo baay’ee hamaadha. Dhimmi kun oduu durii oromoo tokko na yaadachiisa. Innis waa’ee ibiddaa kan dubbatudha. “Diina jedhanii ofirraa hin fageessan ;fira jedhanii ofitti hin dhiyeessan.” Diinotni qabsoo keessaa akka ibiddaati jechuudha. Yeroo ofitti dhiyeessan daba adda addaa fi shira hojjechuun qabsaa’ota dhugaa miidhuu yaalu. Yoo ta’uu baate halaalatti duula maqaa balleessii deemsisuun haamleen qabsaa’otaa akka tuqamu tattaafatu. Diinota jedhamanii akka hin fagaanne ammoo lammiilee keeti. Firoota. Egaa fira isaa ykn lammii lammii ganuu ol diina maaltu jira?

Seenaa uummata oromoo keessatti loltootni Minilik erga oromoo humnaan mo’anii jalqabee hanga har’aatti diinotno oromoo cimina isaaniitiin qofa osoo hin taane hanga har’aatti oromoo oromoon qabuun as gahan. Gantootaa fi ergamtootatu diinaaf karaa agarsiisee uummata keenya ficcisiisaa ture,har’as kan jiran. Diinotni keenya dhufaa darbaa gargaarsa alaan taankii fi xiyyaara lolaa haa qabaatan malee dhugumatti walta’insi diina keessoo osoo jiraachuu baatee hanga yoonaa oromoo sirna cunqursaa jala hin tursan ture.

Ammas oromoon bilisa hin baane. Humna bilisummaa oromoo kan dadhabsiisanii fi diinni alaa akka jabaatu kan godhan diinota keessooti. Tokkummaan oromoo akka hin jiraanne ykn akka dadhabu kan godhanis diinota keessooti malee cimina diinota alaa miti. Haata’uutii uraa diinotni keessoo baasaniin diinotni alaa keessa keenya seenanii tokkummaan keenya akka hin jabaanne carraa ni argatu.Kanadha qabsoo bilisummaaf gufuu fi qormaata ta’ee qabsoon galma isaa irraa akka dabu kan godhe.

Waa'ee galma ga'insa qabsoo bilisummaa oromoo kaasuun kiyya yoo hin hafnee mee kanneen biroo kaayyoo qabsoo fi ta'e galma ga'insaaf qormaata kkan ta'an tokko tokko kaasuun yaala. Baayyee kan nama gaddisiisu har'as dhaabotni oromoo tokko tokko, gareewwanii fi namootni dhuunfaa ykn aktivistootni waan godhan yoo ilaalle, isaan qabsoo bilisummaa oromoof hiikni kennan kan nama waliin dhahuu fi uummata dogoggorsu ta'ee mul'ata. Akkamitti yoo jedhame:-

Tokkoffaa :- biyyi keenya Oromiyaa humna waraanaan akka qabamtee fi har'as akkasumatti weeraramtee akka jirtu kan irraanfatan ykn ammoo osoo beekanii dhugaa lafa irra jiru dhoksuuf kan yaalan fakkaatu. Ammas oromiyaa dhihaa fi Gujiin labsii yeroo muddamaatiin bulaa jirti.

Lammaffaa:- jalqaba ykn kaayyoo qabsoo karaa dogoggora ta'een ibsuuf erga yaalanii booda hubannaa kana irra dhaabbatanii galmi qabsoo mirga abbaa biyyummaa oromoo milkaneessuuf akka hin taane gochuun dhiyeessanii, oromoon biyya Itoophiyaa jedhamtu bilisa baasuu fi biyya dimookiraatawaa taasisuuf akka falmu fakkeessuun galmii fi kaayyoon qabsoo bilisummaa oromoo kana akka ta'e godhanii dhiyeessu.

Sadaffaa:- uummanni oromoo yeroo dheeraaf gaafachaa kan ture gaaffii bu'uuraa keessumaayyuu gaaffiiwwan qeerroon oromoo kaasaa turan, qabatanii kan bahan dhaadannoowwan ragaa osoo jiruu, uummanni oromoo gaafachaa kan jiru jijjiirama poolisii(policy reform)dha jechuun kaayyoo qabsichaa baayyee gad xiqqeessanii dhiyeessuun, jijjiirama xixiqqoo yoo godhan uummanni oromoo kanaan gammadee qabsoo isaanii akka dhaaban godhanii nama amansiisuuf yeroo tattaafatan ni argamu. Kan biraa kan nama ajaa'ibu har'a caalaatti kan hidhamu ,kan dararamu, kan ajjeefamu, biyyaa kan baqatu, qabeenya kan saamamu, qe'ee fi lafa isaarraa kan buqqifamuu fi kkf oromoo irratti osoo ta'aa jiranii, hanga yeroo dhiyootti uummattootni biroo callisuu filatanii bakka turanii ykn waqtii turanitti osoo hin waamamiin, osoo hin

gaafatamiin,oromoon Itoophiyaa hundaaf du'uu qaba; aarsaa kafalee biyya kana jiraachisuu qaba jechuun namaaf jedhanii uummata keenya ficcisiisuuf uummata kakaasaa jiru. Mee hubadhaa! Oromoon hanga yoonatti aarsaa biyya kanaaf kafale osoo hanga har'aa bilisummaa isaaf kafalee jiraatee har'a abbaa biyyaa ta'uu danda'eera ture.

As irratti ifa ta'uu kan qabu dhimmootni olitti tarreeffaman yeroo ka'an akka kiyyatti oromoon Itoophiyaa irraa rakkoo ykn jibba qabaatee miti. Galmis ta'e kaayyoon qabsoo bilisummaa kanaa gara kallattii hin taaneetti akka hin deemne eeguu fi ittisuun dirqama waan ta'eefi. Kanaa achi dhiigaa fi lafee jagnoota keenyaa kufaniitti qoosuu ta'a.Dhimmi dhugaa hundaafuu ifa ta'uu qabu garuu kaayyoon jalqabaa qabsoo bilisummaa oromoo uummanni oromoo hiree murteeffannaa ofii isaa ofiin akka murteeffatu dandeessisuu qaba.

Hiree ofiin murteeffannaa kana keessatti adeemsa isaas ta'e murteessuu keessatti eenyu waliin iyyuu akkamitti akka jiraachuu qabu kan murteessu uummata oromoo bal'aa qofa. Dubbii keenya irratti mirgi hiree ofii ofiin murteeffachuu kan saboota hundaa,sablamootaa fi uummattoota ta'uu isaatiin dhimmi kun kan oromoo qofa jedhamee kan kaa'ame godhamee mul'achuus ta'e fudhatamuu hin qabu.